# XIINXALA HAALA DHIYAANNAA GILGAALOTA DANDEETTII BARREESSUU: KITAABA BARATTOOTAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 8FFAA

**MOOMINAA ABBAADURAATIIN**

**GABAASA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAANOROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE, YUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

**MUDDEE 2016**

**JIMMA**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA,**

**KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA,**

**MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

# XIINXALA HAALA DHIYAANNAA GILGAALOTA DANDEETTII BARREESSUU: KITAABA BARATTOOTAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 8$^{FFAA}$

**MOOMINAA ABBAADURAA ABBAAGAROOTIIN**

**GORSAA: TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD)**

**GORSAA AANTEE: MAHADII HUSEEN**

Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

Gabaasni Qorannoo Mata-Duree: Xiinxala Haala Dhiyaannaa Gilgaalota Dandeettii Barreessuu: Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8$^{ffaa}$ jedhu irratti dhiyaate, hojii dhuunfaa kootiifi maddeen ragaa irraa sassaabbadhe hundaa wabii keessaafi alaatti barreesseera.

| Maqaa Qorattuu | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| Moominaa Abbaaduraa | ____________ | ____________ |

Gabaasni qorannoo kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuun isaa mirkanaa'eera.

| Maqaa Gorsaa | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| Tashoomaa Balaayinaa (PhD) | __________ | _________________ |

| Maqaa Gorsaa Aantee | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| Mahadii Huseen | ____________ | ____________________ |

| Qoraa Alaa | Mallttoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| _________________________ | ____________ | ____________ |

| Qoraa Keessaa | Mallttoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| _________________________ | ____________ | _________ |

**_Axereeraa_**

*Qorannoon kun mata-duree, Xiinxala haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa jedhu irratti qophaa'e. Ka'umsi qorannichaa, kitaabni barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfame, haaraa ta'uu, waraqaan kitaabichi ittiin haguugame, qajeelcha barsiisotaa jechuufi kaayyoo barnoota boqonnaa kitaabichaa keessatti immoo, qajeelfamni barreeffama dheeraa nibarreessita jedhu ifa ta'uu dhabuurraan kan ka'e, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti dhiyaatan dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuuf akka ta'uu malutti qophaa'anii dhiyaatanii jiruu laata kan jedhu shakkii uumuusaati. Kaayyoon qorannichaa haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa xiinxaluudha. Qorannichi qorannoo makaa yemmuu ta'u, ragaaleen maddeen garagaraa irraa walitti sassaabaman xiinxalamanii mala ibsaan dhiyaatan. Maddi ragaa qorannichaa kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014, maxxanfameedha. Sakatta'a kitaabaa taasifameenis argannoon qorannichaa kan agarsiisan: gilgaalota dandeettii barreessuu qajeelfamoota 14'n kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan keessaa %64.28, kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin yemmuu walsiman, %21.42, immoo kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin osoo walinsimin dhiyaataniiru. Garuu, %14.28, kaayyoo barnootaa boqonnaa hinqaban. Gama biraan, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti dhiyaatan %85.71 qajeelfamni isaanii iftoomina kan qabu yemmuu ta'u, %14.28, immoo qajeelfamni isaani iftoomina hinqaban. Haaluma walfakkaatuun, gilgaalonni dandeettii barreessuu dandeettii dhaggeeffachuu waliin %22.58, qindaa'anii yemmuu dhiyaatan, dubbisuu waliin %45.45, qindaa'uun dhiyaatani. Akkasumas, itti fayyadama jechaa waliin %41.17, qindaa'uun yemmuu dhiyaatan, caasluga waliin %33.33 qindaa'uun dhiyaatani. Itti fufee, afoola waliin % 7.14 qindaa'uun kan dhiyaatan yemmuu ta'u, dandeettii dubbachuu waliin qindaa'ee osoo hindhiyaatin hafeera. Kan biraan, gilgaalonnii dandeettii barreessuu meeshaalee qabatamoo ta'an keessaa fakkiin deeggaramee kan dhiyaate % 7.14 yemmuu ta'u, gabateen deeggaramanii kan dhiyaatan % 14.28% dha.. Gama biraan, gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan keessaa %28.57, haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti yemmuu xiyyeeffatan, %71.42 immoo haala dhiyenyaa bu'aa irratti xiyyeeffatanii akka dhiyaatan argannoon qorannichaa ni'agarsiisa. Argannoo qorannichaarratti hundaa'uudhaan, yaadni furmaataa qorannichaa: gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hunduu osoo kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin walsimanuun dhiyaatanii, qajeelfamni gilgaalotaa dhiyaatan hunduu osoo iftoomina qabaatanii, dandeettiileen hunduu bifa qindoomina qabuun osoo dhiyaatanii, gilgaalonni barreessuu dhiyaatanu osoo wantoota qabatamoon deeggaramnii dhiyaatanii, gilgaalonnii barreessuu haala dhiyeenyaa mara bifa walmadaalchiseenn osoo dhiyeessanii gaariidha.*

## Galata

Hunda dura Rabbi sadarkaa kanaan na gaheef galanni haaga'u. Ittaansuun, gorsaa koo kan nuffii tokko malee bu'aa bahii qorannoo kanaa wixinee qorannoorraa kaasee hojiin qorannoo kanaa akka dhugoomuuf hanga xumuraatti muuxannoofi oguma bilchaataa qabanu osoo hinqusatin kan naaf kennaa turan, Tashoomaa Balaayinaatiif (PhD) galanni koo kan onneerraa maddeedha. Dabalataan, akka gorsaa aanteetti kan na deeggaraa turan barsiisaa Mahadii Huseeniif galanni koo guddaadha. Kana cinaatti, maatii koo osoo hinbaratin akkan sadarkaa kana gahuuf waan qaban hundaan na cinaa dhaabbataa turaniif galanni koo haaqaqqabu.

Gaggeessitoota Aanaa Manchoo carraa barumsaa naaf kennaniif galanni koo guddaadha. Akkasumas, hiriyaa koo kan qorannoo kana kaffaltii tokko malee kompiteraan naaf barreessiteef galanni koo daangaa hinqabu. Kan biraan, barsiisota koo yeroon barataa turetti beekumsaafi oguma bilchaataa qaban naaf qoodaa turan: Taayyee Guddataa (PhD), Alamaayyoo Faqqadaa (PhD and Assoc. Pro), Cimdii Waaqumaa (Assoc. Pro), fi isaan hafan maraaf galata guddaan qabaaf. Dhumarratti, abbaa manaa koo barsiisaa Mohammed-huseen Abbaanuuraa kan sirna tuqaaleefi qubeessuu irratti gulaallii naaf taasiseef galanni koo ol'aanaadha. Walumaagalatti, kanneen osoon maqaa isaanii hin'eeriin karaa kallattiinis ta'ee karaa alkallattiidhaan qorannoo kana keessatti gumaacha godhan maraaf galanni koo daangaa hin qabu.

## Gabaajeefi Hiika Jechootaa

- KB. - Kitaaba Barattootaa
- Haala dhiyeenyaa adeemsaa- adeemsa barreeffama ijaaruun keessa darbu (process Approach).
- Haala dhiyeenyaa bu'aa- barreeffama duraan jiru fayyadamanii barreeffama biraa barreessuu (product Approach).

**Baafata**

**Qabiyyeewwan** **Fuula**

*Axereeraa* .................................................... I

Galata .................................................... II

Gabaajeefi Hiika Jechootaa .................................................... III

BOQONNAA TOKKO: SEENSA .................................................... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa .................................................... 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa .................................................... 3

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa .................................................... 6

1.3.1. Kaayyoo Gooroo .................................................... 6

1.3.2. Kaayyoo Gooree .................................................... 6

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .................................................... 7

1.5. Daangaa Qorannichaa .................................................... 8

1.6. Hanqina Qorannichaa .................................................... 8

1.7. Qindoomina Qorannichaa .................................................... 9

1.8. Ibsa Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa .................................................... 9

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE WALFAKKII .................................................... 11

2.1. Maalummaa Dandeettii Barreessuu .................................................... 11

2.2. Maalummaa Gilgaalota Dandeettii Barreessuu .................................................... 12

2.2.1. Haala Qindaa’ina Gilgaalota Dandeettii Barreessuu .................................................... 13

2.2.2 Gosoota Gilgaalota Dandeettii Barreessuu .................................................... 14

2.3. Akaakuu Dalagaalee Dandeettii Barreessuu .................................................... 15

2.3.1. Dalagaalee BarreessuuTo’annoo Jalaa (Controlled Writing Activities) .................................................... 15

2.3.2. Dalagaalee Barreessuu Qajeelcha Jalaa (Guided Writing Activities) .................................................... 15

2.3.3. Dalagaalee Barreessuu Walabaa (Free Writing Activities) .................................................... 17

2.4. Qophii Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Kitaaba Barattootaa .................................................... 18

2.5. Kaayyoo Gilgaalota Dandeettii Barreessuu .................................................... 18

2.5.1. Meeshaalee qabatamoo .................................................... 19

2.5.2. Galumsa (context) .................................................... 20

2.5.3. Fedhii Barattootaaf Mijaawaa Ta'uu ..................................................... 20
2.5.4. Gochaalee Haala adda addaan Dhiheessuu ..................................................... 21
2.6. Madda Hanqina Gilgaalota Dandeettii Barreessuu ..................................................... 21
2.7 Haala Dhiyeenya Barreessuu ..................................................... 22
2.7.1 Haala Dhiyeenya Bu'aa Irratti Xiyyeeffate ..................................................... 22
2.7.1.1. Haala dhiheenya sirrummaa barreeffama.....................................................23
2.7.1.2 Haala dhiheenya qulqulleessanii barreessuu..................................................... 24
2.7.1.3 Haala dhiheenya keeyyata tartiibessuu.....................................................25
2.7.1.4.Haala dhiheenya barreeffama quunnamtii..................................................... .25
2.7.2. Haala Dhiyeenyaa Adeemsa Irraatti Xiyyeeffate ..................................................... 26
2.7.2.1 Odeeffannoo funaanuufi Karoorsuu..................................................... .27
2.7.2.2.Wixinee duraa qopheessuu..................................................... .....27
2.7.2.3 Wixinee fooyyessuu..................................................... ......28
2.8. Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnoota Afaanii..................................................... 28
2.9. Yaadiddama Qorannichi Bu'uureffate ..................................................... 38
2.10. Sakatta'a Hojiilee Qorannoo Walfakkii ..................................................... 40
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA ..................................................... 43
3.1. Haala Dhiyeenyaa Qorannichaa..................................................... 43
3.2. Saxaxa Qorannichaa..................................................... 43
3.3. Irraawwatama Qorannichaa..................................................... 44
3.4. Madda Ragaalee Qorannichaa..................................................... 44
3.5. Meeshaa Funaansa Ragaalee..................................................... 44
3.6. Mala Qaaccessa Ragaa Qorannichaa..................................................... 45
3.7. Naamusa Qorannichaa..................................................... 45
BOQONNAA AFUR : QAACCESSA RAGAA..................................................... 46
4.1. Ibsa Waliigalaa Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa ............ 46
4.2. Dhihaannaa Walsimannaa Kaayyoo Barnoota Boqonnaafi Gilgaalota Dandeettii Barreessuu ..................................................... 47
4.2.1. Gilgaalota Barreessuu Kaayyoo Barnootaa Boqonnaan Walsiman ................... 49
4.2.2. Gilgaalota Barreessuu Kaayyoo Barnootaa Boqonnaan Wal-hinsimne.. 51
4.2.3. Gilgaalota Barreessuu Kaayyoo Barnootaa Boqonnaa Hinqabne.… 52
4.3 ftoominaa Qajeelfamoota Gilgaaloota Dandettii Barreessuu …………………………………52

4.3.1. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Qajeelfama Iftoomina Qabu Qaba .. 55
4.3.2. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Qajeelfamoonni Isaanii Iftoomina Hinqabne 56
4.4. Qindoomina Gilagalota Dandeettii Barreessuu fi Dandeettilee Biroo ...................... 57
4.4.1. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Dandeettii Dhaggeeffachuu ... 59
4.4.2. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Dandeettii Dubbisuu.............. 59
4.4.3. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Fayyadama Jechaa................. 60
4.4.4. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Caaslugaa ............................... 61
4.4.5. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Afoolaa .................................. 61
4.5. Gilgaalota Barreessuu Meeshaalee Qabatamoon Deeggaramuun Dhiyaatan ……...63
4.5.1. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Fakkiin Deeggaramuun Dhiyaatan ............... 65
4.5.2. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Gabateen Deeggaramuun Dhiyaatan ............ 66
4.5.3. Meeshaalee Qabatamoo Kanneen Biroo Hindhiyaatin Hafan ............................ 67
4.6. Tarsiimoo Dandeettii Barreessuufi Gilgaalota Dandeettii Barreessuu ..................... 68
4.6.1. Haala Dhiyeenyaa Adeemsaa ............................................................................ 70
4.6.2. Haala Dhiyeenyaa Bu'aa .................................................................................... 72
**BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATA QORANNICHAA ........................................................................................ 75**
5.1. Goolaba ..................................................................................................................... 75
5.2. Argannoo Qorannichaa ............................................................................................. 75
5.3.Yaada Furmaataa........................................................................................................ 76
**Wabiilee ........................................................................................................................ 78**
**Dabaleewwan............................................................................................................... 83**

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Barnootni meeshaa dhala namaa qajeelchuufi addunyaa jijjiiru waan ta'eef guddina biyya tokkoof murteessaadha. Keessattuu, barnoonni afaanii jiruuf jireenya hawaasa afaan sana dubbatuu wajjin walitti hidhatiinsa (interrelationship) waan qabuf dagaaginni si'ataan akka dhufuuf gahee qaba. Kanaaf, daa'imni tokko yookaan hawaasni tokko yemmuu afaan isaatiin baratu, afaan isaas guddina isaa duukaa dagaaguu danda'a. Keessattuu barnoonni afaanii gaafa afaan dhalootaa barattootaa irratti hundaa'ee sirna barnnotaa keessatti hammatamu, eenyummaan hawaasa afaan sana dubbatuu beekamtii argata. Kanaafuu, akka barattoonni gahumsa dandeettii afaan isaanii dagaagfataniif, akka isaan walqunnamtii barbaachisaa ta'e horataniifi, akka isaan eenyummaa ofii ittiin barataniif xiyyeeffannoo argachuun afanii barbaachisaadha (Knox and Burns, 2005).

Yaada hayyootaa kanneen irraa kan hubachuun danda'amu, barnoonni jiruuf jireenya hawaasa tokkoo jijjiiruu keessatti gahee akka qabu mul'isa. Akkuma Artisti Alii Birraa sirba isaa keessatti, "…barnoonni ija jaame banaa..." jedhee sirbe, barnoonni sammuu hawaasaa kan qaru waan ta'eef, hubannoo hawaasaa kan dagaagsuudha. Barnoonni adeemsa jireenya hawaasa tokkoo haala addunyaawaa (globalized) ta'een kan dagaagsuu fi kan bocuudha.

Kaayyoon barnoota afaanii inni guddaan dandeettilee afaanii barattootaa cimsuudha. Kanaan walqabatee, akka (Akmam, et. Al, 2021) ibsanitti, gochaalee dandeettiilee afaanii barsiisuuf oolan adeemsa afaan baruu barsiisuu keessatti hammachiisuun shoora mataasaa qaba jechuun eeru. Kana waan ta'eef, gochaalee dandeettiiwwan kana shaakalchiisan kitaabilee barattootaa keessatti bifa barbaadamuun hammachiisuun dhiyeessuun barbaachisaadha, (Byrne, 1988); (Langan, 2010); (Richards, 2001). Karaalee gochaaleen dandeettilee afaanii kitaabilee barattootaa keessatti dhiyaachuun ittiin shaakalaman keessaa tokko dandeettii barreessuuti.

Dandeettiiwwan afaanii keessaa dandeettiin barreessuu, gosa dandeettii walqunnamtii uumuuf ooluudha. Yaada kana Syahrul (2018:106) yeroo ibsu, "Writing skills have an important role to increase the competence of learners, especially in the field of

communication and interact with the environment," jedha. Akka ibsa isaatti, gahumsa walqunnamtii barattootaa dabaluu keessatti gahee akka qabu agarsiisa. Hayyoonni (Langan, 2010); (Raimes, 1983) gama isaanin yeroo ibsanu, dandeettiin kun, gosoota dandeettilee keessaa, kan karaa barreeffamaatiin walqunnamtii uumuudhaaf gargaaruudha jedhu. Akka hayyoonni kunneen ibsanitti, dandeettiin barreessuu kun, dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa, kanneen akka: dubbisuu, hiika jechootaa, seerluugaafi kanneen biroo barsiisuufi shaakalchiisuurratti gahee qaba.

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii isaan bu'uuraa keessaa isa tokko. Dandeettii kana hawaasa keessaa kan baran osoo hintaane, barnoota idileefi al-idileen kan dagaagfataniidha. Akka (Din, et. al, 2021) ibsanutti, dandeettiin kun akka dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu salphaatti kan baramu osoo hinta'in, xiyyeeffannoo itti kennuudhaan mana barumsaatii kan baratamuudha. Gama biraan, akka beektonni afaanii hedduun jedhanitti, sababa duraan manatti yookiin maatii ofii biratti muuxannoon isaa hingoonfatamneef bifa haaraaa ta'een mana barumsaaatti kan jalqabu waanta'eef, dandeettiin barreessuu ulfaataadha, (Byrne, 1988); (Raimes, 1983); (Atkins, et al, 1996); (Langan, 2010).

Yaada hayyoota armaan olii kana kan deeggaru, Widdowson (1985, f. 34) yeroo ibsu, "writing is usually irksome activity and an ordeal to be avoided whenever possible" jedha. Akka yaada kanaatti, dandeettiin barreessuu, gocha nuffisiisaafi rakkisaadha jedha. Kanaafuu dandeettiin kanaaf xiyyeeffannoo kennun barbaachisaadha. Akka dandeettiin kun xiyyeeffannoo argatuf immoo, gilgaalota dandeettichaa sirnaan qopheessuun kitaabilee barattootaa keessatti dhiyeessuun barbaachisaadha.

Yaadni hayyootaa gubbaatti dhiyaate, dandeettiin barreessuu, dandeettii namni tokko maatii isaarraa yookaan isheerraa goonfatu/ttu osoo hintaane, kan mana barumsaa dhaquun argatamuudha. Dandeettiin kun, dandeettii walqunnamtiif gargaaru ta' ee kan namoonni yaada isaanii ittiin waliif qooduuf itti tajaajilaman ta' uusaa agarsiisa.

Gilgaalli adeemsa gahumsa dandeettiilee afaanii horachuuf jecha gochaalee dhiyaatan hojjachuurraatti xiyyeeffatuudha. Maalummaa gilgaalaa (Johnson, 2012); (Richard, 2001) yeroo ibsanu, gilgaalli garaa garaa barnoota afaanii keessatti dhiyaachuun kan shaakalamuufi kan adeemsa barachuu barattootaa milkeessuuf oolu waan ta'eef, gocha gahee qabuudha

jedhu. Haaluma walfakkaatuun, Nunan (1989, f. 11) yeroo ibsu, "Task is a classroom activity which involves learners with the help of the teacher in comprehending, manipulating, producing or interacting in the target language with a communicative goal…" jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, gilgaalli galma walqunnamtiitiif kan hubannoon, oggummaan, yaada burqisiisuun hirmaannaa barattootaafi deeggarsa barsiisaatiin daree barnootaa keessatti hojjatamuudha. Kun immoo, gilgaalli, gocha barattoonni yaada yookaan odeeffannoo barumsa baratan sanaa hubachuu isaanii adda baasuuf yookaan ittiin mirkaneeffachuuf jecha wanta baratan sanaan milkaa'uuf raawwatanidha. Gosoota gilgaalaa keessaa tokko gilgaala dandeettii barreessuuti.

Gilgaalli dandeettii barreessuu, kan shaakaloota barreessuu adda addaa irratti hundaa'ee kitaaba barattootaa keessatti dhiyaachuun baratamuudha, (Na and Lee, 2019); (Byrne, 1988); (John, 1991). Akka ibsa isaaniitti, gilgaalli dandeettii barreessuu shaakala barreessuu irratti taasifamuufi kan hojii barnootaa galmaan ga'uudha.

Gilgaali dandeettii barreessuu gahumsa barreessuu barattootaa dabaluu keessatti gahee kan qabuudha. Yaada kana Abeya and et al (2015, f. 276) yeroo ibsanu, "Writing activities are of great importance for students to practice writing as a process. One of the sources of these writing activities are the students' textbook" jedhu. Akka ibsa kanaatti, gilgaalli dandeettii barreessuu adeemsa keessa dandeettii barataa guddisuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Maddi gilgaalichaas kitaaba barattootaati. Akka ibsa isaaniitti gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barnootaatiin qindaa'ee kan dhihaatuudha.

Kaayyoo ijoon kitaaba barattootaa akka barattoonni dandeettiilee afaanii gadi fageenyaan xiinxalaniifi gabbifatan taasisuudha (Richards, 2001). Kaayyoowwan kanneen galmaan ga'uuf jecha, gilgaalonni garaa garaa kitaabilee barattootaa keessatti nidhiyaatu. Dhiyaannaa isaanii kanneen xinxaluun hanqinoota mul'ataniif yaada furmaataa kaa'uun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uun, qorannoon kun haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8$^{ffaa}$ xiinxalee ibsuuf kaayyeffamee gaggeeffame.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Karaalee qabiyyeen barnootaa barattoota bira ittiin gahu keessaa inni ijoon kitaaba barattootaati, (Harwood, 2014). Kitaabni barattootaa kun bu'aa barbaadamu

argamsiisuudhaaf qulqullinaan saxaxamee dhiyaachuun kan irraa eegamuudha. Kana yoo hintaaneef, madda dogoggoraa ta'uu danda'a. Kanaan walqabatee, ka'umsi qorannoo kanaa, gilgaalonni kitaaba filatame keessatti dhihaatan kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuu keessatti dandeettiin barreessuu isa olaanaadha.

Kitaaba qorannoof filatame kana ilaalchisee dandeettii barreessuu barattootaa shaakalchiisuu keessatti immoo gilgaalonni shaakala barreessuu irratti dhihaatan hanqina qabachuu qorattuun akka rakkootti kan adda baasteedha. Kun immoo qorattuun akka qorannoo kana adeemsiftuuf ka'umsa ta'eefi jira jechuudha. Kana malees, maxxansa kitaabichaan walqabatee kitaaba kana irratti hanga qorattuun sakattaatetti qorannoon irratti adeemsifame hin jiru. Kanaaf kitaabichii haaraa ta'uun, waraqaan kitaabichi ittiin haguugame qajeelcha barsiisotaa jechuufi kaayyoo barnoota boqonnaa kitaabichaa ilaalchisee qajeelfamnii barreffama dheeraa nibarreessita kanneen jedhan ifa ta'uu dhabuun hanqinoota eeraman kan mul'isuudha. Kun immoo akka ka'umsa qorannichaatti qabxiilee eeramanidha.

Kanarraa ka'uun, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti dhiyaatan dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuuf akka ta'uu malutti qophaa'uun dhiyaatanii jiruu laata? Kan jedhu qorattuutti gaaffii uumeera. Sababni isaa, gilgaalonnii dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanii baratamanu, afaan barsiisuu keessatti gahee guddaa qabu waan ta'eef. Akka (Na and Lee, 2019) jedhanitti, gilgaalonni dandeettii barreessuu, bifa barbaadamuun kitaaba barattootaa keessatti yoo qophaa'anii dhiyaachuu baataniif, qorannoo irratti gaggeessuun kallattii furmaataa eeruun barbaachisaadha jedhu.

Gilgaala dandeettii barreessuu gahaa ta'ee kitaaba barattootaa keessatti dhiyaateen barattootni yemmuu baratanu, itti fayyadama afaanii guyyaa guyyaatti taasisaniif nigargaara. Yaada kana Nunan (1989, f. 15) yeroo ibsu, "Learners are expected to acquire formal and acceptable writing tasks and to know how to use this task outside the classroom;" jedha. Kunis, walqunnamtii dareen ala taasifamuuf, barattoonni gilgaalota dandeettii barreessuu shaakaluun akka isaan irraa eegamu ibsa. Kanaaf, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu haala gocha adda addaa hammateen dhiyaachuu qaba. Sababni akka barattoonni yaada gaarii ta'e qindeessuun barreessuu danda'aniif.

Gilgaalli dandeettii barreessuu, haala dandeettii barattootaa ga'oomsuu danda'uun qophaa'ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Sababni, gilgaalli dandeettii barreessuu, akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa guddisuu danda'u irratti hundaa'uun qindaa'ee dhiyaachuu waan qabuuf, (Johnson, 2012); (Na and Lee, 2019); (Nunan, 1989). Akka yaada kanaatti, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, haala qabatamaa barattoota daree sanaa irratti xiyyeeffachuu akka qabu mul'isa.

Dabalataan, (Johnson, 2012) ibsutti, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu bifa qajeelfama iftoomina qabuun dhiyaachuun barbaachisaadha. Sababni, qajeelfamni gilgaalaa iftoomina yoo dhabeef, kallattii barbaadamurraa barataas ta'ee barsiisaa maqsuu danda'a jedha.  Akka ibsa isaatti, qajeelfamni gilgaala barreessuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatu, iftoomina qabaachuu akka qabuudha. Kana bu'uura taasifachuun, qorannoon kun qajeelfamni gilgaala dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa kessatti dhiyaate adda baasuun hanqina mul'ateef kallattii furmaataa eereera.

Akka (Na and Lee, 2019) ibsananitti immoo, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu haala sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa kutaa sanaa xiyyeeffannaa keessa galcheen, haala kaayyoo barnootaa hordofeen, haala qindoomina qabuunifi haala qabatamummaa qabuun dhiyaachuun qaba jedhu. Akka yaada kanaatti, gilgaalli dandeettii barreessuu dhiyaatu, seenduubee barattootaa, walqabannaafi dandeettii barattootaarratti xiyyeeffachuun dhiyaachuu akka qabu agarsiisa.

Hayyooni (Na and Lee, 2019, f. 106) gilgaala dandeettii barreessuu kitaaba keessatti dhiyaatu irratti xiinxala gaggeessuun akka barbaachisu yemmuu ibsanu, "An analysis of writing tasks will help practitioners plan and adapt their lessons effectively… "jedhu. Kunis, xiinxalli gilgaalota dandeettii barreessuurratti gaggeeffamu, akka ogeessonni barnootaa (barsiisonni) karoorsanuufi shaakaloota adda addaa haala qabatamaa dareetti madaqsanii dhiyeessaniif gargaara jedhu. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kun gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014, maxxanfame irratti gaggeeffame. Qorannooleen gara garaa gilgaala barreessuun walqabatanii gaggeeffamaniiru. Fakkeenyaaf, Sulxaan Qaasimiin (2009) '*Sakatta`a Dhihaannaafi Ga`umsa Gilgaalota Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Gama Dandeettii Barreessuu'* irrati, gaggeesse. Kan biraa, Ifaa Milkeessaa (2020) mata-duree

‘*Xiinxala Yaadayoo Dalagaalee Barreessuu Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa’* jedhu irratti, gaggeesse.

Qorannooleen kunneen kitaaba barattootaa kan bara 2005 maxxanfame irratti yemmuu xiyyeeffatan, qorannoon koo garuu kitaaba haaraa kan bara 2014, maxxanfame irratti xiyyeefatee gaggeeffame. Kanaafuu, gama yeroo maxxansa kitaabaan garagara.

Kanaaf, qorattuun qorannoo kanaas, haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa irratti xiyyeeffachuun xiinxaltee ibsuun kaayyoo ishee yemmuu ta’u gaaffileen armaan gadii deebii argataniiru.

1. Gilgaalonni dandeettii barreessuu Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhihaatan kaayyoo barnootaa boqonnaalee waliin walsimannaa akkamii qabu?
2. Qajeelfamoonni gilgaalota dandeettii barreessuu K.B. Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhihaatan ammam iftoomina qabu?
3. Qindoominni Gilgaalota dandeettii barreessuu K.B. Afaan Oromoo kutaa 8ffaa dandeettiiwwan afaanii biroo waliin hariiroo akkamii qabaata?
4. Gilgaalonni dandeettii barreessuu K.B. Afaan Oromoo kutaa 8ffaa meeshaalee qabatamoo kanneen akka: fakkii, suura, giraafiifi gabatee adda addaatiin haala kamiin deeggaramanii dhihaatan?
5. Gilgaalonni dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf dhiyaatan tarsiimoolee barreessuun ittiin shaakalamu isaan kamiin dhihaatan?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa haala dhiyaannaa gilgaaloota dandeettii barreessuu Kitaaba baratttootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa Xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa immoo:

1. Walsimannaa gilgaalonni dandeettii barreessuu Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhihaatan kaayyoo barnootaa boqonnaalee waliin qaban ibsuu.
2. Qajeelfamoonni gilgaalota dandeettii barreessuu K.B. Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhihaatan ammam iftoomina akka qaban adda baasuun agarsiisuu.
3. Qindoominni gilgaalota dandeettii barreessuu K.B. Afaan Oromoo kutaa 8ffaa dandeettiiwwan afaanii biroo waliin qaban ibsuu.
4. Gilgaalonni dandeettii barreessuu K.B. Afaan Oromoo kutaa 8ffaa meeshaalee qabatamoo kanneen akka: fakkii, suura, giraafiifi gabatee adda addaatiin deeggaramanii dhihaachuu isaanii agarsiisuu.
5. Gilgaalonni dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf dhiyaatan tarsiimoolee barreessuun ittiin shaakalamu isaan kamiin akka dhihaatan adda baasuu fa'a.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Dandeettiin barreessuu jiruufi jireenya dhala namaa keessumattuu kan barataa keessatti baay'ee barbaachisaafi bakka olaanaa qaba. Barbaachisummaan qorannoo kanaa inni guddaan haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu: kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa xiinxaluudhaan hanqina mul'ateef yaada furmaataa eeruudha. Yaada furmaataa sanarra dhaabbachuun immoo, tooftaa hojimaata fooyyaa'aa eeruun barbaachisaadha. Kanaafuu, firii qorannoo kanarraa, qaamoleen garagaraa keessattuu, qopheessitootni kitaaba barattootaa akka madda odeeffannooti itti fayyadamuu kan danda'an yoo ta'u, barsiisonniifi barattoonni kallaattiin itti fayyadamtoota ta'u jedhametu amanama. Gama biraan, qorannoon kun, ilaalcha barattoonnifi barsiistonni gilgaalota dandeettii barreessuu shaakaluurratti qaban nifooyyeessa jedhamee amanama. Kana waan ta'eef, qulqullini barnoota Afaan Oromoo gama dandeettii barreessuun akka dhufuuf nigumaacha jedhamee yaadama. Akkasumas, namni gara fuulduratti mata-duree walfakkaataa irratti qorannoo gaggeessuu fedhu, akka ragaatti itti gargaaramee qorannoo biraa akka gaggeessuuf karaa kan saaquudha. Kanaafuu, waraqaa qorannoo kana mana kitaabaa fi intarneetii irraa argachuun itti fayyadamuun nidanda'ama.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorattuun qorannoo daangaa bal'aa qabu gaggeessuun odeeffannoo hedduu argachuufi rakkoowwan hedduu ifa baasuuf akka gargaaru kan amantu ta'ullee haalonni qabatamoon heddu kan ishee daangessaniidha. Haaluma kanaan, qorannoon kun gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan qofa irratti kan daangeffameedha. Sababni mata dureen kun filatameef, kitaabichi haaraa ta'uu, waraqaan kitaabichi ittiin haguugame qajeelcha barsiisotaa jechuufi kaayyoo barnootaa boqonnaa kitaabichaa keessatti qajeelfamnii barreeffama dheeraa ni barreessita kan jedhu ifa ta'uu dhabuudha. Kanaan walqabatee, gilgaalonni barreessuu dhiyaatan dandeettii barreessuu barattootaa akka gabbisuuf malutti qophaa'anii dhiyaachuu isaanii beekuufi.

Kitaabni barattootaa kutaa 8ffaa boqonnaalee 10 kan qabuudha. Boqonnaalee kanneen jalatti gilgaalonni dandeettiilee afaanii warreen gurguddoofi xixiqqoo shaakalsiisuuf qophaa'aniiru. Dandeettiilee kitaabicha keessatti dhiyaatan hunda irratti osoo qorannoon adeemsifame bu'aan argamu bal'aafi daran gaarii ta'uu danda'a. Haata'u malee, ragaa kana hunda qindeessuun yeroo, maallaqaafi humna hedduu waan gaafatuuf qorannoon kun haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu: kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa xiinxaluun ibsuu irratti daangeeffamee dhiyaate.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun haala dhihaannaa dandeettii barreessuu qofa irratti kan adeemsifamedha. Kun immoo hanqina qorannoo kanaati. Sababiin isaa osoo danda'amee dandeettiilee afaanii mara irratti adeemsifamee gaarii ta'a. gama biroon hanqina yeroofi leecalloo qorannoon kun barbaadu irraa kan ka'e qorannichi kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa qofa irratti daangeffamedha. Kunis hanqina qorannichaati. Sababni, isaa haalota rakkisoo kanneen akka hanqina yeroo, hanqina bajataa fi humnaa irraan kan ka'e kitaabilee barattootaa kanneen biroo itti dabaluun qorannoo irratti gaggeessuun hindanda'amne. Hanqinni qorannoo kanaa inni biraan hariiroon gilgaalota dandeettii barreessuufi seenduubee beekumsa barattootaa kutaa 8ffaa maal akka fakkaatu adda baasuu dhabuudha. Sababni, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan haala kamiin akka dhiyaatan adda baasuun danda'amus garuu, hariiroon gilgaalota dhiyaataniifi seenduubee

beekumsa barattoota kutaa 8ffaa baratanuu maal akka fakkaatu adda baasuun hindanda'amne. Kanaafuu, hanqinoota armaan olitti eeraman kanneen furuuf, qorattoonni biroo gara fuula duraatti mata duree kanaan walqabsiisuun qorannoo gaggeessuun xiinxaluun barbaachisaadha.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnalee gurguddoo shanitti qoodamee dhiyaate. Kanumarraa ka'uun, boqonnaan tokko seenduubee qorannichaa, ka'umsa qoranichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinaafi qidoomina qorannichaa fa'adha. Boqonnaan lama sakattaa barruu qorannoo hammata. Kunis, yaadrimeewwan gilgaala dandeettii barreessuutiin walqabatantu ibsame. Boqonnaan sadi keessatti mala qorannichaatu ibsame. Mataduree kana jalatti saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaa, adeemsa ragaa walitti qabuufi mala qaaccessa ragaaleefaatu ibsame. Boqonnaan afur keessatti qaaccessa ragaatu ibsame. Kutaa kana keessatti ragaalee sakatta'a kitaabaan sassaabametu qaaccassamuun ibsame. Boqonnaa shanaffaa keessatti immoo goolaba, argannoofi yaada furmaataatu dhiyaate.

## 1.8. Ibsa Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa




Fakkii Fuuldura kitaabichaa

Kitaabni qorannoon kun irratti gaggeeffame, kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8$^{ffaa}$, bara 2014, maxxanfamuun tajaajilarra jiruudha. Barreessitootni kitaaba kanaa:

Mitikkuu Dibbeessaafi Mokonnon Dhaabaa yemmuu ta’anu, gulaaltotni immoo: Abdiisaa Ayyaanaafi Darajjee Raggaasaati. Madaaltotni kitaabichaas: Abdiisaa Gannatii, Dastaa Taaddagaa, Waaqumaa Waamiifi Yaneenash Saamu’eelidha. Kitaabni kun, boqonnaa kudhan (10) fi barannoo waliigalaa jaatamii afur (64) fi barannoo dandeettii barreessuu kudhan (10) kan qabu yemmuu ta’u, gilgaalota dandeettii barreessu kudhan (10) jalatti ajajoota bifa A, B, tiin walitti kudha-sadi (13) kan keessatti hammatamaniidha. Walumaagalatti, kitaabichi fuula dhibbaaf jaha (106) kan qabuudha.

Kitaabni barattootaa barnota Afaan Oromoo kaayyoo of danda’e qaba. Kaayyoon waliigalaa kitaabichaa, barattoonni dandeettiiwwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu fi, dandeettilee xixiqqoo, caaslugaa, ogbarruufi fayyadama jechootaa gadi fageenyaan xiinxaluun akka gabbifatan taasisuudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKKII

## 2.1. Maalummaa Dandeettii Barreessuu

Barreessuun dandeettiilee afaanii isaan gurguddoo keessaa isa tokkoodha. Barreessuun, karaa ilmi namaa ittiin walqunnamuudha. Akka (Johnson, 2012); (Zerin, 2007) ibsanitti, dandeettiin barreessuu, dandeettii qindaa'inaan adeemsa ergaa dabarsuu keessatti shaakala yeroo dheeraa fudhachuun dagaagfatamuudha. Maalummaa dandeettii barreessuu ilaalchisee hayyooni hedduun yaada adda addaa ibsaniiru. McDonough and Shaw (1993:152), yemmuu ibsanu, "writing is a vehicle for language practice and further added that it attempts to communicate with the writer's ideas and thought," jedhu. Barreessuun shaakala afaaniiifi yaada barreessaatiin waliigaluuf meeshaa mijataadha. Akka yaada kanaatti, barreessuun, daandii walqunnamtiiti.

Gama biraan, maalummaa barreessuu ilaalchisee Deane (2018:7) yeroo ibsitu, "writing is the most significant development in human history. It is a way of exchanging knowledge, information, thoughts and opinions with other countries of the world from one generation to another;" jetti. Akka yaada kanaatti, seenaa ilma namaa keessatti barreessuun guddina ykn dagaagina bu'a qabeessa ta'eedha.

Barreessuun, karaa ittiin yaada waljijjiiraniidha. Gama biraatiin Sarwat et al **(**2021:2) yeroo ibsanu, "Writing is a medium of communication that involves the depiction of a language with written symbols;" jedha. Kunis, barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokko ta'ee, kan namni tokko yaada sammuu isaa keessa jiru mallattoolee adda addaatti gargaaramee nama biroon ittiin walqunnamuudha.

Yaada hayyootaa kanarraa kan hubatamu, barreessuun dandeettii namni tokko adeemsa keessa gabbifatuudha. Akkasumas, barreessuun dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa barsiisuufi barachuuf yaalii yeroo dheeraa kan gaafatuufi seera afaanii eeguun kan qindaa'u ta'uusaa mul'isa. Akkasumas barreessuun adeemsa ittiin beekumsa kuusanii dhaloota biroof ittiin dabarsaniidha. Yemmuu dhaloota biroof dabarfamutti dhiyaannaalee adda addaa hordofuu danda'a.

## 2.2. Maalummmaa Gilgaalota Dandeettii Barreessuu

Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, gosoota gochaalee dandeettiilee afaanii cimsan keessaa isaan tokkoodha. Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, akka barattoonni dandeettii barreessuu isaanii gabbifataniif jecha kan dhiyaatudha. Hedge (1988:8) maalummaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanuu yeroo ibsu, "Writing tasks which have whole texts as their outcome relate appropriately to the ultimate goal of those learners who need to write their social, educational or professional lives" jedha. Akka hayyuun kun ibsutii, gilgaalonni barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan, kaayyoo barattootaa gama barnootaan, hawaasummaafi ogummaatiin galmaan ga'uu danda'anirratti xiyyeeffachuun kan barattootaaf dhiyaatuudha.

Akkasumas, (Hedge, 1988) akkaataa gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti itti qophaa'an yeroo ibsu, gilgaalonni dandeettii barreessuu yeroo kitaaba barattootaa keessatti qophaa'an, bifa barattoota gochaan sun dhiyaatuuf xiyyeeffannoo keessa galcheefi bifa akka barattoonni walqunnamtii uumuu danda'aniif tumsuun mijatee dhiyaachuun qaba jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan, kan haala qabatamaa naannoofi muuxannoo barattoota kutaa sanaa irratti hundaa'een qophaa'ee kan dhiyaachuu qabuufi kan barattoonni gilgaalota sanneen hojjatan haala salphaa ta'een hubatanii fedhiidhaan dalagan ta'ee dhiyaachuu akka qabu agarsiisa.Yaada dabalataa hayyuun, Hedge (1988:8) akka armaan gadiitti eera:

> Writing tasks should reflect the ultimate goal of enabling students to write whole texts which form conducted, contextualized, and appropriate pieces of communication and it need to be set up in ways that refelect the writing process in good writers. We need to encourage our students to go through a process of planning, organizing, composing and revising.

Akka yaada hayyuu kanarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli barreessuu barattootaaf dhiyaatu, kan barattoota bifa barreeffama guutuun walqunnamtii uumsisuu danda'u ta'uufi adeemsa sirriin akka barattoonni barreessaa gaarii ta'uu danda'anitti qophaa'uu qaba kan jedhu yoota'u, adeemsa karoorsuu, qindeessuu, barressuufi keessa deebi'anii sorooruu keessa darbanii barreessaniif jajjabeeffamuu qabu yaada jedhu dhiheessa.Akkasumas,

(Atkins et al, 1996:88) ibsutti, barattoonni barreessuurratti ofitti amanamummaafi bu'a qabeessa akka ta'aniif, gilgaalota dandeettii barreessuu barattootaa cimsanirrattii xiyyeeffachuu, akkasumas, gilgaalota seerluugaafi hiika jechootaa isaanii jajjabeesu qopheessuudha jedhu.

Dabalataanis, yeroo ibsanu gilgaalota barreessuu barattootaaf qophaa'an kan akka dalaganiif onnachiisuufi mijataa ta'e ta'uu qaba. Yoo danda'ame waan qabatamaafi dhugaa ta'erratti hundaa'uun kan akka barattoonni yaada isaanii ittiin ibsataniifi ittiin of ibsan kan isaan dandeessisu ta'uu qaba. Akkasumas, yoo xiqqaate barreeffama hiika qabeessa ta'e akka barreessan kan isaan dandeessisu ta'uu qaba. Kana malees, muuxannoofi sadarkaa barattootaatiin kan walgitu ta'uu qaba, (Hedge, 1988); (Atkins et al, 1996); (Cole and Feng, 2015).

### 2.2.1. Haala Qindaa'ina Gilgaalota Dandeettii Barreessuu

Qindoomina gilgaalota barreessuu ilaachisee (Hedge, 1988:17) yeroo ibsu, gilgaaloni barreessuu kitaaba barataa keessattis ta'e daree keessatti yeroo dhihaatan dhimmoota adda addaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Akka hayyuun kun ibsutti dhimmoonni xiyyeeffannoo argachuu qaban hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni, sadarkaa, mata duree, tajaajila, unka, xiyyeeffannoo, haalaa fi bifa garaagaraan dhiheessuudha.

Sadarkaan, gilgaaloni dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaatan kanneen sadarkaa barattoonni irra jiran giddu-galeessa godhate ta'uu qaba. Kunis, gilgaaloni dhiyaatan kan sadarkaa barattootaati ol yookiin gadi ta'e osoo hin ta'iin kan barattoonni sadarkaa irra jiranitti dalaguu danda'an ta'uu qaba. Mata-dureen immoo, qabiyyeen shaakala barreessuuf kennamu kan ifaafi barattoonni dalaguu danda'an ta'uu qaba. Gama biraan, tajaajilli, gilgaalonni shaakala barreessuu jalatti dhiyaatan bu'aa yookiin faayidaa argamuu qabu waliin kanneen walitti dhiheenya qaban ta'uu qabu. Fakkeenyaaf, kaayyoon barnootichaa barruu seenessaa, addeessaa, ibsaa, mormisiisaafi kkf akka barreessan shaakalsiisuudha yoo ta'e, gochaaleen barattootaaf dhiyaatanis dhimmoota kanaan kan walfakkaatan ta'uu qaba.

Inni biraan, unkadha.  Unki dhimmoota olitti ibsaman unkaa yookiin bifa kamiin dhiyaachuu akka qaban kan murteessudha. Fakkeenya, bifa xalayaatiin, keeyyataatiin barruu barnootaatiin, gabaasaan, qajeelcha kitaabaafi kkfn dhiyaachuu malu. Kan biraan, xiyyeeffannoodha. Xiyyeeffannoon, gilgaalonni dhiyaatan dandeettii barreessuu isa kam cimsuurratti akka xiyyeeffatan addaan baasuu. Fakkeenyaaf, keeyyata barreessuu, qabiyyee walfakkaatan filachuu, wolqabsiistotatti gargaaramuufi kkf ta'uu danda'u. Qabxiin biroo, haaladha. Haalli, haala qabatamaa barattoonni keessa jiranirratti hundaa'uun gochaalee naannoo yookiin muuxannoo barattootaan walsimu qopheessuudha. inni xumuraa, bifa garaagaraan dhiheessuudha. Bifa gara garaan dhiyeessuun, gilgaalonni tokko tokko daree adda addaafi sadarkaa garaagaraaf kan dhihaatan waan ta'eef gilgaala adda addaa dhiheessuu, (Hedge, 1988).

### 2.2.2 Gosoota Gilgaalota Dandeettii Barreessuu

Gosoota gilgaalota barreessuu hayyoonni kanneen akka: (Byrne, 1988); (Hedge, 1988); (Atkins et al, 1996) bakka adda addaatti qoodu. Qoqqooddii hayyoonni kunneen dhiheessan hedduun isaanis walfakkaatu. Isaanis gaditti kan ibsamu ta'a. Barattoonni dandeettii barreessuu isaanii haalaan akka cimsataniif gilgaalota barreessuu shaakalsiisan adda addaa qopheessuufiin barbaachisaadha.

Byrne (1988:33) yaada armaan olii kana yeroo cimsituu "In the text of language, the writing task that a student to carry out varies kinds of activities" jedha. Akkasumas, hayyuun kun gochaalee barreessuu adda addaa dhiheessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa yeroo ibsu, "…the writing programme must be carefully planned to develop a mastery of new skills, which the learners can use for a continually expanding range of tasks" jedha. Gochaaleen barreessuu shaakalsiisuuf dhiyaatanis: Gochaalee onnachiisoo (*reinforcement activities*), yaadannoofi xalayaa barreessuu (*writing notes and letters*), Gabaasa gabaabaa barreessuu (*writing short reports*), Gochaalee himoota tartiibessuufi walitti fiduu (*sentence linking and sequencing activities*), Gochaalee dhaggeeffachuun barreeffamu (*reproduction activities*) fi gochaalee walqunnamtiidha.Walumaagalatti, gosoonni gilgaalota barreessuu kunneen yeroo dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf kitaaba barataa keessattis ta'ee daree barnootaa keessatti dhiyaatan, haala armaan olitti caqasameen osoo dhiyaatanii baay'ee filatamaadha.

### 2.3. Akaakuu Dalagaalee Dandeettii Barreessuu

Afaan baruufi barsiisuu keeessatti, dandeettii afaanii barattootaa cimsuufi dandeettii barreessuu barattootaa guddisuuf dalagaalee adda addaa sadarkaa adda addaatti fayyadamuun barattoota shaakalsiisuun barbaachiisaadha. Dalagaaleen kun yeroo baay'ee akkaataa ulfina isaaniitti bakka sadiitti qoodamu: dalagaalee to'annoo jalaa, dalagaalee qajeelcha jalaafi dalagaalee bilisaati.

#### 2.3.1. Dalagaalee BarreessuuTo'annoo Jalaa (Controlled Writing Activities)

Dalagaan to'annoo jalaa kun to'annaa barsiisaa jalatti kan taasifamudha. Tooftaa kana keessatti dogoggorri uumamu danda'u baay'ee xiqqaadha. Pincas (1982:91) yaada kana yemmuu cimsitu, "Controlled exercise gives opportunity to be practiced. The students are advised so that they have virtually no freedom to make mistakes" jetti. Barreeffamni to'annoo jalaa kun, akka barattoonni dandeettii barreessuu sirriitti shaakalaan cimsataniif gargaara.

Gilgaalonni barattootaaf kennamanis, bakka duwwaa guutuu, himoota walitti hidhuu, jechoota walitti firoomsuu, himoota waliin makaman sirreessuu, seerluuga cimsachuufi kkf gochaawwan dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf barreeffama to'annaa jalaarratti dhiyaatanidha. Sadarkaa kanatti dhimmi xiyyeeffannoon itti kennamuu qabu, kallattii barbaadameen baratattoonni akka barreeffama sirrii ta'e barreessanidha. Kanaaf, kaayyoon barreeffama to'annoo jalaa, shaakaloonni barattoonni barreeffama irratti taasisan akka sirrummaa /accuracy/ horatan yookiin cimsatan kan jajjabeessudha, (Cole & Feng, 2015).

#### 2.3.2. Dalagaalee Barreessuu Qajeelcha Jalaa (Guided Writing Activities)

Sadarkaa kanatti akkaataa qajeelfama kennameen dalagaawwan barreessuu shaakalsiisuuf kennaman akka raawwatanidha. Dalagaalen barattootaaf kennamanis, qajeelfama kennamanirratti hundaa'uudhaan barreeffamicha akka barreessuu shaakalan kan taasisudha. Akkasumas, sadarkaan kun barreeffama bilisaa /free writing/ akka jalqabaniif ce'umsa ta'ee gargaara. Dogoggora barattoonni uumaniifis obsa qabachuun barbaachisaadha. Yaada kana Pincas *(1982:102) yeroo ibsitu,*

> Guided writing stands as a bridge between controlled and free writing. It includes any writing for which students are given assistance, such as a models to follow, a plan or out line to expand from, a partly written version with indications of how to complete it, or pictures that show a new subject to write about in the same way as something that has been read.

Yaadni kun kan nuhubachiisu, barattoonni fakkeenya isaaniif kenname akka bu'uuraatti gargaaramuun barreessuu shaakaluun gara barreeffama bilisa ta'etti akka ce'an taasisuudha. Sadarkaa kanatti gargaarsi karaa barsiisaa barattootaaf kennamu xiqqaadha. Barattoonni fakkeenya kennamerratti hundaa'uun barreessuu shaakalu.

Kunis, barreeffama jalqabame akka xumuran yookiin bal'isan, fakkiifi gabatee kenname tokkorratti hundaa'uun akka barreessan shaakalsiisa. Yeroo kana osoo barreessuun hinjalqabamiin dura mata-duree kennamerratti gareedhaan mari'atanii yaadannoo akka qabatan ta'a (Cole & Feng, 2015). Fakkii, chaartii, giraafii, gabateefi kanneen biroo irratti hundaa'uun barattoonni dandeettii barreessuu isaanii gabbifachuuf shaakala akka taasisan jajjabeessa. Hayyoonni Raimes (1983:103); Pincas (1982:102) yaada kana yemmuu ibsan, "The use of pictures as a basis for writing is often called guided writing. Here, pictures can provide the subject matter and the students to write some composition by their own vocabularies and grammatical features." jedhu.

Qajeelfama kanarratti hundaa'uun barattoonni hubannoo isaanii akka barreessan yemmuu ta'u, filannoo seerluugaafi jechoota sirrii ta'anitti fayyadamuun dandeettii isaanii cimsatu. Waantota ijaan arganiifi gurraan dhaga'an haala qajeelfama kennameen barreessuu shaakalu.

Akka (Pincas, 1982:102) ibsitutti, gilgaalonni barreeffama qajeelcha jalaatti kennaman kanneen yaadannoo qabachuu, keeyyata yookiin barruu barreessuu, waliin dubbii nama lama gidduutti taasifameef bakka duwwaa guutuu, gosa hima tokkoo gara hima biraatti jijjiiruu, gaaffiifi deebii barreessuu fi yaada fakkii, chartii, giraafiifi di'aagraamiitiin dhiyaatan barreeffamaan ibsuudha. Akkasumas, barreeffamni qajeelfama jalaa kun, dandeettii barattootaa gara barreeffama bilisaatti akka ol guddifatan kan gargaarudha.

### 2.3.3. Dalagaalee Barreessuu Walabaa (Free Writing Activities)

Sadarkaan kun yeroo barattoonni dandeettii barreessuu isaanii itti cimsatanii argamanidha. Kunis, gargaarsa barsiisaa malee mata-duree kennamerratti keeyyata, seenaa dhuunfaafi kan nama biroo, xalayoota garaagaraa, barruu barnoota idilee adda addaa, asoosamootaafi kkf. sadarkaa itti barreessuu danda'anidha, (Pincas, 1982).

Yaada olii kana Pincas (1982:110) itti dabaluun yeroo cimsitu, "Free writing is seen as the aim of specific set of writing exercises. The ability to write freely what has been taught, not the ability to write anything at all. The writing which has been practiced under control can, at least be a accomplished without control" jetti. Yaadni kun kaayyoon barreeffama bilisaan barattoonni gilgala kenname irratti hundaa'uun haala walaba ta'een shaakaluun dandeettii barreessuu isaanii akka gabbifatan dandeessisuu kan agarsiisuudha.

McDonough ans Shaw (1993:178) dalagalee barreeffama bilisaa yeroo ibsanu, "A free writing task requires learners to create an essay on a given topic, often as part of a language examination. Sometimes students are simply invited to write on a personal topic, their hobbies, what they did on the holyday, interesting experiences and the like." Akka hayyuun kun olitti ibsetti dalagaalee barreeffama bilisaa jalatti shaakalaman barruu /essay/ barreessuuf barattoonni fedhii isaaniirratti hundaa'uun mata-duree filatanii yaada isaanii bilisaan akka barreessaniif kan jajjabeessudha.

Barreeffama bilisa tooftaalee dandeettii barreessuu barattoota cimsuuf, barattoonni fedhii isaaniirratti hundaa'uun mata-duree filataniirratti barreessu. Barreeffama sadarkaa isaa eeggate barreessuuf qajeelfama barsiisaan kennurratti hundaa'uun shaakala yeroo hundaa taasisuun bu'a qabeessa nama taasisa jechuun (Cole & Feng, 2015) ibsu. Gama biraan, Pincas (1982:111) gilgaalota sadarkaa kanatti kennamuu qaban yeroo ibsitu, gilgaalonni barreeffama kana jalatti dhiyaataan kanneen akka barruu yookiin keeyyata addeessa, ibsaa, amansiisaa yookiin falmiifi seeneessaa akka barreessan yemmuu ta'u, gilgaalota kanas qajeelchaafi to'annaa qaama biraarraa bilisa ta'anii fedhii isaaniin waan barreessaniif tooftaa filatamaadha.

## 2.4. Qophii Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Kitaaba Barattootaa

Qopheessi gilgaalaa bu’a qabeessa ta’e, milkaa’ina afaan baruuf barsiisuu keessatti iddoo guddaa qaba. Akkasumas, akka barataan gadi fageessee yaadu taasisuuf gilgaalli sadarkaa barataa eege qophaa’uu qaba jechuun (Tariku, 2013); (Hedge, 1991) ibsu. Gilgaalli kitaaba barataa keessatti qophaa’u dhimmoota adda addaa xiyyeeffannoo keessa kan galche ta’uu qaba.

Dhimmoota kanneen keessaa inni ijoon haala qabatamaa naannoo kitaabichi itti hojiirra ooludha. Yaada kana (Hedge, 1991) yeroo ibsu, yeroo qophii gilgaalaa barreessitoonni haala qabatamaa bakka qabiyyeen kitaabichaa itti dhimma bahu adda baasuu qabu jedha. Qabiyyeen barattoota kutaa sanaa hirmaachisuu danda’u qophaa’uu qaba. Akka yaada kanaatti, gilgaala kitaaba barataa keessatti dhiyaatuuf, gilgaala baay’inaan dhimmoota barattoota baay’ee irratti xiyyeeffatan ta’uu akka qabaniidha.

Gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barataa kutaa giddu-galeessaa keessatti dhiyaatu, qabxiilee adda addaa irratti xiyyeeffatee dhiyaachuu qaba. Qabxiilee kana ilaalchisee, (Cole & Feng, 2015); (Hyland, 2003); (Hasan, 2017) akka ittaanutti ibsu: Seerluga sirrii irratti xiyyeeffachuu, jecha haaraa ga’aa ta’e dhiyeessuu, sirna tuqaalee sirrii ta’een barraa’uu, walsimannaa yaadaa irratti haala xiyyeeffateen dhiyaachuu, qubeessuu sirrii ta’een dhiyaachuu, caasaa himaa sirrii ta’een dhiyaachuu, yaadota walduraa duubaan walhidhannaa qabaniin dhiyaachuu, qabiyyee ifaa ta’een dhiyaachuufi haala amansiisuu danda’uun dhiyaachuu qaba jedhu. Akka yaada kanarraa hubannutti, gilgaalli kitaaba barataa kutaa giddu-galeessaa keessatti dhiyaachuu qabu seera afaanii irratti xiyeeffachuudha.

Kanaafuu, gilgaalli barreessuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatu, haala dandeettii barattoota baay’ee ijaaruu danda’uun qophaa’uun barbaachisaadha. Dhimmoota qophii gilgaalota dandeettii barressuu keessatti xiyyeeffannoon kennamuufii qaban jechuun hayyoonni hedduun dhiyeessan: kaayyoo gochaalee barreessuu, meeshaalee qabatamoo, galumsa, fedhii barattootaaf mijatoo ta’uufi dalagaalee gosa garaagaraa dhiyeessuudha.

## 2.5. Kaayyoo Gilgaalota Dandeettii Barreessuu

Hayyoonni Atkins et al (1996:114) kaayyoo gilgaalota barreessuu yeroo ibsan, gilgaalotni barreessuu kaayyoo gurguddaa lama galmaan ga’uuf dhiyaatu jedhu. Inni jalqabaa,

gilgaalotni barreessuu qabiyyee afaanii kanneen akka caasaa, hiika jechootaa, sirna tuqaaleefi kkf sirrii ta'anitti gargaaramanii barreessuun akka dandeettii isaanii cimsataniif kan jajjabeessudha. Gama biraan (McLean, 2012); (Hyland, 2003) akka ibsanutti barreessuun kalaqa hojii sammuu ta'ee, dandeettiiwwan afaanii kanneen biroos kan shaakalsiisudha.

Akka yaada (McLean, 2012); (Hyland, 2003) tti, shaakaloonni beekamoon garee kana jalatti dhiyaatanis, bakka duwwaa guutuu, hima sirrii ta'e barreessuufi kkf dha. Inni lammaffaa immoo, gilgaalota dandeettii barattotaa walqunnamtii barreeffamaan cimsuuf dhiyaatanidha. Barattoonni caasaa, jechoota filatamoofi sirna tuqaalee sirrii ta'etti gargaaramuun shaakala irra deddeebii taasisuun dandeettii walqunnamtii akka cimsatan kan jajjabeessudha. Kaayyoon gilgaalota dandettii barreessuu qabxilee gara garaa irratti xiyyeeffata. isaanis armaan gaditti dhiyataniru.

### 2.5.1. Meeshaalee qabatamoo

Gilgaalotni barreessuu haala barattoota hawwatuufi daddammaqsuu danda'uun meeshaalee qabatamoon deggeranii dhiyaachuu qabu. Meeshaaleen kun barnoota afaaniitiif barbaachisaa ta'uu isaa Nunan (1989:54) yeroo ibsu, "Authenticity is any material which has not been specifically produced for the purpose of language teaching" jedha. Kana jechuun, meeshaalee ta'e jedhamee barnoota afaaniif qophaa'e osoo hinta'iin barbaachisummaa isaaniirratti hundaa'uun kanneen barruuleefi maxxansa garagaraarraa fudhachuun itti gargaaramnudha.

Dhimma kana Ellis (2003:339) yeroo ibsitu, "A pedagogic task is situationally authentic if it matches a situation found in the real world and it is interaction ally authentic if it results in patterns of interaction similar to those found in the real world." jetti. Akkasumas, (McLean, 2012) gama isaatin yeroo ibsu, gilgaalotni barattootaaf dhiyaachuu qabu, wantoota barattoonni addunyaa keessa jiraatan keessatti dalaguu barbaadan ta'uu qaba jedha.

Kana jechuunis, gilgaalotni dhiyaatan fakkeenya naannoo barattootaa keessatti argaman ta'ee kan afaan barsiisuuf mijaa'oo ta'an ta'uu qabu. Kanamalees, gilgaalotni kunneen kanneen dandeettii barreessuu barattootaa dhimmoota adda addaarratti cimsan ta'uu qabu,

yoo kana ta'e, gilgaalli qabatamaan dhiyaate (authentic) gama barreeffama qunnamtiin ibsuu danda'a.

### 2.5.2. Galumsa (context)

Maalummaa galumsa Harmer (1991:57) yemmuu ibsu, "The context should show what the language means and how it is used," jedha. Akka yaada hayyuu kanaarraa hubachuun danda'amu, galumsa irratti hundaa'uun afaan maal akka ibsuufi akkamitti akka inni fayyadu agarsiisuun nidanda'ama. Batstone (1994:136) gama isaatiin yeroo ibsu, "It is the social, psychological, and physical setting in which language use take place" jedha. Kunis, gilgaalli barreessuu yeroo qophaa'an dhimmoota sababaa xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan dhimmoota hawaasummaa, xinsammuufi haala qabatamaa naannoo barnoonni sun itti kennamuurratti hundaa'uu qaba jedha. Akkasumas, hayyudhumti kun, walqunnamtiin yeroo gaggeeffamu, namoonni afdubbiittinis ta'e barreeffamatti nigargaaramu.

### 2.5.3. Fedhii Barattootaaf Mijaawaa Ta'uu

Gilgaalonni barreessuu akka barattoonni shaakalaniif yeroo dhiyaatu fedhii barattootaa kan giddu-galeessa godhate ta'uu qaba, (Harmer, 1991); (Batstone, 1994). Akka (Ur, 1988) ibsitutti, gilgaalonni fedhii barattootatti uuman yoo qophaa'an, barattoonni akka kaka'umsaan shaakalaniif onnachisuu danda'a jetti. Kunis, gochaalee barreessuu bifa fakkiin, tartiiba sirriitiin, muuxannoo barattootaarratti hundaa'uun yoo qophaa'e fedhiifi kaka'umsa barattootaa nidabala.

Mataduree sirrii ta'e shaakalaaf yookiin gochaaleef filachuun fedhii barattootaa cimsuuf dhimmoota irratti xiyyeeffatamuu qaban ilaalchisee Ur (1988:20) yeroo ibsitu: gilgaalota haala ifaa ykn sirrii hintaaneen barattootaf dhiyeessuun, yeroo isaanii gochaalee kenname dalaguurratti osoo hintaane, waan ifa isaaniif hintaane sana yaaduu irratti xumuru jetti. Furmaata isaa yeroo dhiheessitus, barattootaaf gilgaalota isaan ijaan ilaalaa dalagan bifa fakkii, chaartii, giraafii, suuraaffi kkfn dhiheessuufiin fedhii isaanii nidabala jetti.

Gama biraan (McLean, 2012); (Ur, 1988); (Hyland, 2003) gilgaalota bifa gaaffiiwwan banamoo ta'aniin dhiheessuun, barattoonni bifa garaagaraan akkaataa hubannaafi fedhii

isaaniirratti hundaa'uun akka dalaganiif haala mijeessa jedhu. Kanaafuu, gilgaalonni bifa gaaffii banamootiin dhiyaachuun isaanii fedhii barattootaa nidabala jechuudha.

#### 2.5.4. Gochaalee Haala adda addaan Dhiheessuu

Gilgaalonni dandeettii barreessuu shaakalsiisaan bifa adda addaatiin dhiyaachuu qabu. (Cunningswoth, 1984) yeroo ibsu, gilgaalonni dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf dhiyaatan mata-duree garagaraarratti bifa adda addaatiin dhiyaachuu qabu jedha. Gama biraan, Hayyuun Ur (1988:20) mata-dureen shaakalaaf dhiyaatan haala ittaanuun keessi.

Inni jalqabaa, mata dureen odeeffannoo qabatamaa ta'e hammachuu (Factual information on topics of general interest: history, geography, psychology), yaada falmisiisaa ta'e qabaachuu (Controversial subject of local or general interest), ilaalcha dhuunfaa, muuxannoofi fedhii kan hammate (Personal view points, experiences, feelings, tests), ogbarruu irratti kan xiyyeeffate (Fictions: novels, short stories, anecdotes, folktales), yaada dinqisiisoo irrati xiyyeeffachuu (Amusing or pleasing ideas as expressed in poetry, proverbs, questions), kan bashannansiisu (Entertainments: films, plays, television programs) fi sansaka bareedaa hawaasni jaallatu (Personalities: locally known people, famous celebrities and imaginary characters) irratti xiyyeeffatee dhiyaachuun barbachisaadha jetti.

### 2.6. Madda Hanqina Gilgaalota Dandeettii Barreessuu

Kitaaba barataa keessatti hanqinaaleen adda addaa jiraachuu danda'u. Hanqinaalee kanneen keessaa tokko rakkoo gama gilgalota dandeettii barreessuun walqabatee uumamuudha. (Hinkel, 2004). Rakkoolee gilgaala dandeettii barreessuutiin walqabatee uumamu keessaa inni tokko rakkoo hiika jechoota haaraa (vocabulary) ta'uu danda'a. Kunis, jechoota haaraa kitaaba keessatti dhiyaatuun walqabatee sadarkaa beekumsa barattoota kutaa sanaatii ol yookan gadi ta'een yemmuu dhiyaatuudha. Hanqinni biroo jiraachuu danda'u immoo, akka barattoonni shaakala gahaa ta'e hintaasifneef gilgaalli gahaa ta'e dhiyaachuu dhabuudha (Harmer, 1987). Kun immoo, akka barataan mata-duree tokko osoo sirriitti hinhubatin bira darbuuf saaxila.

Akka (Harmer, 1987) ibsutti, hanqinni guddaan gama gilgaalaan yeroo heddu kitaaba barataa keessatti uumamu, looga gara garaa fayyadamuu dhabuu, qabiyyeen dhimma hawaasa garee

tokkoo qofa irratti xiyyeeffachuu, fakkeenyi gahaa ta'e dhibuu, qabiyyeen gilgaalichaa sadarkaa barataa kutaa sanaa madaaluu dhabuu, qajeelfamni marii garee muraasa ta'uu, qindoominni dandeettilee muraasa ta'uufi haala qabatamaa naannorratti xiyyeeffachuu dhabuudha jedha.

Akka (Hyland, 2003); (Hinkel, 2004) ibsanitti immoo hanqinni gilgaalota dandeettii barreessuu inni ijoon, gilgaalicha hojjachuudhaaf yeroo dheeraa fudhachuu yemmu ta'u, yeroon barsiisaan gilgaalota hojjatee barataatti agarsiisuufi yeroon barattoonni hojjatanii dhiyeessan dheeraa ta'uudha. Hanqinni biroo haala gilgaalonni barreessuu barattootaaf ittiin dhiyaatuudha. Yaada kana Harmer (1991:56) yeroo mirkaneessu, "Another problem in writing activities are the inadequacy of the methods employed in teaching of composition…," Hanqina mala baruuf barsiisuu hojirra oolu, fakkeenya ga'aa ta'e barattootaaf dhiyeessuu dhabuu, dandeettiin barattootaa akka gabbatuuf ibsiifi qajeelfamni iftoomina qabu dhiyaachuu dhabuudha jedha. Kanaafuu gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu qabxiilee kanneen xiyyeeffannoo keessa bifa galcheen, yaadiddama sammuu gochaan afaan barsiisuuf oolu irratti hundaa'ee dhiyaachuufi barattoota sadarkaa sanaa bifa shaakalchiisuun dhiyaachuu qaba.

## 2.7 Haala Dhiyeenya Barreessuu


Daree barnoota afaanii keessatti sababoota adda addaa irraa kan ka'e dandeettiin barreessuu mala yookiin dhiyaannaa kanaan barsiifamuu qaba jedhanii murteessuun rakkisaadha. Haata'umalee kaayyoofi goochaalee irratti hundaa'uun dhiyaannaaleen barreessuu kun dhiyaannaa bu'aafi dhiyaannaa adeemsaa jedhamuun qoodamuu akka danda'an (Paltridge and Starfield, 2007); (Silva, 1990); (Leki and Carson, 1994) ni'ibsu.

### 2.7.1 Haala Dhiyeenya  Bu'aa Irratti Xiyyeeffate

Bu'uurri haala dhiheenya kanaa kan argame moodela xinsammuu amaleeffannaa (behavioral psychology) fi xinqooqa caaseffamaa (structural linguistics) irraa yemmuu ta'u, barattoonni dogoggora irraa bilisa ta'anii shaakaloota adda addaa kanneen akka akkeessuu, garagalchuufi jijjiiruu irratti xiyyeeffachuun akka shaakalan taasisuudha (Paltridge and Starfield, 2007); (Stern, 1983); (Silva, 1990).

Haalli dhiyeenyaa bu'aa, barattoonni fakkeenya (model) kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate irratti hundaa'anii barreeffama walqixa ta'e akka barreessan taasisuun caasaafi tartiiba afaanii sirrii ta'e irratti akka qo'atan gochuudha. Akkasumas, barattoonni kan waan tokko barreessuu danda'an odeeffannoo barsiisaafi kitaabarraatti argaman yoo sirritti hordofanii shaakalan akka ta'e (Leki and Carson, 1994); (Whites, 1988) ibsu. Kunis, dandeettii yaadachuu sammuu barattootaa nicimsa jedhamee yaadama.

Yeroo hundaa barattoonni qajeelfama barsiisaan kennu qofarratti hundaa'uun akka barreessaniifi qormaata qoraman taasifama. Akkasumas, gaheen barsiisaa barattoota to'achuufi shaakala barattoonni barreessan qopheessuun kennuufiidha, **(**Paltridge and Starfield, 2007). Gama biraan barattoonni dandeettii barreessuu akka cimsataniif barsiisaan akka waan hunda beekutti ilaalama. Malli baruufi barsiisuu mala barsiisaa giddu-galeessa godhateedha. Akka dhiyaannaa modeela kanatti, barattoonni dhimma tokko osoo hinbarreessiin dura fakkeenya isaan hordofuu qabantu kennamaaf. Fakkeenya kennamerratti hundaa'uun sirriitti hubatanii barreessu, (Stern, 1983); (Silva, 1990); (Whites, 1988). Adeemsa isaa danaan armaan gadii ni'agarsiisa.




Danaa haalli dhiyeenya barreessuu bu'aa keessa darbu agarsiisu **(**White's (1988) Diagram of the product podiums)

### 2.7.1.1. Haala Dhiheenyaa Sirrummaa Barreeffamaa

Haalli dhiheenya sirrummaa barreeffamaa barnoota afaan barachuu bara 1950, hanga jalqaba bara 1960, keessa haala dhiheenya afaan dhageettiin /Audio-lingual approach/ baratamuu irratti kan xiyyeeffatu akka ta'e, (Raimes, 1983); (Stern, 1983); (Silva, 1990); (Leki and Carson, 1994) ni'ibsu. Bara kana keessa, barnoonni baratoonni hordofuu qaban shaakalaafi irra deddeebiidhaan akka ta'e nuhubachiisu. Akkaataa haala dhiheenya kanaa ilaalchisee Raimes (1983:6-7) yemmuu ibsitu,

> The traditional approach focuses on accuracy of grammar and syntactic forms than fluency. It is sequential; students are first given sentence exercises; then paragraph to copy or manipulate grammatically by for instance, changing questions to statements, present to past or singular to plural.This approach stress on grammar, syntax and mechanics.

Akkaataa haala dhiheenyaa kanaatti, qajeelfamni barattoonni barreeffama isaanii keessatti of eegganoo gochuu qaban dogoggora seerluugaafi sirna tuqaaleerraa bilisa ta'uudha. Gilgaalonni barattootaaf kennaman sadarkaa sadarkaan salphaarraa gara xaxamaattii dhiyaatu.

Byrne (1988:22) haala dhiheenyaa kana yeroo ibsuu, "This approach was very much a product of the audio-lingual period, with its emphasis on a step-by-step learning or formal correctness." Kana jechuun, barattoonni yeroo barreeffama shaakalan sirriitti dhaggeeffachuun dogoggora tokko malee gilgaalota hojjechuudha. Walumaagalatti, dhiyaannaan kun seerluga, xiinhimaafi sirna tuqaalee irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, barattoonni dogoggora irraa walaba ta'anii afaan sirrii ta'e akka shaakalan taasisuudha.

#### 2.7.1.2. Haala Dhiheenyaa Qulqulleessanii Barreessuu

Xiyyeeffannoon haala dhiheenya kanaa, saffisaan yookiin qulqulleessanii barreessuu yaada jedhurratti hundaa'a. Faayidaa haalli dhiheenyaa kun qabu ilaalchisee Raimes (1983:7) akkas jetti, "Emphasis this approach is that intermediate level students should put content and fluency first and not worry about form. Ones ideas are down on the page, grammatical accuracy, organization and the rest will be gradually follow…..concern for 'audience' and 'content' are seen as important in this approach." Akkuma olitti ibsame, barreeffama bilisaan barattoonni haala dhiheenyaa kana jalatti shaakalan, yaada sammuu isaanii keessa jiru akkuma jirutti mata duree kenneme jalatti barreessuudha. Dogoggora uumamu akka sirreessaniif barsiisaanis ta'e barataan dirqama hinqaban. Yaaduma sammuutti isaan dhufe waraqaarratti katabuudha.

Haala dhiheenyaa kana Qorro (1994:7) yeroo ceepha'u, "It does not indicate how the writer demonstrates the writing process. And teachers are not able to know the problem that the students might have gone through with writing. As a result, teachers are in most cases not placed to know their students writing problems, let alone help them overcome those problems." Adeemsi haala dhiheenyaa moodela kanaa, barattoonni akka doggoggora

isaaniirra hinbaranne taasisa. Akkasumas, barsiisonni rakkoowwan barattoonni barreessuurratti qaban akka beekan hintaasisu.

#### 2.7.1.3. Haala Dhiheenyaa Keeyyata Tartiibessuu

Haalli dhiheenyaa kun, hima fayyadamuun keeyyata bareessuufi qindeessuurratti xiyyeeffata. Tooftaalee garaagaraa fayyadamuun akkaataa barattoonni himoota waliin qindeessuudhaan keeyyata itti barreessan agarsiisa. Byrne (1988:22) waantota haalli dhiheenyaa kun irratti xiyyeeffatu kanneen armaan gadii tarreessiti: himoota walkeessa makamaan irraa keeyyata ijaaruu (Formulating paragraphs from jumbled sentences) himoota kallattii barreessuu (Writing parallel sentences) fi hima ijoo fayyadamuun keeyyata ijaaruu (Developing paragraphs from topic sentences) dha. Barattoonni himoota tartiibessuudhaan keeyyata walqixa ta’e hima ijoo kennamerratti hundaa’uudhaan akka barreessan taasifamu.

#### 2.7.1.4. Haala Dhiheenyaa Barreeffama Qunnamtii

Haalli dhiheenyaa kun, haala barreeffamni tokko walqunnamtiif ooluu danda’urratti hundaa’a. Yaada kana Raimes (1983:8) yemmuu ibsitu, “The approach stresses on the purpose of a piece of writing and the audience for it. Students are encouraged to behave like writers in real life and to ask themselves the crucial questions about purpose and audience.”jetti. Akka dhiyaannaa kanaatti, xiyyeeffannoo guddaan kan itti kennamu kaayyoo barreeffamichaatiifi dubbistoota barreeffamichaati. Haalli dhiyaannaa kun ummanni haala adda addaatiin qunnamtii dubbii godha jedhurraa kan maddedha.

Yaada armaan oliirraa kan hubatamu, haalli dhiheenyaa kanaa barreeffama qabataamaa ta’erratti hundaa’uun gaaffilee murteessoo ta’anirratti barattoonni akka yaada isaanii ibsan taasisuudha. Eenyuuf akka barreessaniifi maaliif akka barreessanirratti xiyyeeffannoon nikennama. Kunis, daree barnoota afaanii keessatti waan qabatamaa ta’e tokkorratti hundaa’uun barreeffama qunnamtiif oolu akka barreessan shaakalsiisa.

Haalli dhiheenyaa kanaan dura caqasaman dandeettii barreessuu barsiisuurratti bu’a qabeessa hinturre. Haata’u malee, haalli dhiheenyaa barreeffama qunnamtii haala mijaawaa ta’een kan barattoota dandeettii barreessuu goonfachiisu akka ta’e nu hubachiisa. Yaada kana Raimes (1983:9) yoo ibsitu, “Traditionally, the teacher alone has been the audience for the students’ writing. But some feel that workers do their best when writing is truly a

communicative act, with a writer writing for a real reader" jetti. Haalli dhiheenyaa walqunnamtiif oolu kun, adeemsa barreessuu haala qabatamaafi hiika qabeessa ta'een kan barsiisuudha. Akkasumas, haala dhiheenyaa kannneen biroo caalaa barattoonni barreeffama qindeessuun tajaajila adda addaatiif akka oolchan taasisa. Dhiyaannaan kun barattootaaf carraa shaakalaa uumuun barattoonni gareen akka hojjetan kan kakaasudha. Gama biraan, dhiyeenyaan kun akka barattoonni shaakala dhiyaate ka'umsa godhachuun kanneen biroo dalaganiif kan kakaasuudha.

### 2.7.2. Haala Dhiyeenyaa Adeemsa Irraatti Xiyyeeffate

Haalli dhiheenyaa kun adeemsa dandeettii barreessuurratti kan xiyyeeffatu ta'ee, yeroo baay'ee shaakala barattootaaaf yeroo nikenna. Akkasumas, barattoonni barreeffamaan akka of ibsan nitaasisa. Adeemsi kun unka irratti osoo hinta'in itti fayyadama afaanii irratti kan hundaa'udha. Jordan (1997:168) faayidaa haala dhiheenyaa adeemsaa barreessuu ilaalchisee yaada amaan gadii dhiheessa:

> The process approach is aimed at nurturing the skills with which the writers solve their own solutions to the problems they set themselves. Moreover, it is aimed at teaching the skills which the students shape their raw materials in to a coherent message and with which they work towards an acceptable and appropriate form for expressing it.

Haalli dhiheenyaa kun, mata-duree barsiisaan kennerratti barattoonni erga mari'atanii booda dhuunfaan akka barreessan taasisa. Barreeffamichi qindaa'ina akka qabaatuuf, keessa deebi'anii fooyyessuun nideeggerama. Dhimma kana Raimes (1983:10) yeroo ibsitu, "The student will discover new ideas, new sentences and new words as he plans, writes a first draft and revises what he has written for a second draft," jetti. Akka yaada kanaatti, barattoonni yeroo kenname keessatti odeeffannoo funaananii karoorfachuu, wiixinee duraa qopheessuufi keessa deebi'anii fooyyessuu akka danda'an jajjabeessuun nideeggerama.

Dogoggora barataaf deebii kennuun yookiin sirreessuun nijajjabeeffama. Gosoonni adeemsa barreessuu bakka gurguddoo sadiitti akka qoodaman Hedge (1988:21-22) ni ibsiti. Isaanis:

Odeeffannoo funaananii karoorsuu, wiixinee duraa qopheessuufi irra deebi'anii sirreessuudha.

#### 2.7.2.1. Odeeffannoo Funaanuufi Karoorsuu

Mata-duree tokkorratti barreessuu osoo hineegaliin dura odeeffannoo funaanuufi karoorfachuun barbaachisaadha. Kana booda yaada maddisiisanii tartiibessuun barreessuu akka qabanu (Flower and Hayes, 1981) ni ibsu. Yaada odeeffannoo funaanuufi karoorsuu jedhu akka armaan gadiitti ibsu:

> Gathering ideas: Refers to dealing with the writing problems, hunting for and gathering for information pertinent to the writing problem or the writing goal. This activity is sometimes referred to as brain storming. Setting goals: Deals with defining the writing problem items of the content and purpose of the writing act. It is a learning light for writers. Organizing: Is concerned with setting super ordinate and subordinate ideas with are essential in the writing process.

Yemmuu barreessinu, yaada barreessinurratti odeeffannoo funaanuun marii garee taasisnee yaadicha tartiibessuun haala walta'iinsa /coherent/ yaadaa qabuun barreessuun gaarii ta'a. Jalqabarratti yeroo barreeffama keenya qopheessinu yaad-rimee qindaa'e qopheessuun namatti cima. Garuu yeroo irra deebinee fooyyessinee barreessinu, ofeegganoo cimaa gochuun barbaachisaadha.

#### 2.7.2.2. Wixinee Duraa Qopheessuu

Sadarkaan adeemsa barreessuu inni lammaaffaan, mata-duree kennamerratti karoora keenya bal'inaan ibsuudha. Muuxannoofi odeeffannoo qabnurratti hundaa'uun sadarkaa barrreeffamaa eegnee waraqaarratti barreessuudha. Yaada kana Bittinger et al (1993:150) akkas jedhu, "Drafting is the stage where the student works out what to say and then how best to say it." Wiixinee duraa barreessuun, sadarkaa barattoonni itti waan beekaniifi hubatan akka gaariitti barreessuuf yaalanidha. Sadarkaa kanarratti rakkoowwan seerluugaafi sirna tuqaalee fayyadamuurratti xiyyeeffannoo cimaan bakka itti kennamu miti. Akkasumas, wiixinee duraa barreessuun yaada sammuu keenya keessa jiru maddisiisuun waraqaarratti ibsuudha. Sadarkaa kanatti barsiisaafi barataan yaada ta'uu qaburratti nimari'atu.

#### 2.7.2.3. Wixinee Fooyyessuu

Hojii barreeffama ofiirra deebi'anii dubbisuun fooyyessuun, adeemsa barreessuu keessatti filatamaadha. Kunis, barreeffama keenya akka madaallu nutaasisa. Keh (1990:16) dhimma kana yeroo ibsu, "Reviewing a text is a process of deciding what should be changed, expanded, deleted, added, cut or retained. It also includes editing and proofreading." Wixinee barreeffamaa tokko osoo dubbistootaaf hindhiheessiin dura maaltu akka jijjiiramuu qabu, kan itti dabalamuu qabu, kan keessaa hafuu qabu, yaada bal'achuu qabuufi kkf keessa deebi'anii ilaaluun barreeffamicha sirreessuun barbaachisaadha.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, sadarkaa wixinee fooyyeessuu keessatti barreeffama keessa deebi'anii caasaa barreeffamaa, himootaafi jechoota dogoggora qaban fooyyessuun filatamaadha. Kana malees, dogoggora qubee, seerluga, itti fayyadama sirna tuqaaleefi haala qindoomina qabuun barreeffamuu isaa ilaaluun filatamaadha. Walumaagalatti haalli dhiyenyaa kun bifa gilgaalaan kitaaba keessatti dhiyaatee shaakalamun barbaachisaadha.

## 2.8. Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnoota Afaanii

Kitaabni barnoota afaanii qophaa'ee barattootaaf dhiyaatu, hanqina irraa bilisa jechuun hindanda'amu. Sababni, kan qopheessu ilma namaati waan ta'eef, ilmi namaa immoo yoo wallaaluu dhabes dogoggoruu waan danda'uuf. Kanaafuu, kitaaba barattootaa qophaa'ee dhiyaatu dhimma garagaraa irratti xiyyeeffachuun sakatta'anii hanqina isa adda baasuun kallattii furmaataa eeruun barbaachisaadha. Yaada kana (Grant, 1987), yeroo ibsu, kitaabileen kamuu guutuu ta'anii dhiyaatan hinjiranu jedha. Kanaaf, hanqina kitaabaa jiru sakatta'uun hanqinoota mul'ataniif yaada furmaataa kaa'uun barbaachisaadha.

Ulaagaalee sakatta'a kitaaba barnootaa afaanii (Richards, 2001) yemmuu ibsu, kitaabni barnoota afaanii qophaa'u, kaayyoo sagantaa afaaniin kan walsimu ta'uusaa; gahee barataaf barsiisaa kan adda baasu ta'uusaa (They should have clear role as support for learning),barataaf carraa haala gaariin itti fayyadamuu kan uumuu ta'uusaa (They should be chosen that will help equip students to use language effectively for their own purpose)fi, fedhii barataarratti kan hundaa'e, adeemsa barachuu barataaf haala mijataa kan uumuufi mala baruu barsiisuu goggogaa osoo hin taane jijijjiiramaa ta'uu qaba (They should accounts

of students’ needs as learners should fascilitate their learning process, without dogmatically imposing arigid method) jechuun ibsa. kanarraa kan hubatamu, madaalliin kallattii itti fayyadamtoonni kitaabaa bu’aa kitaaba tokkoo ittiin sakatta’aniidha.

Gama biraan, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, dhimmoota adda addaa kanneen akka: seenduubee barataarratti xiyyeeffachuu, dandeettiilee biroo waliin qindoomina qabaachuu, iftoomina qabaachuu, kaayyoo barnoota boqonnaan walsimuu, meeshaalee qabatamoon deeggaramuu, aadaa hawaasa naannoo hammachuufi kkf. irratti xiyyeeffachuu akka qabu, (Hinkel, 2004); (Nation, 2009); (Richards, 2001) ni’ibsu.

### A. Seenduubee Barattootaa Irratti Xiyyeeffachuu

Adeemsa sakatta’a kitaaba barattootaa keessatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, hagam akka seenduubee barattootaa giddu-galeessa gadhachuun dhiyaatan sakatta’uun adda baasanii ibsuun barbaachisaadha. Sababni isaa, barattoonni yemmuu gilgaalota yaadrimee isaa beekan irratti dhiyaate tokko shaakalanu hagas mara akka mata-duree isaan hinbeekneetti isaanitti hin’ulfaatu waan ta’eefi, (Nation, 2009). Akka (Hinkel, 2004) ibsutti immoo, kitaabni barattootaa tokko bu’a qabeessa ta’uun isaa kan ittiin adda bahu, qabiyyeen hammatame, kan yaadrimee isaa barattoonni beekanu yoo ta’eedha jedha. Kanaafuu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti hammatamu haala qabatamaa barattootaa sanaa xiyyeeffannoo keessa galchuun dhiyaachuun akka qabuudha.

Akka hayyuun kun ibsutti, sababni qabiyyeen kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu kan barattoonni beekan ta’uu qabuuf, shaakalli barattoonni gageessanu akka isaanitti hinulfaanneefi akka yeroo dheeraa isaanitti hinfudhanneefi jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti, gilgaalli dhiyaatu tokko yoo seenduubee barattootaa kan giddu-galeessa godhatee dhiyaatu ta’e, barattoonni osoo hindhiphatin shaakala hojjachuu danda’u. Akkasumas, akka isaan gigaala hojjatamu sana dafanii hubataniifi dafanii ibsaniifi, akka isaan qabiyyee dhiyaatu sana gammachuun barataniif gargaara.

Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, seenduubee barattootaa irratti kan hundaa’u yoo ta’e, barsiisota dandeettii sana barsiisaniifillee gaariidha,

(Richards, 2001); (Hinkel, 2004). Akka ibsa isaaniitti, qabiyyeen gilgaala barreessuu yoo seenduubee barattootaa irratti hundaa'ee dhiyaateef, barsiisonni karaa ifaafi salphaa ta'een barattoota isaanii qajeelchuu akka danda'aniif gargaara. Gama biroon, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, yemmuu seenduubee barattootaa keessaa tokko kan ta'e afaan barattootaa sana giddu-galeessa godhatee dhiyaatu, hojiin barsiisota dandeetticha barsiisanuu akka salphataaf nigargaara (Nation, 2009). Sababni, qabiyyeen gilgaalota barreessuu sun yoo afaan barattootaan qophaa'e, afaan sana hiikuuf barsiisonni hinrakkatan waan ta'eef.

**B. Aadaa Hawaasaa Irratti Xiyyeeffachuu**

Qabiyyeen gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan aadaa, duudhaa, fi kan biroo irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuun barbaachisaadha. Sababni, barattoonni yoo waan ofii isaaniin bartani, miirri ofitti gammaduu isaanitti dhagahama waan ta'eefi. Kanaafuu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa tokko keessatti dhiyaatu, dhimmoota akkanaa xiyyeeffannoo keessa bifa galcheen dhiyaachuu qaba. Yaada kana (Cunningsworth, 1995) yeroo ibsu, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti hammatamu, karaa kallattiinis ta'ee karaa alkallattiin dhimmoota aadaafi hawaasaa irratti hundaa'un akka barattoonni ittiin shaakalan ta'ee dhiyaachuu qaba jedha.

Akka hayyoonni garagaraa ibsanitti, sababni gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu dhimmoota aadaa fi hawaasaa giddu-galeessa godhatanii ittiin dhiyaataniif, afaan, hawaasniifi aadaan walirraa adda bahanii jiraachuu waan hindandeenyeef, walkeessaan dhiyaatanii baratamuun walkeessaan calaqqisuu waan qabaniifi, (Hinkel, 2004); (Richards, 2001). Kanarraa kan hubatamu, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, yoo dhimmoota aadaafi hawaasaa giddu-galeessa godhatee dhiyaate, barattoonni yaadrimee sadi akka walkeessa barataniifi, yaadrimeen sadan kunneen immoo akka walirraa adda bahanii jiraachuu hindandeenye hubatu jechuudha.

Akka (Nation, 2009) ibsutti immoo, gilgaalli dandeettii barreessuu tokko yoo dhimmoota aadaa fi hawaasaa giddu-galeessa godhatee dhiyaateef barattootaaf bu'a qabeessadha. Sababni, barattoonni yoo gilgaala tokko bifa kanaan shaakalan dandeettiin gadi-fageessanii

yaaduu fi ofitti amanamummaa isaanii nidabala waan ta’eef jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, gilgaalli dandeettii barreessuu tokko dhimmota aadaa fi hawaasaa yoo giddu-galeessa godhatee dhiyaateef barnoonni isaan baratanullee qabatamaa akka ta’uuf deegara.

### C. Hojii Dhuunfaan Hojjatamu Qabaachuu

Kitaabilee barnoota afaanii keessatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu giddu-galeessa godhatanii dhiyaatanu, fedhii barattoota dandeettii adda addaa qaban guutuudhaaf kan bifa adda addaatiin barattoota kutaa sanaa hirmaachisu ta’uu qaba. Bifoota hirmaannaa barattootaa keessaa tokko hirmaannaa dhuunfaati. Yaada kana, “Not all students are comfortable while working in groups, and others may like individualized learning….” Hyland (2003:118). Akka yaada kanaatti, barattoonni daree tokko keessatti baratan hunduu hojii gareetti kan hingammadne jiraachuu danda’u; kanneen hojii dhuunfaatti gammadan yookaan jaallatanis jiraachuu danda’u jedha. Ibsa armaan olitti dhiyaate kanarraa kan hubatamu, barattoonni kitaaba barattootaa tokko baratanu, gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu hojjachuudhaaf fedhii adda addaa kan qaban jiraachuu danda’uudha.

Gilgalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, shaakala dhuunfaan barrattoonni hojjatamu hammatanii dhiyaachuun faayidaa guddaa barattoota sanneeniif qaba. Faayidaan inni barattoota sanneeniif qabu, waldorgommii isaan gidduutti uumamuudha. Yaada kana (Hyland, 2003) yeroo ibsu, faayidaan gilgaala barreessuu tokko dhuunfaan dalaguu, akka barattoonni sunneen karaa bilisa ta’een yaada isaanitti dhagahame ibsataniif gargaara jedha. Kanarraa kan hubatamu, shaakalli dhuunfaan hojjatamu, bilisummaa barattootaa dagaagsuu isaati.

### D. Hojii Gareen Hojjatamu Qabaachuu

Qajeelfama gilgaalaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan keessaa tokko, hojii gareen hojjatamu qabaachuudha. Hojiin gareen hojjatamu, walta’anii hojjachuun barachuudha. Gareen barachuun immoo, gilgaalota kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, barattoota daree tokko keessatti wajjiniin baratanuun walta’uun dalaguun barachuudha. Kunis, bifa garee xiqqaafi garee guddaan ta’uu danda’a. Gareen hojjatanii barachuun kun, gahumsa dandeettiwwan afaanii garaa garaa akka wajjin goonfataniif kan gargaaru yemmuu ta’u,

adeemsa baruu barsiisuu keessatti kaka'umsa barachuu barattoota keessatti uuma, (Harmer, 2001); (Hinkel, 2004). Akka ibsa hayyoota kanarraa hubatamutti, adeemsi gareen hoojachuun barachuu, barattoonni daree tokko keessatti argamanu, gilgaalota kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan waliin ta'anii yaada garaa garaa irratti waljijjiiruudhaan hojjatanii kan barataniifi galma barbaadamu bira wajjiniin ga'uuf isaan gargaara.

Faayidaan gilgaala dandeettii barreessuu gareen dalaguun qabu: ofitti amanamummaan barattoota sanneenitti akka uumamuuf, hariiroon barattoota gidduu jiruufi miirri waltumsuu barachuu barattootaa akka dagaaguuf gargaara. Gareen hojjachuun barataaf faayidaa qaba, (Nunan, 2004). Akka ibsa kanaatti, barattoonni yoo gilgaala barreessuu tokko gareen hojjatan, miira walirraa barachuu fi waljajjabeessuu isaan keessatti uumuun jaalalli akka isaan gidduu jiraatuuf kan gargaaru ta'uusaati.

Gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan, daree keessattis ta'ee dareen alatti akka barattoonni wajjin hojjataniif deeggarsa barbaachisu taasisuun barbaachisaadha. Kunis, akka barattoonni soda tokko male dandeettii waan tokko barreessuu dagaagfataniif gargaara, (Hyland, 2003). Yaada kanarraa kan hubatamu, gilgaalota dandeettii barreessuu bifa gareen dalaguun, akka barattoonni soda yaada isaanii barreeffamaan ibsachuu irratti qaban xiqqeessaniif gargaara.

Gama biraan, faayidaan gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu gareen hojjachun qabu, (Harmer, 2001) yeroo ibsu, gilgaala dandeettii barreessuu tokko gareen hojjachuun, akka barattoonni miira gareen murteessuu dagaagfataniifi, akka isaan eenyummaa hiriyoota wajjin hojjatanuu sanneen beekaniif gargaara. Dabalataan, barattoonni gaafa gilgaala barreessuu tokko gareen hojjatan, kanneen dandeettii ol'aanaa hinqabnellee isaan kaan irratti hirkachuun dandeettii isaanii dagaagfachuu danda'u waan ta'eef qabxii fooyyee qabu galmeessisuu danda'u jedha.

Yaadota gubbaatti dhiyaataa turanirraa kan hubatamu, barattoonni daree tokkoo gilgaalota barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate yemmuu gareen dalagan wantoota garagaraa walirraa barachuu akka danda'aniidha. Kunis, dandeettii seerlugaa kanneen akka: adeemsa qubeessuu, itti fayyadama sirna tuqaalee, caasaa jechotaa fa'a walirraa barachuun

barreeffama gaarii ta’e barreessuu akka danda’aniif kan gargaaru ta’uusaati. Kan biraan, muuxannoo garagaraa waljijjiiruun walirraa barachuus nidanda’u.

### E. Qindoomina Dandeettiilee Biroo Qabaachuu

Xiyyeeffannoon isaa dandeettii barreessuu qofa osoo hintaanee kanneen hafanis kan akka dubbisuu, dhaggeeffachuufi dubbachuus nidabalata. Akkasumas, hiikni qindoomina dandeettii biroo qabaachuu jedhu, dandeettiiwwan dubbisuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu akkasumas, kan jechaa, seerlugaafi ogbarruu gargaaramanii beekumsa irratti xiyyeeffatame barachuudha jechuun (Harmer, 1991) ibsa. Gocha irratti hundaa’uun akkaataa barattoonni gilgaalota akka hojjetamaniif qophaa’erratti hundaa’uun dandeettiiwwan dhiyeessuudha. Yaada kana Nunan (1989: 1) yeroo ibsu, “Task-based instruction (TBI) uses tasks or stand-line activities which require comprehending, producing, manipulating or interacting in the target language. The amount of listening, speaking, reading and writing involved to complete the problem posed by the task is dictated by the task itself.’’ jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti barnootni shaakala irratti xiyyeeffate yeroo dhiyaatu, kaayyoo afaanichaa irratti hundaa’uun dandeettiiwwan afaanii walsimsiisuun akka hojjetamutti dhiyaachuu kan qabuudha. Gilgaalli hojjetamu akkaataa kallattii gilgaalichi barbaaduun hogganamuu qaba.

Gilgaalli dandeetti barreessuu, dandeettii biroo waliin qindaa’ee dhiyaachuuun barbaachisaadha. Yaada kana Harmer (1991:35) yeroo ibsu, “One skill cannot be performed without another…” jedha. Dandeettiin kophaa baratamu akka hinjirreedha. Gama biraan, daree barnootaa keessattis ta’ee daree barnootaan ala adeemsi afaan barsiisuu haala qindoomina qabuun raawwachuu qaba (Nation, 2009). Kanaaf, dandeettiileen afaanii kamuu dandeettiilee biroo waliin qindaa’ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Mata-dureen dhiyaatus kan dandeettiilee adda addaa walkeessa barsiisu ta’uu qaba; meeshaaleen barnootaas kana calaqqisiisuu qaba. Yaada kana Harmer (1991:39) yeroo eeru, “A given language teaching material should try to incorporate activities for the integration of the productive and receptive skills;” jedha. Kunis, dandeettii fudhatoofis ta’ee kennoof, shaakalli baratamu walkeessa akka baratamuudha. Kanaaf, barattoonni yeroo gilgaala dandeettii barreessuu hojjatanu, dandeettiilee biroo kanneen akka dandeettii dubbisuu, dandeettii ogbarruu, dandeettii seerlugaafi kan biroos walkeessa shaakaluu qabu.

Qindoominni kun akka barattoonni dandeettii barreessuu cinaatti, dandeettii biroo hubachuu danda'anif gargaara (Harmer, 1991). Dandeettii barreessuu goonfachiisuuf, gilgaala dandeettiilee biroos walkeessa dhiyeessudha. Kana jechuun, adeemsa gilgaalli dandeettii barreessuu shaakalamu keessatti barattoonni dandeettiiwwan biroos duukaa gabbifachuu danda'u jechuudha.

Dandeettiilee biroo dandeettii barreessuu duukaa barattoonni gabbifatanu hayyuun Hinkel (2006: 120-123) yeroo ibsu, akka barattoonni wanta barreeffame tokko dubbisan ajajuun barattoonni dandeettii dubbisuu gabbifchuu nidanda'u. Yaada kana Tesfaye (2020: 13) akka ittaanutti deeggara. "At a more advanced level course book includes more demanding tasks to link reading with writing such as summarizing and note taking…." Akka ibsa kanaatti, kitaabni barnootaa, shaakaloota dubbisuufi barreessuu kanneen akka yaada hafe goolabuu, dubbisuun yaadannoo qabachuufi kan biroo walitti hidhuun dhiyeessuu qaba. Waan dubbisan ergaa isaa akka keeyyataan barreessan gochuudhaan- dandeettii barreessuu gabbifatu, Waan barreessan afaaniin akka dhiyeesssan gochuudhaan - dandeettii dubbachuu gabbifatu, Barataan yeroo afaaniin dareef dhiyeessu, barattoonni kaan immoo caqasuudhaan- dandeettii dhaggeeffachuu gabbifatu;

Dandeettiiwwan kalaqaafi hojiilee uumee barattootaa jajjabeessuuf asoosama, walaloofi k.k.f akka barreessan gochuun dubbiiwwan qolaa, jechamoota, jechoota ergaa dhokatoo qabanfi kkf tti akka isaan dhimma bahan gargaaruudhaan- dandeettii ogbarruu gabbifatu; Waan barreessan keessaa jechoota ijoo ta'an filachuun hiika galumsaa, hiika kallattii, hiika faallaafi kan biroo akka ibsan gochuudhaan- dandeettii jechootaa gabbifatu; Yeroo hima ykn keeyyata barreessanu, caasaa afaanii sirrii ta'een (Matima, Aantima, Xumura) akka barreessan, sirna tuqaaleefi qindoomina yaadaa shaakalchiisuudhaan dandeettii seer-lugaa gabbifachuu danda'u jechuudha.

Akka Maddi gara garaa eerutti, bara 1970' oota dura, dandeettiwwan afaanii kopha-kophaatti bahanii caasaan isaanii barsiifamaa turaniiru. Ta'us, adeemsi ture sun haala qabatamaa yeroo ammaa kana jiruun walqabatee kan jijjiirameefi, dandeettiiwwan afaanii kunneen kopha-kophaatti bahanii tajaajiluuf kan hinmijanne waan ta'eef, dandeettiiwwan kunneen wajjiniin qindaa'aniiti kitaaba keessatti dhiyaatu, (Ellis, 2003); (Nunan, 1989); (Harmer, 1991).

Kanarratti hundaa’uun, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, dandeettiilee biroo kamii wajjin qindaa’uun kitaabicha keessatti akka dhiyaataniifi, dandeettiiwwan kamii wajjin immoo otoo hinqindaa’in akka dhiyaatan adda baasuuf jecha kitaabni kutaa 8ffaa kun sakatta’ameera. Wantoonni sakatta’amuun adda bahan immoo, kopha-kophaatti barraa’anii ibsamuun bifa gabateefi bifa keeyyata-keeyyataan boqonnaa afuraffaa keessatti dhiyaataniiru.

### F. Gilgaalotni Dandeettiilee Afaanii Iftoomina Qabaachuu

Kitaabni barattotaa akka barnootni ittiin barsiifamuuf jecha dhiyaatu tokko gaariidha jedhamuu kan danda’u, qajeelfamoonni gilgaalota dandeettiiilee dhiyaatanii yoo iftooma qabaataniidha. Yaada kana (Hinkel, 2004) yeroo ibsu, gilgaalonni dandeettiilee afaanii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, haala qajelfamooni isaanii iftoomina qabuun yoo dhiyaatan tajaajila barbaadamu nimilkeessu. Tajaajilli barbaadamus, barattoonni hunduu bifa hirmaannaa qabuun qooda fudhachuufi beekumsa goonfachuun barbaachisu gilgaalota shaakalanirraa goonfachuudha jedha. Akka ibsa isaatti, faayidaan gilgaalonni dandeettiilee afaanii iftoomina qabaachuu: akka isaan waan hojjatanuuf yaada gaarii maddisiisanuuf, akka isaan yaada isaanii fooyyessanuufi, akka isaan yaada dogoggorame sirreeaaniifi barbaachisaadha jedha.

Gama biraan, gilgaalonni dandeettiilee afaanii kitaaba barattootaa keesatti dhiyaatanu, haala qajeelfamoonni isaanii ifa hintaaneen dhiyaachuu danda’u. Gilgaalonni dandeettiilee afaanii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan yoo ifa hinta’in, rakkooleen kanneen akka: walqunnamtii gaarii ta’e akka barattoonni uumuu hindandeenyeef saaxiluu, rakkoo yaada maddisiisuu dhabuuf saaxilamuu, rakkoo dalagaa tokko yeroo barbaadamu keessatti xumuruu dhabuuf saaxilamuu, rakkoo yaada qindeessuu dhabuuf saaxilamuufi kan birooti jechuun (Hinkel, 2004) eereera.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan, yoo bifa iftoomina qabuun dhiyaatan barattootni baay’een wanta hojjatan kan hubataniifi hubatanii kan shaakalan akka ta’e agarsiisa. Kunimmoo, gilgaalota dandeettiilee dhiyaatan kanneen akka barattoonni haala gahumsa qabuun raawwataniifi itti gaafatamummaa isaan irraa eegamu akka sirnaan bahataniif gargaara.

Bu’uuruma kanaan, ulaagaalee iftoomina qabaachuu gilgaalota dandeettii barreessuu (Harmer, 1991) akka ittaanuttii eera: gilgaalonni dandeettii barreessuu, haala keeyyata tokko barreessi; keeyyata sadi barreessi, yaada ijoo barreeffamichaa barreessi; yaada callaa… barreessi; barruu dhiyaate gabaabsii barreessi; waan barreessite afaaniin ibsi; walduraa duubaan yookaan tartiibaan barreessii.. haala jedhuun dhiyaachuun barbaachisaadha jedha. Kanaaf, qorannoon kunis, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan isaan kamtu akka iftoomina qabaniifi, isaan kamtu immoo akka iftoomina hinqabne adda baasee kaa’eera.

**G. Gilgaalonnii Dandeettiilee Afaanii Kaayyoo Barnootaa Boqonnaan Walsimuu**

Kaayyoon dandeettii barreessuu, akka dubbisaan ergaa barreeffama tokkoo hubachuun itti dhimma bahuufi. Yaada kana Glencoe (2001:9) yemmuu ibsu, “one of your goals as a writer is to communicate your ideas clearly to your audience.*”* jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, kaayyoon barressaa tokkoo ergaa dabarsuu barbaade sana bifa ifaa ta’een dubbisaa isaaf dabarsuudha. Kanaan walqabatee, kaayyoo dandeettiin barreessuu barsiifamuuf hayyuun kun eereera. Isaanis: akka barattoonni ergaa barreeffama tokkoo bifa barbaadamuun itti tajaajilu barantaniif, akka barattoonni gahumsa qubeessuu horataniif, akka barattoonni adeemsa barreessuu fayyadamuun gosoota barreessuu adda addaa barreessaniif irratti xiyyeeffachuun akka barreessuu baraniif, akka barattoonni dandeettii barreessuu kanaan waliigaltee sirrii ta’e uumuu danda’aniifi akka barattoonni dandeettii kana fayyadamuun jiruuf jireenya isaanii keessatti ittiin bu’aa buusaniifidha, (Glencoe, 2001).

Gama biraan, kaayyoo gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanii (Hedge, 1988) yeroo ibsu, akka sirriitti qubeessuu baraniif, akka caasaa himaa sirrii fayyadamuu baraniif, akka yaada ijoo uumuun barreessuu baraniif, akka fedhiin barreessuu barattoota keessatti uumamuuf, akka isaan adeemsota barreessuu irratti xiyyeeffachuun barreessuu shaakalaniif, akka isaan itti fayyadama sirna tuqaalee sirrii ta’e beekaniif, ogummaa seerlugaa sirrii ta’e akka dagaagfataniif, itti fayyadama unkaa sirrii ta’e akka hubataniifi yaada hir’ate guutuun qindeessuu akka danda’aniif gochuudha.

Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatanu kaayyoo barnoota boqonnaan walsimuu qabu. Akka (Hedge, 1988) addeessuutti, gilgaalli dandeettii barreessuu

kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, kaayyoo barnoota boqonaa wallin hariiroo kan qaban yoo ta’e, ga’umsa dandeettii barreessuu barattootaa dagaagsa. Akkasumas, akka barattoonni barreeffamaan dhaamsa barbaadan dabarsuu danda’utti akka shaakaluuf isaan qajeelcha.

Akka (Listiyani, 2009) ibsurtti immoo, walsimannaan gilgaalotaafi kaayyoo barnoota boqonnaa gidduu yoo jiraateef daangaan yaadaas nijiraata. Daangaan gilgaala bareeffamu tokkoo yoo dhiphaa ta’eef salphumatti dalaguuf mijata. Hariiroon kun, akka baratoonni dandeettiiwwan ergaa barreessanu sanaa fi jechoota fayyadamanuu adda baasuun hojiitti hiikaniif dandeessisa..

Akka waliigalaatti, kaayyoon gilgaala dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatuu, akka barattoonni dandeettii barreessuu fayyadamuun gama hundaan walqunnamtii uumuu danda’aniif barattoota sanneen ga’oomsuufidha. Kanaafuu, gilgaalli dandeettilee barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, kaayyoo barnoota boqonnaa irratti hundaa’ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Sababnisaa, gilgaalli barreessuu yoo kaayyoo barnoota boqonnaa male dhiyaate kallattii sirriitti nama hinqajeelchu waan ta’eef. Bu’uuruma kanaan, qorannoon kun gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate, kan kaayyoo barnoota boqonnaan walsimeefi walhinsimne adda baasuun kaa’eera.

### G. Gilgaalonni Meeshaalee Qabatamoon Deeggaramuu

Adeemsa barnoota afaanii bu’a qabeessa taasisuu keessatti, itti fayyadamni meeshaalee qabatamoo ta’an kanneen akka: kaartaa, fakkii, gabatee, giraafiifi kan biroo kitaaba barattootaa keessatti hammatamuun dhiyaachuun barbaachisaadha. Kitaabni barattootaa meeshaalee qabatamoon deeggaramuun dhiyaachuun, dandeettiin afaanii barattootaa akka dagaguuf tumsa, (Abdullah and Yunus, 2019)**.** Akka ibsa kanarraa hubatamutti, dandeettileen afaanii gaafa meeshaalee qabatamoo ta’aniin deegaramuun dhiyaatanu, yaanni barattootaa akka hinfaffacaaneefi akka barattoonni yaadrimee sana qofarratti xiyyeeffatanuuf kan gargaaruudha. Kanaafuu, meeshaaleen qabatamoon akka meeshaa barnootaa dabalataatti waan tajaajilanuuf kitaaba barattootaa keessatti hammatamuun dhiyaachuun barbaachisaadha jechuudha.

Akka (Abdullah and Yunus, 2019) ibsanitti, gilgaalonni dandeettii barreessuu gaafa meeshaalee qabatamoon deegggaramuun kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, muuxannoon barattootni gama wanta naannoofi wanta addunyaa irratti qabanu niguddata. Gama biraan, meeshaaleen kunneen gaafa kitaaba barattootaa keessatti hammatamun dhiyaatan, akka barattoonni barreessuu shaakalanuuf isaan kakaasa jedhu. Akka yaada kanarraa hubatamutti, gilgaalonni barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu gaafa meeshaalee kanneeniin deeggaramuun dhiyaatan, akka beekumsi barattootaa bal'atuufi akka barattoonni yaada maddisiisuun barreessuu shaakalaniif kan isaaan gargaaru ta'uusaa agarsiisa.

Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan, yoo meehaalee qabatamoo ta'aniin deeggaramuun dhiyaatan, barnootichi qabatamaafi ifaa ta'a. Sababni, meeshaaleen qabatamoo ta'an barnoota salphisuun dhiyeessu waan ta'eef. Akka (Nation, 2009) ibsutti, barattoonni yemmuu meeshaalee qabatamoorratti hundaa'anii gilgaalota barreessuu shaakalan ofitti amanamummaan isaanii kan dabalu ta'a jedha. Kanarraa kan hubatamu, gilgaalonni dandeettii barreessuu meeshaalee qabatamoon deeggaramuun dhiyaachuun akka barbaachisuudha.

Gama biraan, meeshaaleen qabatamoon gilgaalota dandeettii barreessuun walqabatanii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaachuu danda'anu, kanneen akka: fakkii, gabatee, kaartaa, bobboca addaa addaa, suuraa fi kkf dha, (Nation, 2009). Akka yaada dhiyaate kana irraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, meeshaalee ijaan mul'ataniin deeggaramee yoo dhiyaate, dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuu kan danda'u ta'uusaati. Kunis, akka barrattoonni meeshaalee sanneen ilaaluun barreeffamaan ibsaniif taasisuudhaani. Kanarratti hundaa'uun, qorannoon kun gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa meeshaalee qabatamoo ta'aniin deeggaramuun dhiyaatan adda baasee bifa gabateefi ibsa jechaan dhiyeesseera.

## 2.9. Yaadiddama Qorannoon Kun Bu'uureffate

Yaadiddamni sammuu, adeemsa afaan baruu barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba. Akka Skehan (1998: 41) tti, yaadiddamni sammuu galtee (input) fi bu'aa (output) barbaachisaa ta'e adeemsa afaan baruu barsiisuuf dhiyyeesa. Akka hayyuun kun jedhutti afaan barachuun akka milkaa'uuf galteen ifaa ta'e ulaagaa barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Akka ilaalcha qorattoota yaadiddama sammuutti, barreessuun gocha sammuuti. Akka Ahlsén and Lundh (2007:4) tti, adeemsonni barreessuun keessa darbu, karoorsuun, yaada maddisiisanii barreeffama kalaquun, waan barreessan gulaaluun dhaggeeffataaf ykn dubbisaaf dhiyeessuun marti gochaa sammuuti. Bu'aan barreffamaa firii yaaduuti jedhu.

Akka (Freez, 1998) jedhutti immoo, yaadiddamni sammuu, hojiin ykn ajajni gilgaala barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, haala ifaa ta'eefi haala sammuu barattootaa hojjeechiisuu danda'urratti xiyyefatee dhiyaata. Akkasumas, dandeettii waa kalaquun barreessuu jajjabeessa jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, akka barattootatti yaada burqisiisuun barreessaniif kaka'umsa uumuufi galma qabatamaa ta'eef kan barattoota qajeelchu ta'ee dhiyaachuu akka qabu agarsiisa.

Akka (Skehan, 1998) ibsutti, gilgaalonni barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, hojii sammuu gaafatu waan ta'aniif xiyyeeffannoon dhiyaachuu qabu. Sababni, barreessuun adeemsa sammuu dalagsiisuu gaafata waan ta'eef, akka barattoonni adeemsa sirnaan barreessuufi yaada isaanii ibsuu danda'aniif haala xiyyeeffannoo qabuun dhiyaachuu qaba jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, dandeettiin barreessuu gocha sammuun walqabatu waan ta'eef xiyyeeffannoo kan gaafatu ta'uusaati.

Akka (Reims, 1999) ibsitutti immoo, barreessuun adeemsa ijaarsaa keessa darbuu gaafata waan ta'eef, barreessuun yaadiddama ijaarsaan walqabata jetti. Akka yaada kanarraa hubatamutti, teeknikiin barreessuu barsiisuu adeemsa yaada qindeessuun ijaaruu waan gaafatuuf yaadiddama ijaarsaarratti akka xiyyeeffatu irraa hubatama. Akka (Setyono, 2014) tti, dandeettiin barreessuu dhiyaatu, haala yaadiddama ijaarsaa kan dandeettii xinqooqaa barattootaa fi gosa gilgaalotaa xiyyeeffannoo keessa galchuufi mala mijataa ta'e filachuun dhiyeessu hubannoo keessa galchuun dhiyeessuutu irraa eegama jedha. Kanarraa kan hubatamu, gilgaalonni barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, yaadiddama ijaarsaa bu'uura taasifachuu akka qaban agarsiisa.

Yaadiddamni ijaarsaa dandeettii barreessuu barattootaa dagaasuuf kan gargaaruudha. Yaada kana Setyono (2014: 492) akka armaan gadiitti ibsa:

> Principally, the constructive approach is suitable for developing writing skills that asked students to produce texts. In the constructivist approach, students are exposed with the real process of producing a piece of writing through the recursive process of p rewriting, drafting, and revising. Through these activities, students are equipped with the strategies in producing a piece of text.

Akka yaada armaan olitti dhiyaateetti, yaadiddamni ijaarsaa, dandeettii barreessuu barattootaa dagaagsuu keessatti mijataadha, Yaadiddama ijaarsaa keessatti, barattoonni adeemsa qabatamaa kan gochaalee barreeffama irra deddeebiin barreessuun keessa darbu kanneen akka: barreeffama jalqabaa barreessuu, wixineessuu fi keessa deebi'uun barreessuuf of saaxilu. Gochaalee barreessuu kanaan, barattoonni tarsiimoo barreessuu garagaraan of qopheessun barreessu. Akka yaada armaan olitti dhiyaate kanaatti, yaadiddamni ijaarsaa dandeettii barreessuu barattootaa dagaagsuuf kan tumsu ta'uusaati.

Akka waliigalaatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan yaadiddama sammuufi yaadiddama ijaarsaa irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuun barbaachisaa ta'uusaa yaadonni gubbaatti dhiyaatan ni'agarsiisu. Sababni, dandeettii barreessuu shaakaluun hojii sammuu waan gaafatuufi bu'aan barreeffamaas bu'aa yaaduuti waan ta'eef yaadiddama sammuu giddu-galeessa godhachuun dhiyaachuu agarsiisa. Akkasumas, adeemsota barreessuun keessa darbu hordofanii barreessuun hojii sammuu kan gaafatu ta'uunsaati. Kunimmoo, yaadiddama sammuu bu'uureffatee akka dhiyaatu agarsiisa. Gama biraan, gilgaalonni barreessuu kitaaba keessatti dhiyaatan adeemsa walduraa duubaan barreessuun keessa darbu waan gaafatuuf adeemsa barreeffama ijaaruuti. Adeemsi barreeffama ijaaruummoo, yaadiddama ijaarsaati. Kanaafuu, qorannoon kun, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan yaadiddama kam giddu galeessa godhatanii akka dhiyaatan adda baasee dhiyeesseera.

## 2.10. Sakatta'a Hojiilee Qorannoo Walfakkii

Qorattuun qorannoo kana gaggeessuun dura, hojiilee qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban sakattaateetti. Hanga qorattuun sakatta'a taasistetti hojiileen Afaan Oromoos ta'ee afaan Ingilizii kallatiidhaan qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban hinargamne. Haata'u malee kan qorannoo kanaan hanga tokko walitti dhiyeenya qabu, akka itti aanutti dhiyaataniiru.

Sulxaan Qaasimiin (2009): ‘*Sakatta`a Dhihaannaafi Ga`umsa Gilgaalota Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Gama Dandeettii Barreessuu’* jedhu irrati gaggeesse. Kaayyoon qorannoo isaa dhihaannaafi ga`umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa 11ffaa, gama dandeettii barreessuutiin sakatta`uudha. Qorannoon isaa, akkaataa gilgaalonni barreessuu ittiin dhiyaataniifi ga’umsi isaanii maal akka fakkaaturratti xiyyeeffate. Kitaabni erratti hojjates, kitaaba kutaa 11ffaa kan bara 2005, maxxanfameedha. Barattoota afaan 1ffaa fi 2ffaa giddu galeessa godhate.

Ka’umsi qorannoo Sulxaan, ‘haala dhihaannaa fi ga`umsa gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa bara 2005 A.L.I.qophaa`e gama dandeettii barreessuu shaakalchiisuutiin maal akka fakkatu adda baasuu, Hanqinaa fi cimina jiru adda baasuun agarsiisuu, ga`umsi gilgalota kanneeniis barataa sadarkaa sanarra jiruun walgituu isaa adda baasuun ilaaluu’ irratti xiyyeeffate. Ka’umsi qorannoo kootii, ‘gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate, dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuuf akka ta’uu malutti qophaa’ee dhiyaatee jiraa laata’ kan jedhuudha. Gama kanaan garaagara jechuudha. Kana malees, kiataaba Sulxaan qorannoo isaa iarratti dalagae kitaaba sirna barnoota haaraa keessatti qophaa’ee miti.

Mala qorannootiin walqabatee, qorannoon Sulxaan mala akkamtaa irratti xiyyeeffate. Qorannoon koo immoo mala makaa irratti xiyyeeffate. Kanaafuu, gama kanaan garaagara jechuudha. Argannoon qorannoo Sulxaan, ga’umsa barattoota afaan 1ffaafi 2ffaa gidduu jiru irratti xiyyeeffata waan ta’eef, argannoo qorannoo kootiin gara gara.

Ifaa Milkeessaa (*2020)*: ‘*Xiinxala Yaadayoo Dalagaalee Barreessuu Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa’ jedhu irratti, qophaa’ee dhiyaate’*. Kaayyoon qorannoo isaa, yaadayoo (approach) dalagaalee barreessuu kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa xiinxaluudha. Kaayyoon qorannoo kootii immoo, haala dhiyeenyaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8$^{ffa}$ bara 2014, maxxanfame xiinxaluun ibsuudha. Kanaafuu, qorannoon kootiifi kan Ifaan adda adda jechuudha. Haata’u malee, walfakkeenyi qorannoo Ifaafi qorannoo koo gidduu jiru, mala qorannooti. Innis, mala qorannoo walmakaa fayyadamuudha.

Ka’umsi qorannoo Ifaa, ‘haalli yaadayoo dalagaalee barreessuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatan hanqina gahumsaa qabaachuu isaa turtii adeemsa baruufi barsiisuu keessatti adda baafateera,’ kan jedhuuda. Ka’umsi qorannoo kootii immoo, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate, dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuuf akka ta’uu malutti qophaa’ee dhiyaatee jiraa laata kan jedhudha. Kanaafuu, ka’umsi qorannoo keenyaa gara gara jechuudha. Argannoon qorannoo keenyaas garaa garadha. Sababni, kan Ifaa, yaadayyoo (approach) qofa giddu galeessa godhata waan ta’eef.

Akka waliigalaatti, qorannooleen armaan olitti dhiyaataniifi qorannoon koo kaayyoodhaanis ta’ee qabiyyee irratti gaggeeffamuun adda addummaa qaba. kan isaanii kitaaba sadarkaa 2ffaa irratti yemmuu xiyyeeffatu, kan koo garuu kitaaba sadarkaa tokkoffaa irratti xiyyeeffata. Garaagarummaan biroo, kitaaba duraan hojiirra ture ta’uufi kan yeroo ammaa tajaajilarra jiru ta’uudha. Tokkummaan qorannoo kootiifi qorannoo armaan olitti dhiyatan kanaa, gilgaalota dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffachuufi kitaaba barataa irrati xiyyeeffachuudha.

# BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Haala Dhiyeenyaa Qorannichaa

Haala dhiyeenyaa qorannoo kan addaa addaatu jiru. Haalli dhiyeenyaa qorannoo kunneenis: qorannoo qulqulleeffataa, qorannoo safarataafi qorannoo makaadha. Bu'uuruma kanaan, qorannoo qulqulleeffataan, qoranno bifa jechaan qaacceffamuudha. Hayyuun Creswell (2011) maalummaa qorannoo qulqulleeffataa yeroo ibsu, malli qorannoo kanaa, hawaasa keessa seenanii aadaa, duudhaa, dandeetti, dadhabbina, jaalalaafi jibbaa, sochii jiruufi jireenya hawaasaa daawwachuun, gaafachuufi yaadanno qabachuun adeemsa qorannoo gaggeeffamuudha jechuun ibsa. Gama biraatiin, qorannoo safaratan ragaa bifa lakkoofsaan sassaabamu ibsuuf gargaara. Yaada kana kothari (2004: 45) yeroo ibsitu, qorannoo safarataan, ragaa lakkoofsaan ibsamuu danda'u irratti akka hundaa'uudha. Hanga waan tokkoo safaraan ibsuuf mala qorannoo fayyaduudha. Akka yaada kanarraa hubatamutti qorannoo safarataan, odeeffannoo lakkoofsaan ibsamu bu'uura taasifachuun qorannoo gaggeefamu akka ta'etu hubatama.

Qorannoo makaan immoo, qorannoo qulqulleeffataafi qorannoo safarataa fayyadamuun gosa ragaa qaacceffameedha. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kun, qorannoo makaa fayyadamuun gaggeeffame. Sababni malli qorannoo kun filatameef, odeeffannoon meeshaalee gara garaa fayyadamuun walitti qabame, bifa jechaafi lakkoofsaan qaacceffamee dhiyaate waan ta'eefidha.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa, haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8[ffaa] xiinxaluun ibsuudha. Bu'uuruma kanaan, kaayyoo qorannichaa milkeessuuf saxaxni qorannoo ibsaa filatamuun hojiirra oole. Saxaxni qorannoo karoora qorannooti. Yaada kana hayyuun Victor (2009:203) yeroo ibsu, "The research design is plan of action that allows the researcher to know where they came from, where they are, and where they are going," jedha. Yaada kanaarraa kan hubannu, saxaaxni qorannoo karoora qorattuun tokko eessaa kaatee, eessa akka geesseefi eessa akka geessu kan agarsiisuudha. Yaada kanarraa kan hubatamu, saxaxni qorannoo, kallattii qorannoon tokko itti gaggeeffamu kan agarsiisu ta'uusaati.

Kanaan walqabatee, qorannoon kun haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014, maxxanfame irratti bu'uureffachuun ragaaleen bifa lakkoofsaafi jechaan sassaabaman saxaxa ibsaan dhiyaatan.

### 3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa, kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8[ffaa] bara 2014, maxxanfameedha. Sababni kitaabni kun filatameef, kitaabichi haaraa ta'uufi kanan dura qorannoo bal'aan haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu irratti gaggeeffamee kan hin jirree ta'uu isaa adda baasuudhaan kitaabniAfaan Oromoo Kutaa 8ffaa kun irraawwatama qorannoo kanaa ta'ee kan filatamedha.

### 3.4. Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi ragaa qorannichaa, sakatta'a kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014, maxxanfameedha. Sababni isaas, qorannoon kun haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaabichaa irratti waan xiyyeeffatuuf rakkoolee gama dhiyaannaan mul'atan irratti sakatta'a taasisuuf yaadameeti.

### 3.5. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Adeemsa qorannoo mata-duree, haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa jedhu irratti gaggeessuu keessatti, maddi ragaa qorannichaa kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaati. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti, meeshaan ragaa funaanuuf filatame sakatta'a kitaabaati jechuudha. Maalummaa sakatta'a kitaabaa hayyuun Louis (2007:222) yeroo ibsu, "documents are useful in rendering more visible the phenomena under the study… Validity is strong infirst person documents or in documents that were written for specific purpose." jedha. Akka yaada kanaatti, sakatt'i ragaa waa'ee ta'iinsa qorannoo gaggeeffamaa jiru sanaa agarsiisuuf bu'a qabeessa akka ta'eefi kitaabni madda ragaa sadarkaa tokkoffaa kaayyoo murtaa'eef barreeffame daran dhugummaa akka qabu eera. Kanaaf, kitaaba kana keessaa wanti sakatta'i irratti gaggeeffame, gilgaalota dandeettii barreessuuti. Sababni, qajeelfamni gilgaala barreessuu barreeffama dheeraa barreessi jedhu kitaabicha keessa waan jiruuf qorattuuf ifaa ta'uu dhabuufi akkaataa gilgaalichi itti dhiyaate baruuf yaadameeti.

Kanarraa ka’uun, qorattuun qoannoo kanaa, ragaalee barbaachisuufi quubsaa ta'an argachuuf qabxiilee mirkaneessa sakatta'iinsaa haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu argisiisan dursitee qopheeffachuun sakatta'a gaggeessite. Sababni qorattuun gosa meeshaa funaansa ragaa kana filatteef kallattumaan kitaabicha sakatta’uun hunda caalaa barbaachiisaadha jettee waan yaaddeefidha.

## 3.6. Mala Qaaccessa Ragaa Qorannichaa

Adeemsa sakatta’insa kitaabaa kana keessatti, tartiiba kitaabni ittiin madaalamu hordofuun ragaan qorannoo kanaa qaaceffame. Adeemsa kitaabni ittiin madalamu Ellis (1997: 52) yeroo ibsu, “The evaluation of a given textbook involves the following steps: choosing a task to evaluate, describing the task, collecting the information for the evaluation, analyzing the information, reaching conclusion and recommendations.” jedha. Bu’uuruma kanaan, jalqaba qorattuun qabiyyeewwan gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan adda baasuun qorannoo ishee gaggeessite.

Ittaansuun, odeeffannoon sakatta’aan funaaname, adda bahee qaacceffame. Yaada kana Dawson (2002:26) yeroo ibsu, “when data is analyzed by theme, it is thematic analysis. This type of analysis is highly inductive, that is the theme emerge from the data and are not imposed up on it by the researcher,” jedha. Kunis, gosa qaacessaa kanaa keessatti yaanni ijoon adda bahee eeramu kallattiin odeeffannoorraa kan bahe ta’uu ibsa.

Achiin booda, ragaan bifa jechaafi lakkoofsaan adda bahee qaacceffame bifa gabateefi bifa keeyyataan dhiyaate. Walumaagalatti, malli qaaccessa ragaa qorannoo hojiirra oole, mala qorannoo makaa ture. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti qorattuun ragaa karaa sakatta’a kitaabaan sassaabbatte, battaluma sanaan gara barreeffamaatti jijjiiruun mata-duree xixiqqaa jalatti qoqqooddee dhiyeessuun qorannooshee gaggeessite.

## 3.7. Naamusa Qorannichaa

Qorannoon kun, naamusa qorannoon tokko eeguu qabu eeguudhaan hojjatame. Akkasumas, adeemsa qorannoon tokko hordofuu qabu hordofuudhaan hojjatamee dhiyaate. Kanarratti hundaa’uun, qorattuun qorannichaa maddoota odeeffannoo irraa fudhatte mara wabii keessaafi wabii alaatti ibsiteetti.

# BOQONNAA AFUR : QAACCESSA RAGAA

## 4.1. Ibsa Waliigalaa Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa

Kitaabni qorannoon kun irratti gaggeeffame, kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8$^{ffaa}$, bara 2014, maxxanfamuun tajaajilarra jiruudha. Barreessitootni kitaaba kanaa: Mitikkuu Dibbeessaafi Mokonnon Dhaabaa yemmuu ta'anu, gulaaltotni immoo: Abdiisaa Ayyaanaafi Darajjee Raggaasaati. Madaaltotni kitaabichaas: Abdiisaa Gannatii, Dastaa Taaddagaa, Waaqumaa Waamiifi Yaneenash Saamu'eelidha.

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'ee dhiyaate. Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaatan, boqonnaalee kudhan (10) fi barannoo waliigalaa jaatamii afur (64) tu hammatamuun dhiyaatan. Kitaabni barattootaa kun, barannoo dandeettii barreessuu kudhan (10) kan qabu yemmuu ta'u, gilgaalonni dandeettii barreessuu qajeelfamoota: A, B, C fi D, tti qoodamuun walumaagalatti qajeelfamoota kudha-afur hammatee dhiyaate. Kitaabni kun, fuula dhibbaaf jaha (106) kan qabuudha.

Kitaabni barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa kun, qajeelcha barsiisaa kan qabuufi dugda duuba isaatti immoo, silabasiin maxxanfamee kan dhiyaateedha. Kunimmoo, qophiin kitaabichaa mijatataa ta'uu agarsiisa. Qabiyyeen kitaabichaa gahumsa kan qabuufi barattootni kutaa 8ffaa Afaan Oromoo akka gosa barnootaafi afaan barnootaatti barataniif bifa barattoota qajeelchuun mijatee kan dhiyaateefi barnoota sadarkaa lammaffaaf akka barattoota qopheessutti mijatee kan dhiyaateedha.

Kan biroo, boqonnaaleen kitaabichaa hunduu, kaayyoo barnoota boqonnaa hammatee dhiyaateera. Akkasumas barannoo dandeettiilee biroo jalatti gilgaalota adda addaa hammatee kan dhiyaateedha. Dabalataan, boqonnaalee kitaabichaa hunda keessatti, gilgaalli dandeettii barreessuu, barannoo barreessuu lakkoofsa afur (4) jalatti kan dhiyaateefi barannoo dandeettiilee biroo keessattis darbee darbee kan dhiyaateedha. Akka waliigalaatti, gilgaalli dandeettii barreessuu barannoo barreessuu keessatti dhiyaateefii kan barannoo dandeettiilee biroo keessatti darbee darbee dhiyaate addatti sakatta'amuun xiinxalli erratti gaggeeffameera.

## 4.2. Dhihaannaa Walsimannaa Kaayyoo Barnoota Boqonnaafi Gilgaalota Dandeettii Barreessuu

Xiinxala kutaa kanaa keessatti dhihaannaa walsimannaa kaayyoo barnoota boqonnaalee jalatti eeramaniifi gilgaalota dandeettii barreeessuu shaalkalsiisuuf dhihaatan xiinxaluudha. Kanaafis, qaaccesssaafi ibsaaf akka toluuf gabatee armaan gadii keessatti qabxiilee jiru ibsuuf kan yaalamedha.

**Gabatee 1: Walsimannaa Gilgaalota Dandeettii Barreessuufi Kaayyoo Barnoota Boqonnaa Agarsiisu**

| Boqonnaa | Gilgaalota | Fuula | Kaayyoo barnootichaa | Walsima | Walhinsimu | Hinqabu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | **Gilgaala 8**. Dubbisa gadii matadureen isaa “Amanamummaa” jedhu akka fakkeenyaatti dhiyaate ka’umsa godhachuun matadureewwan gaditti kennaman keessaa tokko filachuudhaan barreeffama keeyyata 3-4 qabu barreessi. | 8 | Yaada haaraa maddisiisuun barreeffama dheeraa nibarreessita; | | X | |
| 2 | **Gilgaala 8. A.** Jecha qubee sirriin barreeffame filachuun himoota armaan gadii guutuu taasisi. | 19 | Jechoota sagalee dheeraa, gabaabaa, jabaa, laafaa, irra butaafi hudhaa qaban nifayyadamta; | √ | | |
| | **B**. Gumee armaan gaditti kennaman ka’umsa godhachuun mata duree “Holqa Soof Umar” jedhurratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi. | 20 | Barreeffama dheeraa nibarreessita; | | X | |
| 3 | **Gilgaala 8**. Gumee armaan gaditti knname fayyadamuun mata-duree “Bosona” jedhuun barreeffama dheeraa keeyyata afur qabu barreessi. | 33 | Gumee kenname fayyadamuun barreeffama dheeraa nibarreessita; | | X | |
| 4 | **Gilgaala 8** Walqabsiistota gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti. Walqabsiistuun tokko bakka tokkoo olitti galuu | 43 | Walqabsiiftota barreeffama keessatti nifayyadamta; | √ | | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | nidanda'a. | | | | | |
| 5 | **Gilgaala 8** Saamuda barreeffama seenessaa gaditti dhiyaate fakkeenya godhachuun barreeffama seenessaa kan biroo tokko barreessi. | 53 | Barreeffama seenessaa nibarreessita; | √ | | |
| 6 | **Gilgaala 8A**. Keeyyata addeessaa olitti dubbiste ka'umsa godhachuun gaaffilee itti aanan deebisi. | 62 | Kaayyoon isaa hnjiru | | | X |
| | **B**. Barreefama olitti dhiyaate fakkeenya godhachuun mata duree tokko irratti keeyyata addeessaa tokko barreessuun dareetti dhiyeessi. | 63 | Saamuda kenname fayyadamuun keeyyata addeessaa nibarreessita | √ | | |
| 7 | **Gilgaala 8. A**. Himoota gadii tartiiba yaada isaanii sirreessuun keeyyata tokkoon barreessi | 70 | Himoota walmakanii jiran tartiiba isaanii sirreessuun keeyata nibarreessita; | √ | | |
| | **C**. Gaaffilee gaditti kennaman kutaalee xalayaa olitti dhiyaate bu'uura godhachuun deebisi. | 71 | Kaayyoon isaa hnjiru | | | X |
| | **D**. Xalayaa olitti kenname ka'umsa godhachuun hiriyaa yookiin fira kee fageenyatti argamuuf xalayaa barreessi. | 72 | Hiriyaa /fira keef xalayaa nibarreessita; | √ | | |
| 8 | **Gilgaala 8** Keeyyanni armaan gadii dogoggora sirna tuqaalee qaba. Sirna tuqaalee gabatee armaan gadii keessatti kennaman keessaa filii bakka galuu qabanitti galchuun irra deebi'ii barreessi. | 79 | Sirna tuqaalee barreeffama keessatti nifayyadamta; | √ | | |
| 9 | **Gilgaala 8** Fakkii gaditti dhiyaate ilaaluun waan hubatte keeyyata tokkkoon barreessi. Keeyyanni ati barreessitus caasaalee keeyyataa (hima ijoo, himoota callaafi himaa gudunfaa) qabaachuu qaba. | 88 | Fakkii dubbisuun ergaa isaa nibarreessita; | √ | | |
| 10 | **Gilgaala 8** Yaada armaan gadii ka'umsa godhachuun bar-taphee jalqabame barreesuun xumuri. Itti aansuun, daree kessatti gahee taphachuun agarsiisaa. | 98 | Bartaphee nibarreessita; | √ | | |

Dhihaannaa walsimannaa kaayyoo boqonnaaleefi gilgaalota dandeettii barreessuu waliin walqabatan ilaalchisee akka cuunfaaatti gabatee armaan olii keessatti kaa’uun danda’ameera. Kunis kan agarsiisu  duraa duuba boqonnaattiiin yoo ilaallu qabxiilee armaan gadii kun gilgaalota kitaabichaa keessatti kan eeramnidha.Yaada haaraa maddisiisuunbarreeffama dheeraa nibarreessita; qabxiin jedhu kayyoo boqonnaa waliin walsimee gilgaala dhihaatedha. Ittaansee qabxiileen kaayoo boqonnaan walsimanii dhihaatan Jechoota sagalee dheeraa, gabaabaa, jabaa, laafaa, irra butaafi hudhaa qaban fayyadamanii barreessuu; Barreeffama dheeraa barreesisuu; Gumee kenname fayyadamuun barreeffama dheeraa barreessisuu; Walqabsiiftota barreeffama keessatti akka fayyadaman taasisuu; Barreeffama seenessaa barreessisuu; Saamuda kenname fayyadamuun keeyyata addeessaa barreessisuu; Tartiiba isaanii sirreessuun keeyata akka barreessan taasisuu; Hiriyaa /fira  ilaalchisee xalayaa akka barreessan taasisuu; Sirna tuqaalee barreeffama keessatti akka fayyadaman jajjabeessuu; Fakkii dubbisuun ergaa isaa akka barreessan taasisuu; fi Bartaphee akka barreessan taasisuu kanneen jedhaman kaayyoo boqonnaalee jalatti barreessuun walqabatanii dhihaatanidha. Haala walsimannaa agarsiisuuf immoo gabatee eerame keessatti mallattoo **X** yookiin immoo √ kanaan bakka buufamee agarsiifamee jira.

Kan biroo immoo, sakkatta’a taasifame lakkoofsaafi dhibbeentaan yoo ilaalle akka armaan gadii kanatti ibsuun ni danda’ama Akka sakatta’a taasifameetti, gilgaalota dandeettii barreessuu qajeelfamoota 14,n kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa 9 (%64.28 kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin walsimee yemmuu dhiyaatu, 3 (%21.42) immoo kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin osoo walinsimin dhiyaachuun hanqina dhiyaannaa mul’ateedha. Gama biraan immoo, gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa 2 (%14.28) kaayyoo barnootaa boqonnaa kan hinqabne ta’uu gabateen armaan olii ni’agarsiisa jechuudha. Kun immoo dhihaannaa walsimannaa gilgaalotaafi boqonnaa ilaalchisee adda addumaan kan jiru ta’uu isaa kan hubachiisuudha.

### 4.2.1. Gilgaalota Barreessuu Kaayyoo Barnootaa Boqonnaan Walsiman

Akka gabatee armaan olitti dhiyaaterraa hubatametti, gilgaalonni dandeettii barreessuu salgan isaanii kaayyoo barnoota boqonnaan walsimanii akka dhiyaatan mirkanaa’eera. Kun kan agarsiisu, gilgaalonni barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan hedduun isaanii

kaayyoo barnoota boqonnaan walsimuun haalli dhiyaannaa isaanii gama kanaan gaarii ta’uusaa mul’isa.

Faayidaan isaammoo, akka barattoonni kitaaba sanaan baratanu, ergaa waan barreeffamaan dabarsan tokko kaayyoo irratti hundaa’anii akka barreessuu baraniif gargaara. Yaada kana (Hedge, 1988) yeroo eeru, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, kaayyoo barnoota boqonaa wallin hariiroo kan qaban yoo ta’e, ga’umsi dhimma ijoo tokko qofa irratti xiyyeeffachuun dhaamsa dabarsuu barattootaa nidagaaga. Akkasumas, akka barattoonni barreeffamaan dhaamsa barbaadan dabarsuu baraniif gargaara jedha.

Gilgaalonni dandeettii barreessuu hedduun kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu yoo kaayyoo barnoota boqonaa wajjin walsimanii dhiyaatan faayidaa heddu barattootaaf qabaatu. Faayidaa kanneen keessaa inni tokko, akka barattoonni walqunnamtii barbaachisu uumuu danda’aniif garagaara (Hedge, 1988).

Gama biraan, akka (Listiyani, 2009) ibsutti immoo, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan, yoo kaayyoo barnoota boqonnaa wajjin walinsimee dhiyaate ta’e, barattootni hariiroo kaayyoo fi gocha gidduu jiru hubachuu danda’u. Akkaumas, walsimannaan gilgaalaafi kaayyoo barnoota boqonnaa gidduu yoo jiraatee daangaan yaadaa nijiraata. Daangaan gilgaala tokkoo yoo dhiphaa ta’eef salphumatti dalaguuf mijata. Akkasumas akka baratoonni dandeettiiwwan qubeessuu fi jechoota adda baasuu hojiitti hiikaniif dandeessisa.

Kanarraa kan hubatamu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan kaayyoo barnoota boqonnaa wajjin walsimanii dhiyaachuun isaanii gaarii ta’uusaati. Kunis, dandeettiin barreessuu barattootaa akka guddatuuf, akka barattoonni gahumsa barreeffamoota addaa addaa kanneen akka: xalayaa barreessuu, iyyata barreessuu, gabaasa barreessuufi kanneen biroo barreessuu akka shaakalaniif kan deeggaru ta’uun hubatameera.

Walumaagalatti, gilgaalonni barreessuu kaayyoo barnootaa boqonnaan walsimuun kitaaba barattotaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, akka dandeettiin barreessuu barattootaa keessattuu kan kutaan alatti raawwatu dagaaguuf gumaacha kan qabu ta’uu agarsiisa. Kanaafuu, gilgaalonni dandeettii barreessuu salgan kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa kana keessatti dhiyaatan kaayyoo barnoota boqonnaa wajjin walsimuun dhiyaachuun isaanii gaarii

ta'uusaati. Haalli kunimmoo, gahumsi walqunnamtii barattootaa gama barreeffamaan akka guddatu taasisuun barattootni dandeettichaan dorgomaa ta'an akka uumamaniif kan dandeessisu ta'uun hubatameera.

### 4.2.2. Gilgaalota Barreessuu Kaayyoo Barnootaa Boqonnaan Wal-hinsimne

Gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan 14, keessaa 3, kaayyoo barnoota boqonnaa wajjin walinsimu. Akkuma gabatee armaan oliirraa hubatamutti, gilgaalli boqonnaa 1ffaa, fuula 8, irratti dhiyaate kan agarsiisu, qajeelfama: Dubbisa gadii matadureen isaa "Amanamummaa" jedhu akka fakkeenyaatti dhiyaate ka'umsa godhachuun mata-dureewwan gaditti kennaman keessaa tokko filachuudhaan barreeffama keeyyata 3-4 qabu barreessi; jedha. Kaayyoon barnootaa boqonnichaa dhiyaate immoo: Yaada haaraa maddisiisuun barreeffama dheeraa nibarreessita; jedha.  Kanarraa kan hubatamu, qajeelfamni gilgaalaa dhiyaate keeyyata 3-4 barreessi jedha. Kanaafuu, hangi keeyyata barreeffamuu ifa ta'eera jechuudha. Kaayyoon immoo, barreeffama dheeraa nibarreessita jedha male barreeffama hagana barreessi hinjedhu. Kanaafuu, gilgaalli dhiyaateefi kaayyoon barnootaa boqonnichaa akka walinsimne agarsiisa jechuudha.

Qajeelfamni gilgaala barreessuu boqonnaa 2ffaa, fuula 20, irratti dhiyaate: Gumee armaan gaditti kennaman ka'umsa godhachuun mata duree "Holqa Soof Umar" jedhurratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi; jedha. kaayyoon barnootaa boqonnichaa immoo: Barreeffama dheeraa nibarreessita; jedha. Akkuma kan qabxii boqonnaa 1ffaa keessatti dhiyaatee, gilgaalliifi kaayyoon gilgaalichaa dhiyaate walinsimu. Sababni, qajeelfamni gilgaalaa keeyyata 3, barreessuu yoo ta'u, kaayyoon immoo barreeffama dheeraa barreessuudha waan ta'eefi. Kanaafuu, dhimmoonni kunneen akka walinsimne agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, gilgaalli boqonnaa 3ffaa, fuula 33, keessatti dhiyaateefi kaayyoon barnootaa boqonnichaas akkuma kanneen armaan olii walinsimu. Sababni, qajeelfamni gilgaala dhiyaatee, keeyyata 3, barreessuu yemmuu ta'u, kaayyoon barnootaa boqonnichaa immoo barreeffama dheeraa barreessi jechuudha. Kunis, barreeffamni dheeraan barraa'u hagami laata kan jedhu gaaffii kaasa waan ta'eefi.

Dhimmoota walsimuu dhabuu armaan olitti dhiyaatan kanneen irraa kan hubatamu, rakkooleen garagaraa barattoota kitaaba kanaan baratanu akka mudachuu danda'uudha. Kunis, rakkoon kaayyoo irratti hundaa'anii barreeffamoota adda addaa barressuu barattoota mudachuu akka danda'u mul'isa. Rakkoo walsimannaa dhabuun dhufu, (Listiyani, 2009) yeroo eeru, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan yoo kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin kan walinsimne ta'e, gaheen gilgaalonni sunneen qaban kan xiqqaatu ta'a jedha. Kanaaf, gilgaalotni barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan 3'n kaayyoo barnootaa boqonnaan walsimuu dhabuun isaanii hanqina akka ta'e kan agarsisuudha.

### 4.2.3. Gilgaalota Barreessuu Kaayyoo Barnootaa Boqonnaa Hinqabne

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaate irraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli barreessuu boqonnaa 6ffaa, fuula 62, keessatti dhiyaateefi, gilgaalli barreessuu boqonnaa 7ffaa, fuula 71, irrati dhiyaatan kaayyoo barnoota boqonnaa hinqaban. Akka (Listiyani, 2009) ibsutti gilgaalli kaayyoo barnootaa boqonnaa hinqabne gocha galma hinqabneedha. Kunimmoo akka barnootichi hinmilkoofe taasisa. Sababni, gochi kaayyoo hinqabne, gocha ga'umsa (destination) hinqabneedha waan ta'eef jedha. Kanarraa kan hubatamu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan lamaan kaayyoo barnootaa boqonnaa dhabuun isaanii akka hanqina ta'e agarsiisa.

Walumaagalatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan lamaan, kaayyoo barnoota boqonnaa dhabuun isaanii akka barattoonni, kaayyoo male gocha tokko dalaganiif yookaan kaayyoo male barreeffama barreessaniif kan affeeruudha. Kunimmoo, akka barattoonni kaayyoo irratti hundaa'anii dandeettii barreeffamoota keeyyataa barreessuu hinhoranneef kan isaan saaxilu ta'uu agarsiisa.

## 4.3. Iftoominaa Qajeelfamoota Gilgaaloota Dandettii Barreessuu

Kaayyoon mata-duree kanaa, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, isaan kamtu qajeelfamoonni issaanii iftoomina akka qabu adda baasuufi isaan kamtummoo qajeelfamoonni isaanii iftoomina akka

hinqabne kitaabicha keessaaa sakatta'uun adda baasuun ibsuudha. Kanaaf jecha, gabatee armaan gadii keessatti hundi isaaniituu adda bahuun dhiyaataniiru.

**Gabatee 2. Iftoomina Qajeelfamoota Gilgaaloota Dandeettii Barreessuu Agarsiisan**

| ***Boqonnaa*** | ***Gilgaala*** | ***Fuula*** | ***Iftoomina Qaba*** | ***Iftoomiina Hinqabu*** |
|---|---|---|---|---|
| 1 | **Gilgaala 8**. Dubbisa gadii matadureen isaa "Amanamummaa" jedhu akka fakkeenyaatti dhiyaate ka'umsa godhachuun matadureewwan gaditti kennaman keessaa tokko filachuudhaan barreeffama keeyyata 3-4 qabu barreessi. | 8 | √ | |
| 2 | **Gilgaala 8. A.** Jecha qubee sirriin barreeffame filachuun himoota armaan gadii guutuu taasisi. | 19 | √ | |
| | **B**. Gumee armaan gaditti kennaman ka'umsa godhachuun mata duree "Holqa Soof Umar" jedhurratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi. | 20 | √ | |
| 3 | **Gilgaala 8**. Gumee armaan gaditti knname fayyadamuun mata-duree "Bosona" jedhuun barreeffama dheeraa keeyyata afur qabu barreessi. | 33 | √ | |
| 4 | **Gilgaala 8** Walqabsiistota gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti. Walqabsiistuun tokko bakka tokkoo olitti galuu nidanda'a. | 43 | √ | |
| 5 | **Gilgaala 8** Saamuda barreeffama seenessaa gaditti dhiyaate fakkeenya godhachuun barreeffama seenessaa kan biroo tokko barreessi. | 53 | √ | |
| 6 | **Gilgaala 8A**. Keeyyata addeessaa olitti dubbiste ka'umsa godhachuun gaaffilee itti aanan deebisi. | 62 | | X |
| | **B**. Barreefama olitti dhiyaate fakkeenya godhachuun mata duree tokko irratti keeyyata addeessaa tokko barreessuun dareetti dhiyeessi. | 63 | √ | |
| 7 | **Gilgaala 8. A**. Himoota gadii tartiiba yaada isaanii sirreessuun keeyyata tokkoon barreessi | 70 | √ | |
| | **C**. Gaaffilee gaditti kennaman kutaalee xalayaa olitti dhiyaate bu'uura | 71 | | X |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | godhachuun deebisi. | | | |
| | **D**. Xalayaa olitti kenname ka'umsa godhachuun hiriyaa yookiin fira kee fageenyatti argamuuf xalayaa barreessi. | 72 | √ | |
| 8 | **Gilgaala 8** Keeyyanni armaan gadii dogoggora sirna tuqaalee qaba. Sirna tuqaalee gabatee armaan gadii keessatti kennaman keessaa filii bakka galuu qabanitti galchuun irra deebi'ii barreessi. | 79 | √ | |
| 9 | **Gilgaala 8** Fakkii gaditti dhiyaate ilaaluun waan hubatte keeyyata tokkkoon barreessi. Keeyyanni ati barreessitus caasaalee keeyyataa (hima ijoo, himoota callaafi himaa gudunfaa) qabaachuu qaba. | 88 | √ | |
| 10 | **Gilgaala 8** Yaada armaan gadii ka'umsa godhachuun bar-taphee jalqabame barreesuun xumuri. Itti aansuun, daree kessatti gahee taphachuun agarsiisaa. | 98 | √ | |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Gilgaala, 'Keeyyata addeessaa olitti dubbiste ka'umsa godhachuun gaaffilee itti aanan deebisi;' jedhuufi gilgaala, 'Gaaffilee gaditti kennaman kutaalee xalayaa olitti dhiyaate bu'uura godhachuun deebisi,' jechuun dhiyaataniin alatti kanneen hafan martinuu qajeelfamoonni isaanii iftoomina kan qabaniidha. Akkasumas, gabatee armaan olii keessatti gilgaalonni qajeelfama iftoomina hinqabne qaban mallattoo X'n, kan ibsaman yemmuu ta'u, kanneen qajeelfama iftoomina qabu qaban immoo mallattoo√'n ibsamaniiru.

Gilgaalota qajeelfamoonni isaanii iftoomina hinqabneefi kanneen qajeelfamoonni isaanii iftoomina qaban immoo bifa dhibbentaan yemmuu ibsaman: gilgaalota barreessuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti qajeelfamoota 14,n dhiyaatan keessaa 12 (%85.71) ulaagaa qajeelfamooni qabaachuu qabaniin gaarii yemmuu ta'an; 2 (%14.28) garuu akkaataa yaadgabbiin gilgaalichaa ittiin argamu ifa tasiisuu dhabuu isaaniitiin hanqina kan qaban ta'uusaanii adda baasuun danda'ameera.

### 4.3.1. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Qajeelfama Iftoomina Qabu Qaban

Akka qorannoo kanarraa hubatametti, gilgaalotni dandeettii barreessuu kudha lama kitaaba kana keessatti dhiyaatan qajeelfamoonni isaanii iftoomina qabu. Kunis, qajeelfamooni dhiyaatan hunduu akkamiin akka gilgaalichi hojjatamu yookaan shaakalamu ifa ta'ee dhiyaateera waan ta'eef. Kunimmoo, akka barattoonnis ta'ee barsiisonni kitaaba kanatti fayyadamanu kaayyoo barnoota dhiyaatee hubachuudhaan gahee isaan irraa eegamu bahataniif kan qajeelchu ta'uusaa mul'isa. Sababni isaas, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan isaan kamtu kaayyoo maalii galmaan ga'uuf akka dhiyaatan qajeelfamoonni isaanii kan agarsiisu ta'uu qorannoon kun ni'agarsiisa.

Akka (Harmer, 1991) ibsutti, adeemsa barnoota afaanii baruu barsiisuu keessatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, haala barattoonnis ta'ee barsiistonni hubachuu danda'aniin qajeelfamooni isaanii iftoomina qabaachuun dhiyaachuun barbaachisaadha. Sababni, kaayyoo barnootaa daree keessatti raawwatuufi dareen alatti raawwatamuuf dhiyaatan galmaan gahuuf qajeelfamoonni isaanii haala iftoomina qabuun kitaaba barattootaa keessatti dhiyaachuun barbaachisaa fi murteessaadha jedha.

Yaada armaan olii kanarratti hundaa'uun kan hubachuun danda'amu, qajeelfamoonni gilgaalota barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa bifa iftoomina qabuun dhiyaachuun isaanii akka barattoonnis ta'ee barsiistonni gahee isaanii adda baasanii beekuun waan raawwatamu raawwataniif kan gargaaru ta'uusaati. Kanaafuu, gilgaalonni barreessuu kitaaba kanaa qajeelfamoonni isaanii bifa iftoomina qabuun dhiyaatan akka barsiistonnis ta'ee barattoonni itti gaafatamummaa isaan irraa eegamu bifa barbaadamuun bahataniif kan dandeessisu ta'uusaa kan mul'isu ta'uu hubatameera.

Faayidaan qajeelfamoonni gilgaalota dandeettii barreessuu iftoomina qabaaachuu: akka barattoonni haala ho'aa ta'een hirmaataniifi akka barattoonni beekumsa goonfachuun barbaachisu goonfataniif gargaara, (Harmer, 1991). Kanaafuu, qajeelfamoonni gilgaalota bareessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan bifa hubatamuu danda'uun dhiyaachuun isaanii gaariidha. Sababni, gilgaalonni barreessuu bifa kanaan dhiyaachuun isaanii adeemsi barachuu barattootaa akka bu'a qabeessa ta'u waan taasisuuf.

Akka waliigalaatti, sakatta'a kitaabaa taasifamerraa ka'uun kan hubatamu: gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hedduun bifa iftoomina qabuun dhiyaachuun isaanii gaarii ta'uufi bifa dandeettii barreeffamoota addaa addaa barreessuu barattootaa dagaagsuuf kan dhiyaate ta'uun hubatameera.

### 4.3.2. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Qajeelfamoonni Isaanii Iftoomina Hinqabne

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaate irraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa qajeelfamoota kudha-afuriin dhiyaatan keessaa qajeelfamootni gilgaalota lamaa, iftoomina hinqaban. Gilgaalli barreessuu boqonnaa 6ffaa, fuula 62, irratti dhiyaate, 'Keeyyata addeessaa olitti dubbiste ka'umsa godhachuun gaaffilee itti aanan deebisi.' jedha. Akkasumas, gilgaalli barreessuu 8C, boqonnaa 7ffaa, fuula 71, irratti dhiyaate, 'Gaaffilee gaditti kennaman kutaalee xalayaa olitti dhiyaate bu'uura godhachuun deebisi.' jedha.

Akka qajeelfamoota gilgaalotaa kanneenii irraa hubatamutti, qajeelfamoonni dhiyaatan, bifa 'deebisi' jedhuun qofa dhiyaatan. Kunimmoo, gaaffii maaliin? jedhu namatti uuma. Yookaan, deebiin isaanii kan deebi'u barreeffamaani moo afaaniin deebi'uu akka ta'e iftoomina hinqabu. Kanatu, qajeelfama iftoomina hinqabne isaan jechisiise.

Gilgaalonni kunneen, kitaaba barattootaa irratti bifa kanaan dhiyaachuun isaanii, akka barattoonni shaakala dhiyaate hojjataniif rakkisuu danda'u waan ta'eef haala barattoonni ittiin hojjachuu danda'aniin ifa ta'anii dhiyaachuu dhabuun isaanii hanqina jechuudha. Akka boqonnaa 2ffaa mata duree '***madda hanqina gilgaalota barreessuu'*** jedhu keessatti ibsameetti, qajeelfamoonni gilgaalotaa iftoomina dhabuun isa tokko akka ta'e (Harmer, 1991) ibseera. Haalli kunimmoo, barreeffamaan walqunnamtii taasisuu barachuu barattootaa irratti dhiibbaa uumuu kan danda'uufi gahumsa dandeettii barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa uumuu akka danda'u mul'isa.

Akka (Harmer, 1991 ibsutti, gilgaalonni barreessuu yoo bifa hubatamuu hindandeenyeen dhiyaatani, akka barattooni wanta hojjatanu sana irratti yaada ga'aa ta'e hinburqisiisnefi akka barattoonni barreeffama qabatamummaa qabu hinbarreessineef danqaa itti ta'uu

danda'a. Dabalataan, akka barattoonni yaada isaanii gama jecha haaraan, himaan, seerlugaafi mala barreessuu isaanii irratti hundaa'anii yaada isaanii hinfooyyessineef dhiibbaa uumuu danda'a jedha. Kanaaf, gilgaallonni barreessuu lamaan kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa kana keessatti iftoomina male dhiyaatan, rakkoolee kanneen barattoota irraan qaqqabsiisuu akka danda'an agarsiisa.

Akka waliigalaatti, qajeelfamoonni gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan iftoomina dhabuun isaanii kallattii sirrii ta'e barattootattis ta'ee barsiistotatti kan hinagarsiisne ta'uu, akka barattoonni bifa barbaadamuun yaada isaanii waljijjiiruu hindandeenyeefi akka barattoonni muuxannoo barreessuu barbaachisaa ta'e hinhoranneef kan barattoota saaxilu ta'uu sakatta'a taasifamerraa hubatameera.

## 4.4. Qindoomina Gilagalota Dandeettii Barreessuu fi Dandeettilee Biroo

**Gabatee 3. Qindoomina Gilgaalota Barreessuu fi Dandeettilee Biroo Agarsiisu**

| ***T.L.*** | **Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuu Dandeettilee Biroo** | **Boqonnaalee Dandeettiin Barressuu Keessatt Dhiyatan** | **Baay'ina Qindoomina Barreessuufi Dandeettilee Biroo** | **Baay'ina Dandeettiilee Biroo Kitaabicha Keessatti Dhiyaatanii** | **Dhibbantaa (%)** |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | *Dandeettii* ***Dhaggeeffachuu*** | *2, 4, 5, 6, 7, 8, Fi 9* | *7* | *31* | *%22.58* |
| 2 | *Dandeeti* ***Dubbachuu*** | _ | - | - | _ |
| 3 | *Dandeettii* ***Dubbisuu*** | *2, 3, 4, 5, Fi 7* | *5* | *11* | *%45.45* |
| 4 | ***Fayyadama Jechaa*** | *1, 2, 3, 4, 7, 9 Fi 10* | *7* | *17* | *%41.17* |
| 5 | ***Caaslugaa*** | *1, 2, 3, 4, 5, 7, 8, Fi 9* | *8* | *15* | *%53.33* |
| 6 | ***Afoola*** | *7* | *1* | *7* | *%7.7* |

Akkuma gabatee armaan oliitti dhiyaaterraa hubatamutti, gilgaaloonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyatan, dandeettii Dhaggeeffachuu waliin %22.58, dandeettii Dubbisuu waliin %45.45, Fayadama Jechoota waliin %41.17, Caasluga waliin %53.33, akkasumas Afoola waliin %7.7, qindaa'anii akka dhihaatan nimul'isa. Garuu, dandeettii dubbachuu wajjin osoo hinqindaa'ain akka dhiyaatan sakatta'a kitaabaa taasifamerraa hubachuun danda'ameera.

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaaterraa hubatamutti gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, kopha-kophaatti akka isaan hindhiyaatin nihubatama. Gilgaalonni dandeettii barreessuufi dandeettilee biroo wajjiniin qindaa'uun dhiyaachuun isaaniimmoo, akka barattoonni hennaa gilgaalota dandeettii bareessuu hojjatanu, dandeettiilee biroos duukaa hojjachuu akka danda'aniif kan tumsu ta'uu agarsiisa. Kunimmoo, waan lama walkeessa barachuuf akka gargaarullee nihubachiisa.

Kanaafuu, gilgaalonni barreessuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti bifa dandeettilee biroo wajjin qindoomina qabuun dhiyaachuun isaanii gaarii akka ta'e kan hubatamuudha. Gilgaalli dandeettii tokkoo dandeettii biroo waliin qindaa'ee dhiyaachuun gaarii ta'uusaa (Hinkel, 2006) yeroo ibsu, haala dhiyeenya waliigaltee keessatti dandeettiiwwan afaanii warra gurguddoofi xixiqqoo walkeessa qindeessanii dhiyeessuun gaariidha jedha. Kunimmoo, akka barattoonni dandeettiilee kanneen walkeessa goonfataniif kan gargaru ta'uusaa agarsiisa. Kanaafuu, kitaabni barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa kun, gilgaalota dandeettii barreessuufi dandeettiilee biroo walkeessa hammachiisee dhiyeessuun isaa akka gaarii ta'e qorannoon kun ni'agarsiisa.

Akka qorannoo kanarraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan, dandeettilee biroo wajjin bifa qindoomina qabuun dhiyaachuun isaanii kitaabichi haala dhiyeenyaa afaan barsiisuu kan ammayyaawaa ta'e irratti hundaa'ee kan qophaa'e ta'uusaati. Haala dhiyeenyaa afaan barsiisuu kan ammayyaawaa ta'e keessatti, barattoonni dandeettiilee afaanii qindoomina qabu akka barataniif xiyyeeffatee kitaabni barattootaa qophaa'a, (Harmer, 1991).

#### 4.4.1. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Dandeettii Dhaggeeffachuu

Akka sakatta'a kitaabaa taasifame irratti hundaa'uun hubatametti, qajeelfamoota gilgaalota dandeettii dhaggeeffachuu 31, kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaayatan keessaa, qajeelfamoonni gilgaalota 7, gilgaalota dandeettii barreessuu wajjin qindaa'uun akka dhiyaatan adda baasuun danda'ameera. Kanaafuu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, dandeettii dhaggeeffachuu wajjin qaindaa'uun dhiyaachuu isaanii agarsiisa. Akka qorannoo kanarraa hubatametti, gilgaalonni barreessuufi dhaggeeffachuu walkeessa dhiyaachuun isaanii gaarii ta'uusaati. Kunis, akka barattoonni odeeffannoo dandeettii dhaggeeffachuutiin argatan sana fayyadamuudhaan dandeettii barreessuu isaanii dagaagsaniif kan deeggaru ta'uusaati.

Akka (Hedge, 1988) ibsutti, kitaabni barattootaa, akka barattoonni maddoota gara garaa irraa wanta dhaggeeffatan irratti hundaa'anii barreessaniif yemmuu shaakalchiisu, barattoonni dandeettii lama walkeessa dagaagfachuu isaanii beekuuf gargaara. Dandeettiin inni jalqabaa, waan dhaggeeffatan hammam qalbifatan kan jedhu adda baasuuf kan gargaaru yemmuu ta'u, inni lammataa immoo, waan dhaggeeffatan hammam deebisanii barreeffamaan ibsuu akka danda'an adda baasuuf gargaara jedha. Kun kan agarsiisu, qindoominni dandeettii kennoo (barreessuu) fi fudhatoo (dhaggeeffachuu) gahumsa dandeettii afaanii barattootaa kan fooyyeessu ta'uusaati. Kanaafuu, kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dandeettileen lamaan bifa kanaan walkeessa dhiyaachuun isaanii, akka barattoonni walqunnamtii kennoofi fudhatoo ta'an lamaanitti dhimma bahaniif kan isaan dandeessisu ta'uusaa agarsiisa.

#### 4.4.2. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Dandeettii Dubbisuu

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaate irraa hubatamutti, qajeelfamoota gilgaalota dandeettii dubbisuu 11, kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaayatan keessaa, qajeelfamoonni gilgaalota 5, gilgaalota dandeettii barreessuu wajjin qindaa'uun akka dhiyaatan adda baasuun danda'ameera. Kanaafuu, dandeettiin dubbisuus, gilgaalota dandeettii barreessuu wajjin qindaa'uun kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa

8ffaa keessatti akka dhiyaate kan agarsiisuudha. Akka qorannicharraa hubatametti, gilgaalonni barreessuu, dandeettii *dubbisuu* wajjin walkeessa dhiyaachuun isaanii akka barattoonni madoota dubbisaa addaa addaa fayyadamuudhaan barreeffama garagaraa barreessuu shaakalaniif barattoota barsiisuuf jecha akka dhiyaate hubatameera.

Akka (Harmer, 1991) ibsutti, akka barattoonni dandeettiilee afaanii dagaagfataniif jecha kitaabilee afaanii keessatti dandeettilee afaanii walkeessa dhiyeessuun barbaachisaadha, Sababni, dandeettileen kunneen walkeessa kan gabbifatamaniifi waliin male tajaajiluuf kan hinmijanne ta'uu isaan hubataniif carraa uuma jedha. Kanarraa kan hubatamu, qindoominni dandeettiilee dubbisuufi barreessuu kitaaba barattootaa keessa jiraachuun kan barbaachisu ta'uusaati. Walumaagalatti, gilgaalonni dandeettii barreessuufi dandeettii dubbisuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti wajjin qindoomuun dhiyaachuun isaanii gaarii akka ta'e agarsiisa.

### 4.4.3. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Fayyadama Jechaa

Akka sakatta'a kitaabaa gaggeeffame irratti hundaa'uun hubatametti, qajeelfamoota gilgaalota fayyadama jechaa 17, kitaabicha keessatti dhiyaayatan keessaa, qajeelfamoonni gilgaalota 7, gilgaalota dandeettii barreessuu wajjin qindoomina akka qaban adda baasuun danda'ameera.  Kanaaf, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, fayyadama jechootaa wajjin qaindaa'uun kitaabicha keessatti akka dhiyaatan hubatameera. Kun kan agarsiisu, qindoominni fayyadama jechootaafi gilgaalota barreessuu kitaaba barattootaa keessatti barbaachisaa ta'uusaati. Faayidaa qindoomina fayyadama jechootaafi dandeettii barreessuu, (Hedge, 1988) yemmuu ibsu, akka barattoonni barreeffama barreessanu keessatti itti fayyadama jechoota haaraa fi itti fayyadama jechoota filatamoo ta'an dagaagfataniif barattoota kakaasa jedha. Walumaagalatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, fayyadama jechaa waliin qindaa'uun dhiyaachuun isaanii gaarii ta'uusaa agarsiisa.

### 4.4.4. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Caaslugaa

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaate irraa hubatamutti, qajeelfamoota gilgaalota caaslugaa 15, kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaayatan keessaa, qajeelfamoonni gilgaalota 8, gilgaalota dandeettii barreessuu wajjin qindoomina uumuun akka dhiyaatan adda baasuun danda'ameera. Kanaafuu, gilgaalotni dandeettii barreessuu Caslugaa wajjin qindaa'uun kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaachuun isaanii hubatameera. Gilgaalota barreessuufi gilgaalota caaslugaa walkeessa dhiyaachuun barsiisuun immoo barattootaaf baay'ee barbaachisaadha. Sababni, akka barattoonni seera afaanii beekuufi hordofuun barbaachisu hordofanii barreessuu shaakaluun dandeettii barreessuu isaanii dagaagfataniif kan gargaaru waan ta'eef.

Akka (Hedge, 1988) ibsutti, barattoonni yemmuu caasluga irratti hundaa'anii gilgaalota dandeettii barreessu shaakalanu, gahumsi dandeettii barreessuu isaanii nidagaaga jedha. Haalli kunimmoo, akka barattoonni seera barreffamaa irratti hundaa'anii barreeffamaan walqunnamtii barbaachisaa ta'e uumniif kan gargaaru ta'uusaa agarsiisa. Walumaagalatti, gilgaalotni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, Caslugaa wajjin qindaa'uun dhiyaachuun isaanii gaarii ta'uusaa agarsiisa.

### 4.4.5. Qindoomina Gilgaalota Dandeetti Barreessuufi Afoolaa

Akkuma gabatee gubbaatti dhiyaate irraa hubatamutti, qajeelfamoota gilgaalota afoolaa 7, kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaayatan keessaa, qajeelfamni gilgaala 1, qofti, gilgaalota dandeettii barreessuu wajjin qindoomina uumuun akka dhiyaate kan hubatamuudha. Kanaafuu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa baranoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, Afoola wajjin qaindaa'uun akka dhiyaatan hubatameera.

Gilgaalonni barreessuu kunneen, afoolaa wajjin walkeessa dhiyachuun isaanii faayidaa heddu qabu. Kunis, akka barattoonni afoolawwan naannoo isaaniitti argaman barreessanii daree fiduun ittiin wal bashannansiisaniifi walbarsiisaniif kan gargaaruudha. Dabalataan,

akka barattoonni gosoota afoola addaa addaa gaa baduutti deemaa jiran hawaasa gaafachuun adda baasanii barreessuudhaan dhaloota dhufuuf akka olkaa'aniif kan barattoota kakaasuudha. Akka (Hedge, 1988) eerutti immoo, faayidaan dandeettii barreessuufi afoola walkeessa dhiyeessuu, akka barattoonni kalaqa ogbarruu keessatti hirmaataniif barattoota jajjabeessa jedha. Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, barattoonni yemmuu gilgaalota barreessufi afoola walkeessa baratan, gahumsa barreeffamoota kalaqaa keessattillee akka hirmaataniif kan isaan kakaasu ta'uusaati.

Akka qorannoo kanarraa hubatamutti, gilgaalli dandeettii barreessuu tokko qofti, afoolaa wajjin qindaa'ee kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaachuun isaa hanqina ta'us, garuu gilgaalonni dandeettii barreessuufi afoolaa wajjin qindaa'uun kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanii baratamuun barattootaaf gaarii akka ta'e yaada hayyoonni olitti jedhaniifi gilgaala qindaa'ee dhiyaate irraa hubachuun danda'ameera. Barbaachisummaan qindoominaa hubatames, akka barattoonni afoola bakka addaa addaatii dhaggeeffatan barreessanii olkaa'aniifi, akka isaan barreessanii dareetti geessuun ittiin bashannanaa barataniif kan barattoota kakaasu ta'uusaati. Kan biroo, akka isaan madda barreeffama barreessuun dareetti dhiyeessanu, afoola bakka garaagaraatii dhagahan irraa godhataniif kan karaa itti agarsiisu ta'uusaa agarsiia.

Akka waliigalaatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, dandeettiilee gurguddoo kanneen akka dhaggeeffachuufi dubbisuu wajjin qindaa'uun kan dhiyaatan ta'uufi dandeettilee xixiqqoo: caasluga, fayyadama jechaafi afoolaa wajjin qindaa'uun dhiyaataniiru. Haata'u malee, gilgaalonni barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan, dandeettii dubbachuu wajjin osoo hinqindaa'in akka dhiyaatan sakatta'a taasifamerraa hubachuun danda'ameera. Ta'ullee, dandeettii dubbachuu keessatti akka barattoonni waan tokko barreessuun afaaniin ibsan gochuun gilgaalota dandeettii dubbachuufi barreessuu walkeessa dhiyeessuun walkeessa barsiisuun nidanda'ama.

## 4.5. Gilgaalota Barreessuu Meeshaalee Qabatamoon Deeggaramuun Dhiyaatan

**Gabatee 4: Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Meeshaalee Qabatamoo Kanneen Akka Fakkii, Gabatee, Kaartaa, Giraafii Fi Kan Biron Deeggaramanii Dhiyaachuu Ibsu**

| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Fakkii | Gabatee | Giraafii | Kaartaa | Suuraa | Kanbiro |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | **Gilgaala 8**. Dubbisa gadii matadureen isaa "Amanamummaa" jedhu akka fakkeenyaatti dhiyaate ka'umsa godhachuun matadureewwan gaditti kennaman keessaa tokko filachuudhaan barreeffama keeyyata 3-4 qabu barreessi. | 8 | X | X | X | X | X | X |
| 2 | **Gilgaala 8. A.** Jecha qubee sirriin barreeffame filachuun himoota armaan gadii guutuu taasisi. | 19 | X | X | X | X | X | X |
| | **B**. Gumee armaan gaditti kennaman ka'umsa godhachuun mata duree "Holqa Soof Umar" jedhurratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi. | 20 | X | X | X | X | X | X |
| 3 | **Gilgaala 8** Gumee armaan gaditti knname fayyadamuun mata-duree "Bosona" jedhuun barreeffama dheeraa keeyyata afur qabu barreessi. | 33 | X | X | X | X | X | X |
| 4 | **Gilgaala 8** Walqabsiistota gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti. Walqabsiistuun tokko bakka tokkoo olitti galuu nidanda'a. | 43 | X | √ | X | X | X | X |
| 5 | **Gilgaala 8** Saamuda barreeffama seenessaa gaditti dhiyaate fakkeenya godhachuun barreeffama seenessaa kan biroo tokko barreessi. | 53 | X | X | X | X | X | X |
| 6 | **Gilgaala 8A**. Keeyyata addeessaa olitti dubbiste ka'umsa godhachuun gaaffilee itti aanan deebisi. | 62 | X | X | X | X | X | X |
| | **B**. Barreefama olitti dhiyaate fakkeenya godhachuun mata | 62 | X | X | X | X | X | X |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | duree tokko irratti keeyyata addeessaa tokko barreessuun dareetti dhiyeessi. | | | | | | | |
| 7 | **Gilgaala 8. A**. Himoota gadii tartiiba yaada isaanii sirreessuun keeyyata tokkoon barreessi | 70 | X | X | X | X | X | X |
| | **C**. Gaaffilee gaditti kennaman kutaalee xalayaa olitti dhiyaate bu'uura godhachuun deebisi. | 71 | X | X | X | X | X | X |
| | **D**. Xalayaa olitti kenname ka'umsa godhachuun hiriyaa yookiin fira kee fageenyatti argamuuf xalayaa barreessi. | 72 | X | X | X | X | X | X |
| 8 | **Gilgaala 8** Keeyyanni armaan gadii dogoggora sirna tuqaalee qaba. Sirna tuqaalee gabatee armaan gadii keessatti kennaman keessaa filii bakka galuu qabanitti galchuun irra deebi'ii barreessi. | 79 | X | √ | X | X | X | X |
| 9 | **Gilgaala 8** Fakkii gaditti dhiyaate ilaaluun waan hubatte keeyyata tokkkoon barreessi. Keeyyanni ati barreessitus caasaalee keeyyataa (hima ijoo, himoota callaafi himaa gudunfaa) qabaachuu qaba. | 88 | √ | X | X | X | X | X |
| 10 | **Gilgaala 8** Yaada armaan gadii ka'umsa godhachuun bar-taphee jalqabame barreesuun xumuri. Itti aansuun, daree kessatti gahee taphachuun agarsiisaa. | 98 | X | X | X | X | X | X |

Akka sakatta'a kitaabaa taasifametti, gilgaalota, 'Walqabsiistota gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti. Walqabsiistuun tokko bakka tokkoo olitti galuu nidanda'a; Keeyyanni armaan gadii dogoggora sirna tuqaalee qaba. Sirna tuqaalee gabatee armaan gadii keessatti kennaman keessaa filii bakka galuu qabanitti galchuun irra deebi'ii barreessi; jedhaniifi, gilgaalli 'Fakkii gaditti dhiyaate ilaaluun waan hubatte keeyyata tokkkoon barreessi. Keeyyanni ati barreessitus caasaalee keeyyataa (hima ijoo, himoota callaafi himaa gudunfaa) qabaachuu qaba; jechuun dhiyaatan kanneen meeshaale qabatamoo ta'an deeggaramuun kitaaba kana keessatti dhiyaataniidha. Gilgaalota kanneeniin alatti, kanneen hafan martinuu meeshaalee qabatamoo ta'aniin deeggaramuun osoo hindhiyaatin kan hafan ta'uu gabateen armaan olii ni'agarsiisa. Akkasumas, gilgaalota

meeshaalee qabatamoon deeggaramuun dhiyaatan, mallattoo√ fayyadamuun kan addeeffame yemmuu ta'u, gilgaalota meeshaalee qabatamoon osoo hindeeggaramin dhiyaatan mallattoo X, fayyadamuun gabatee armaan olii keessatti ibsamaniiru.

Gilgaalotni meeshaalee qabatamoon deeggaramuun dhiyaatan immoo akka ittaanutti bifa dhibbentaan kaa'amaniiru. Gilgaalonni barreessuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti meeshaalee qabatamoo yookaan wantoota mul'atan keessaa, ***fakkiin*** deeggaruum dhiyaate, 1 (%7.14), qofa yemmuu ta'u, kan ***gabateen*** deeggaamuun dhiyaatan immoo, 2 (%14.28), qofadha Akka gabatecha irraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu giraafiidhaan, kartaan, suuraan, chaartiifi kkf deeggaramuun kitaaba kutaa 8ffaa keessatti kan hindhiyaanne ta'ee gabateen armaan olii ni'agarsiisa. Akka boqonnaa 2faa mata duree maddoota hanqinaa gilgaalota dandeettii barreessuu keessatti ibsametti, hanqinni gilgaala dandeettii barreessuu, meeshaalee qabatomoo kanneen akka kaartaa, suuraa, fakkiifi kan biroo faana deeggaramee dhiyaachuu dhabuudha.

### 4.5.1. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Fakkiin Deeggaramuun Dhiyaatan

Akkuma gabatee armaan olii irraa ibsamutti, gilgaalli dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti fakkiin deeggaramuun dhiyaate, kan boqonnaa 9ffaa, fuula 88, keessatti dhiyaate qofadha. Boqonnaa kana keessatti fakkii paarkii ibiddaan barbadaa'uu ilaaluun, akka barattoonni caasaalee keeyyataa, hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa fayyadamuun akka isaan keeyyata barreessuu shaakalaniif fakkeenyaan dhiyaateera. Fakkii kanarratti hundaa'uun akka barattoonni waan fakkicha irraa hubatan barreessaniif ta'ee qajeelfamni gilgaalaa dhiyaateera.

Akka qorannoo kanarraa hubatamutti, barattoonni yemmuu fakkiilee dhiyaatan kanneen irratti hundaa'anii keeyyata bareessanu hubannoo wanta gara garaa dagaagfatu. Fakkeenyaaf, akka barattoonni wanta tokko ijaan ilaalanii bifa barreeffamaan deebisanii ibsaniif isaan dandeessisa. Kana cinaatti, mata durechaan walqabsiisanii yemmuu barreessanu, himni ijoon maal akka ta'e, himni callaafi himni goolabaa ergaa akkamii akka baatu hubachuu danda'u. Haalli kunimmoo gaarii ta'uu mul'isa. Akka Risinger (2013:20) irratti ibsutti, gilgaalli barreessuu tokko yoo kitaaba barattootaa keessatti fakkiin deeggara

dhiyaate, akka barattoonni yaadicha hubatanii bifa salphaa ta’een barreessaniif gargaara jedha. Kanaafuu, kitaabni kun, gama kanaan haala gaariin akka dhiyaate agarsiisa.

Boqonnaalee adda addaa keessatti fakkiileen adda addaa kitaaba kana keessatti dhiyaataniiru. Haata’u malee, gilgaalonni dandeettii barreessuu itiin hindhiyaanne. Fakkenyaaf, boqonnaa 2ffaa keessatti, fakkiin ijoollee gaaddisa jala taa’anii hibboo taphatanii, boqonnaa 7ffaa fuula 65 fi 67 keessatti, fakkiin daa’imman hojii humnaa olii hojjachiisuu jedhu agarsiisu, boqonnaa 8ffaa fuula 82, keessatti fakkiin intala loon tiksistuu dhiyaataniiru. Garuu, gilgaalonni dandeettii barreessuu osoo ittiin hindhiyaatin hafeera. Kaayyoon fakkiileen kunneen dhiyaataniif dandeettii barreessuu ittiin barsiisuu ta’uu baatus, garuu dandeettii barreessuu dandeettilee gurguddoos ta’ee xixiqqoo wajjin walkeessa ykn qindoominaan fiduun ittiin barsiisuun danda’amu ture.

### 4.5.2. Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Gabateen Deeggaramuun Dhiyaatan

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaate irraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa, boqonnaa 4ffaa fuula 43, fi boqonnaa 8ffaa fuula 79, irratti gabateen deeggaramuun dhiyaataniiru. Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba kana keessatti gabateen deeggaramanii dhiyaatan, akka barattoonni wanta barreessan sana bifa salphaa ta’een barreessaniif akka gargaaru agarsiisa.

Akka (Risinger, 2013) ibsutti, gilgaalonni barreessuu gaafa meeshaalee qabatamoo ta’an kanneen akka gabateetiin deeggaramuun dhiyaatan, fedhiin shaakaloota barreessuu hojjachuu barattootaa nidabala jedha. Akka ibsa isaarraa hubatamutti, gilgaalli barreessuu meeshaalee qabatamoo ta’an kanneen akka gabateen deeggaramee yoo dhiyaate, kaka’umsi shaakala barreessuu barattootatti akka uumamuu danda’u agarsiisa. Kanaaf gilgaalonni barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti gabateen deeggaramanii dhiyaachuun isaanii gaarii ta’uusaa agarsiisa.

### 4.5.3. Meeshaalee Qabatamoo Kanneen Biroo Hindhiyaatin Hafan

Akkuma gabatee olitti dhiyaate irraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, meeshaalee qabatamoo ta'an keessaa kanneen akka: suuraa, kaartaa, giraafiifi kan biroon otuu deeggaramee hindhiyaatin akka hafe nimul'ata. Ta'ullee, meeshaalee qabatamoo keessaa kanneen akka suuraalee godambaa, suuraa namoota jila taa'aniifi fakkiileen garagaraa kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti hedduun isaanii dhiyaatanus, gilgaalonni dandeettii barreessuu osoo ittiin hindhiyaatin akka hafan sakatta'a taasiamerraa nihubatama.

Haata'u malee, gilgaalli barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu, meeshaalee qabatamoo kanneeniin, akka barattoonni ittiin deegaramanii barreessan ta'ee dhiyaachuun isaa, akka barattoonni waan tokko ilaaluun yaada burqisiisanii barreessuu shaakalaniif isaan gargaara. Sababni isaa, wantoonni akkanaa fedhii barreessuu barattoota keessatti uumuu danda'u waan ta'eef, (Risinger, 2013). Akka ibsa isaatti, suuraa ykn wanta mul'atu tokko dhiyeessuun akka barattoonni yaadrimee suurichaa ykn wanta mul'atu sanaa gara barreeffamaatti jijjiiran taasisuun akka danda'amu agarsiisa. Kanaaf, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan meeshaalee kanneen deeggaramanii osoo hindhiyaatun hafuun hanqinni dhiyaannaa akka gama kanaan jiru mul'isa.

Gama biraan, gilgaalli barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatu akka barattoonni maqaa wantoota ijaan mul'atanii barreessan ta'ee dhiyaachuu fi yaadota kaartaafi kan biroon dhiyaatan akka barattoonni adda baasanii barreessan ta'ee dhiyaachuun akka dandeettiin barreessuu barattootaa guddatuuf gagaara, (Abdullah and Yunus, 2019)**.** Akka ibsa isaatti meeshaalee qabatamoon kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanu, daree keessattis ta'ee dareen alatti akka barattoonni yaada bal'aa burqisiisanii ittiin bareessaniif kan gargaaru ta'uu agarsiisa.

Akka waliigalaatti, gilgaalotni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan meeshaalee qabatamoo ta'an keessaa fakkiifi gabatee qofaan deeggaramuun akka dhiyaatan hubatameera. Kanaafuu, gilgaalli barreessuu

kun meeshaalee qabatamoo ta’an kanneen lamaan qofaan deeggaramee dhiyaachuun isaa akka hanqina ta’e agarsiisa. Sababni, meeshaalee kanneenitti gargaaramanii barreeffama tokko barreessuun akka salphatuufi meeshaaleen kannneenitti gargaaramanii barreessuu shaakaluun ofitti amanamummaa barattootaa kan dabalan ta’uu yaada hayyoonni gubbaatti dhiyeessan irraa nihubatama waan ta’eef.

## 4.6. Tarsiimoo Dandeettii Barreessuufi Gilgaalota Dandeettii Barreessuu

Akkuma sakatta’a barruu jalatti dhihaateen, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan, tarsiimoolee barreessuu adda addaatiin shaakalchiifamuu danda’u. Kanarraa ka’uun, gilgaalotni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, tarsiimoolee barreessuu isaan kam irratti hundaa’ee akka dhiyaate, gabatee armaan gadii keessatti ibsameera.

**Gabatee 5. Dhiyeenyaa Tarsiimolee Dandeettii Barreessuufi Gilgaaloota Barreessuu**

| **Boqonnaa** | **Gilgaalota** | **Fuula** | **Haala dhiy. Adeemsaa** | **Haala dhiyeenyaa Bu’aa** |
|---|---|---|---|---|
| | | | %28 57 | %7 .42 |
| 1 | **Gilgaala 8**. Dubbisa gadii matadureen isaa “Amanamummaa” jedhu akka fakkeenyaatti dhiyaate ka’umsa godhachuun matadureewwan gaditti kennaman keessaa tokko filachuudhaan barreeffama keeyyata 3-4 qabu barreessi. | 8 | X | √ |
| 2 | **Gilgaala 8. A.** Jecha qubee sirriin barreeffame filachuun himoota armaan gadii guutuu taasisi. | 19 | X | √ |
| | **B**. Gumee armaan gaditti kennaman ka’umsa godhachuun mata duree “Holqa Soof Umar” jedhurratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi. | 20 | √ | X |
| 3 | **Gilgaala 8** Gumee armaan gaditti knname fayyadamuun mata-duree “Bosona” jedhuun barreeffama dheeraa keeyyata afur qabu barreessi. | 33 | √ | X |
| 4 | **Gilgaala 8** Walqabsiistota gabatee keessatti kennaman | 43 | X | √ |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | keessaa filachuun bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti. Walqabsiistuun tokko bakka tokkoo olitti galuu nidanda’a. | | | |
| 5 | **Gilgaala 8** Saamuda barreeffama seenessaa gaditti dhiyaate fakkeenya godhachuun barreeffama seenessaa kan biroo tokko barreessi. | 53 | X | √ |
| 6 | **Gilgaala 8A**. Keeyyata addeessaa olitti dubbiste ka’umsa godhachuun gaaffilee itti aanan deebisi. | 62 | X | √ |
| | **B**. Barreefama olitti dhiyaate fakkeenya godhachuun mata duree tokko irratti keeyyata addeessaa tokko barreessuun dareetti dhiyeessi. | 62 | X | √ |
| 7 | **Gilgaala 8. A**. Himoota gadii tartiiba yaada isaanii sirreessuun keeyyata tokkoon barreessi | 70 | √ | X |
| | **C**. Gaaffilee gaditti kennaman kutaalee xalayaa olitti dhiyaate bu’uura godhachuun deebisi. | 71 | X | √ |
| | **D**. Xalayaa olitti kenname ka’umsa godhachuun hiriyaa yookiin fira kee fageenyatti argamuuf xalayaa barreessi. | 72 | X | √ |
| 8 | **Gilgaala 8** Keeyyanni armaan gadii dogoggora sirna tuqaalee qaba. Sirna tuqaalee gabatee armaan gadii keessatti kennaman keessaa filii bakka galuu qabanitti galchuun irra deebi’ii barreessi. | 79 | X | √ |
| 9 | **Gilgaala 8** Fakkii gaditti dhiyaate ilaaluun waan hubatte keeyyata tokkkoon barreessi. Keeyyanni ati barreessitus caasaalee keeyyataa (hima ijoo, himoota callaafi himaa gudunfaa) qabaachuu qaba. | 88 | √ | X |
| 10 | **Gilgaala 8** Yaada armaan gadii ka’umsa godhachuun bar-taphee jalqabame barreesuun xumuri. Itti aansuun, daree kessatti gahee taphachuun agarsiisaa. | 98 | X | √ |

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaate irraa hubatamutti, gilgaalonni, Gumee armaan gaditti kennaman ka’umsa godhachuun mata duree “Holqa Soof Umar” jedhurratti barreeffama

keeyyata sadii qabu barreessi; Gumee armaan gaditti knname fayyadamuun mata-duree "Bosona" jedhuun barreeffama dheeraa keeyyata afur qabu barreessi; Himoota gadii tartiiba yaada isaanii sirreessuun keeyyata tokkoon barreessi; fi, Fakkii gaditti dhiyaate ilaaluun waan hubatte keeyyata tokkkoon barreessi. Keeyyanni ati barreessitus caasaalee keeyyataa (hima ijoo, himoota callaafi himaa gudunfaa) qabaachuu qaba; jedhan, gilgaalota dandeettii barreessuu haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti xiyyeeffatanii dhiyaatan ta'uu ibsuudha. Gilgaalota kanneeniin alatti, kanneen hafan hunduu haala dhiyeenyaa bu'aa irratti xiyyeeffatanii kan dhiyaataniidha. Akkasumas, gilgaalota haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuu isaanii agarsiisu mallattoo √'fi kan haala dhiyeenyaa adeemsaa hintaane immoo mallattoo X' akka hintaane agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun, gilgaalota haala dhiyeenyaa bu'aa irratti xiyyeeffachuun dhiyaachuu isaanii agarsiisu, mallattoo√' fi, kan haala dhiyeenyaa bu'aa hintaane immoo mallattoo X'n addeeffameera.

Gama biraan immoo, gilgaalota dhiyaatan keessaa hammam haala dhiyeenyaa adeemsaafi bu'aa irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuu isaanii kan agarsiisu bifa dhibbentaan akka ittaanutti dhiyaataniiru. Kanarraa ka'uu, gilgaalota dandeettii barreessuu qajeelfamoota 14'n kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa tarsiimoo barreessuu adeemsaa irratti xiyyeeffatanii kan dhiyaatan, 4 (%28.57) yemmuu ta'an, tarsiimoon barreessuu bu'aa irratti xiyyeeffatanii kan dhiyaatan immoo, 10 (%71.42) akka ta'an gabateen armaan olii ni'agarsiisa.

### 4.6.1. Haala Dhiyeenyaa Adeemsaa

Gilgaalota kudhan jalatti qajeelfamoota kudha-afur kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti xiyyeeffatanii kan dhiyaatan afur qofadha. Akka sakatta'a taasifameetti, gilgaalota dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti dhiyaatan kanneen keessaa afur qofti haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuun isaanii kitaabichi haala dhiyeenyaa adeemsaaf xiyyeeffannoo gadi'aanaa ta'e akka qabu agarsiisa.

Akka (Jordan, 1997) ibsutti, haalli dhiyeenyaa adeemsaa, adeemsa barreeffa ijaaruun keessa darbu irratti hundaa'a jedha. Kanaafuu, dandeettiin kun yaadiddama ijaarsaa irratti akka xiyyeeffate agarsiisa. Kanarratti hundaa'uudhaan, gilgaalonni boqnnaa 7ffaa fuula 70, fi boqonnaa 9ffaa fuula 88, keessatti dhiyaatan, akka barattoonni mata duree tokko irratti yaada

isaanii qindeessuun keeyyata tokko barreessaniif ta’ee dhiyaateera. Gama biraan, gilgaalonni boqonnaa 2ffaa fuula 20, fi, boqonnaa 3ffaa fuula 33, irratti dhiyaatan, akka barattoonni barreeffamoota dheeraa kan keeyyata 3-4, qabu akka barreessaniif ta’ee dhiyaateera. Haalli kunimmoo, akka barattoonni yaada isaanii qindeessuun barreeffama akka ijaaraniif kan tumsu ta’uu agarsiisa.

Akka (Broadman and Frynberg, 2008) ibsanitti, kitaabni tokko yoo akka barattoonni barreeffama dheeraa keeyyata tokkoo ykn isaa ol qabu akka barreessaniif ta’ee dhiyaate, dandeettiin barreeffamaan waliigaluu barattootaa kan dagaagu ta’a. Sababni, barattoonni yeroo barreeffama dheeraa keeyyata tokko ykn lamaa ol qabu barreessuu shaakalanu, carraan dandeetticha guddifachuu isaanii nidabala waan ta’eef jedhu. Kanaaf, gilgaalonni barreeffama kaayyataa adda addaa akka barattoonni barreessaniif ta’ee kitaabicha keessatti dhiyaate, akka dandeettiin barreessuu barattootaa guddatuuf kan deeggaru ta’uu qorannichi nimul’isa.

Akka (Raimes, 1983) ibsitutti faayidaan gilgaalonni barreessuu haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti hundaa’anii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaachuun qabu, akka barattoonni gilgaalota dhiyaatan irratti hundaa’anii yaada dhuunfaa isaanii burqisiisuun dandeettii barreessuu isaanii gabbifataniif taasisa. Kana malees, dandeettiin karorsuu, wixinee barreessuufi sirreessanii barreessuu isaanii akka fooyya’u taasisa jetti. Kanaaf, gilgaalonni dandeettii barreessuu haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti hundaa’anii kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, akka dandeettiin barreessuu barattootaa gabbatuuf kan tumsu ta’uusaa qorannoon kun ni’agarsiisa.

Akka (Broadman and Frynberg, 2008) ibsanitti, haalli dhiyeenyaa barreeffama adeemsaa, adeemsa gumee fayyadamuudhaan keeyyata barreessuun keessa darburatti xiyyeeffannoo qaba jedhu. Kanarraa ka’uudhaan, gilgaalonni barreessuu, boqonnaa 2 fuula 20, keessattii fi boqonnaa 3 fuula 33, keessatti, akka barattoonni caasaalee keeyyataa irratti hundaa’anii barreessaniif akkaataan fakkeenyi itti dhiyaate tarsiimoo kana akka hammatee dhiyaate kan agarsiisuudha. Gilgaalonni kunneen bifa gumeetiin dhiyaachuun isaanii, akka barattoonni yeroo barreeffama tokko barreessanu xiyyeeffannoo itti kennuudhaan akkaataa dubbistoonnisaanii yaada isaanii hubachuu danda’anitti qindeessanii barreessuu shaakalaniif

kan deeggaru ta'uun nihubatama. Adeemsi kunimmoo, adeemsa barreeffama ijaaruuti waan ta'eef, yaadiddama ijaarsaa giddu-galeeffachuun dhiyaachuu agarsiisa.

Akka waliigalaatti, gilgaalonni barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan afur, haala dhiyeenyaa adeemsaa irratti xiyyeeffatanii kan dhiyaatan ta'uusaa gabateen olii ni'agarsiisa. Kunimmoo, akka barattootni mata duree tokkorratti barreessuudhaan dura, akkamitti akka barreessuu qabanu shaakalchiisuuf akka dhiyaate kan agarsiisu yemmuu ta'u, kaayyoon isaa, akka barattoonni barreessaa gaarii ta'aniif kan gargaaru ta'uu agarsiisa. Kanarraa ka'uun, gilgaalonni barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan akka barattoonni mata duree tokko irratti hundaa'anii adeemsota barreessuun keessa darbu: karoorsuu, yaada burqisiisuu, wixinee qopheessuu, keessa deebi`uufi gulaaluu, hordofuun barreeffama qindeessuu akka baraniif kan tumsu ta'ee dhiyaachuusaa agarsiisa.

### 4.6.2. Haala Dhiyeenyaa Bu'aa

Akkuma gagabatee armaan olii keessatti dhiyaate irraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barressuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti qajeelfamota kudha afuriin dhiyaatan keessaa kudhan, haala dhiyeenyaa bu'aa irratti xiyyeeffatanii akka dhiyaatana ni'agarsiisa.

Akka (Leki and Carson, 1994) ibsanitti, haalli dhiyeenyaa bu'aa, barattoonni fakkeenya dhiyaaterratti hundaa'anii akka barreeffama barreessan taasisuudha jedhu. Kanaan walqabatee, gilgaallonni barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, akka barattoonni fakkeenya dhiyaate ilaalanii barreeffama barreessaniif ta'ee qajeelfamni dhiyaateera. Fakkeenyaaf, gillgaalli boqonnaa 1ffaa fuula 8 keessatti dhiyaate, gilgaalli boqonnaa5ffaa fuula 53, keessatti dhiyaatee fi gilgaalli boqonnaa 6ffaa fuula 62, keessatti dhiyaatan hunduu akka barattoonni fakkeenya dhiyaate irratti hundaa'anii barreessaniif kan dhiyaate ta'uu gabateen armaan olii ni'agarsiisa.

Kanaaf, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti fakkeenya irratti hundaa'uun dhiyaatan, haala dhiyaannaa bu'aa irratti hundaa'anii akka dhiyaatan qorattuun hubatteetti. Akka boqonnaa 2ffaa, mata duree yaadiddama jedhu jalatti ibsametti,

bu'aan barreeffamaa bu'aa yaaduuti jedha. Kanaafuu, gilgaalonni kitaaba kana keessatti dhiyaatan yaadiddama sammuu bu'uureffachuun akka dhiyaatan kan hubatamuudha.

Xiyyeeffannoon haala dhiyeenyaa bu'aa inni tokko sirrummaa seerlugaati. Akka (Broadman and Frynberg, 2008) ibsanitti, gosti gilgaalotaa dandeettii barreessuu haala dhiyeenyaa bu'aa irratti xiyyeeffatu: seerluga sirriitti fayyadamuun himoota qindeessanii barreessuu, yaadota ijoo kennaman irratti hundaa'uun barreeffamoota qindaa'oo barreessuufi duraa duuba yaadaa hordofuun shaakaloota kennaman barreessuudha jedhu. kanaan walqabatee, akka mata duree *2.2.1.1.Dhiheenya Sirrummaa Barreeffamaa*, jedhu jalatti dhiyaatetti, qajeelfamoonni barattoonni yeroo barreeffama barreessanu of eeggannoo gochuu qabanu, dogoggora seerluugaafi sirna tuqaaleerraa bilisa ta'uudha. Kanarraa ka'uun, gilgaalli boqonnaa 2ffaa fuula 19, irratti dhiyaate, gilgaalli boqonnaa 4ffaa fuula 43, fi gilgaalli boqonnaa 8ffaa fuula 79, irratti dhiyaate dogoggora seerlugaa fi sirna tuqaalee giddu-galeessa godhatanii dhiyaatani. Kanaafuu, gilgaalonni kunneen haala dhiyeenyaa bu'aa irratti hundaa'anii akka dhiyaatan irraa hubatama. Kana waan ta'eef, gilgaalonni dandeettii barreessuu kunneen haala dhiyeenyaa bu'aa irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuu isaanii mul'isa.

Akka qorannoo kanarraa hubatamutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti seerlugaafi sirna tuqaalee irratti hundaa'anii dhiyaatan, akka barattoonni itti fayyadama afaanii sirrii ta'e horataniif irratti kan xiyyeeffate ta'uusaati. Akka (Broadman and Frynberg, 2008) ibsanitti, wantota hanqina dandeettii barreessuu barattootaa mul'isan keessaa isaan ijoon gahumsa itti fayyadama seerlugaafi sirna tuqalee sirrii ta'e dhabuudha jedhu. Kanaafuu, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan, rakkoo gama kanaan barattootarratti uumamuu danda'u furuuf kan gargaaru ta'uusaa mul'isa.

Haalli dhiyeenyaa bu'aa kan irratti xiyyeeffatu keessaa inni biraan, yaadota dhiyaatan ka'umsa godhachuun akka barattoonni barreessan taasisuudha, (Raimes, 1983). Kanaan walqabatee, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dhimma kanarratti kanneen xiyyeeffatan gabatee armaan olii keessatti dhiyaataniiru. Akka fakkeenyaatti, gilgaalli boqonnaa 6ffaa fuula 62, keessatti dhiyaate, gilgaalonni boqonnaa 7ffaa fuula 71 fi 72, keessatti dhiyaataniifi gilgaalli boqonnaa 10ffaa fuula 98, keessatti dhiyaatan akka barattoonni yaada wahii ka'umsa godhachuun

barreessaniif ta’ee dhiyaateera. Kunis, barreeffama qabatamaa ta’e akka ka’umsaatti fayyadamuun akka barattoonni yaada isaanii barreeffamaan ibsan ta’ee qajeelfamni gilgaalotaa akka dhiyaate gabateen armaan olii ni’agarsiisa. Kanaafuu, gilgaalonni kunneen haala dhiyeenyaa bu’aa irratti xiyyeeffatanii akka dhiyaatan agarsiisa.

Akka waliigalaatti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hedduun isaanii haala dhiyeenyaa bu’aa irratti xiyyeeffatanii akka dhiyaatan qorannichi nimul’isa. Gilgaalonni akka barattoonni fakkeenya irratti hundaa’anii barreessaniif ta’ee dhiyaate, gilgaalonni itti fayyadama seerlugaa irratti xiyyeeffatanii dhiyaatan, kanneen sirna tuqaalee irratti hundaa’anii dhiyaataniifi kanneen waan tokko akka ka’umsaatti fayyadamuun akka barattoonni barreessaniif ta’uun dhiyaatan hunduu haala dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuun irratti xiyyeeffachuun kitaabicha keessatti akka dhiyaatan mul’isa.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATA QORANNICHAA

## 5.1. Goolaba

Qorannoon kun kaayyoo irratti xiyyeeffatee dhiyaate qaba. Kaayyoon waliigalaa qorannichaa, haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa xiinxaluudha. Kaayyoleen gooree qorannichaa immoo, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan kaayyoo barnoota boqonnaan kan walsiman ta'uu ibsuu, qajeelfamoonni gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan iftoomina hammam akka qaban ibsuu, gilgaalonni barreessuu dandeettilee biro waliin hammam qindoomina akka qaban ibsuu, gilgaalonni dandettii barreessuu kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan meeshaalee qabatamoo kanneen akka: fakkii, suura, kaartaa, giraafii, gabateefi kan biroon deeggaramuun dhiyaachuusaanii adda baasuu fi gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan haala dhiyeenyaa barreessuu kamiin akka dhiyaatan ibsuudha.

Qorannoon kun, gosa qorannoo makaati. Sababni ragaan bifa lakkoofsafi jechaan waan qaacceffamee dhiyaateef. Kanarraa ka'uun, saxaxni ibsaa kan hojiirra ooleeedha. Gama biraan meeshaaleen funaansa ragaa hojiirra oole sakatta'a kitaabaati. Kitaabni barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa madda ragaa qorannichaa ture.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Bu'uura qaaccessa ragaatiin argannoon qorannoo kanaa akka armaan gadiitti adda bahee kan dhihaatedha.

- Akka argannoon qorannichaa ibsutti, gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hedduun isanii kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin walsimuun kan dhiyaatan ta'uu qorannoon kun kan addeessedha. Kunis, dibbeentaa walsimannaa isaanii yoo ilaalle %64.28 kaayyoo barnootaa boqonnaa wajjin walsimee yemmuu dhiyaatu, 21.42% immoo

kayyoo barnootaa boqonnaa waliin kan walhin simnefi %14.28 immoo kaayyoon kan hin addeeffamne ta'uu qorannoon kun addeessee jira.

- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan kanneen qajeelfamoota iftoomina qabaniifi hin qabne akka jiran qorannoo kun dhihaannaa jiru agarsiiseera.
- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dandeettii dubbachuu malee, dandeettilee biroo wajjin qindaa'uun dhiyachuu isaanii qorannoon kun ifoomseera.
- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti dhiyaatan meeshaalee qabatamoo ta'an keessaa fakkii fi, gabatee qofaan deeggaramuun akka dhiyaatan adda baasuun danda'ameera.
- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti dhiyaatan hedduun haala dhiyeenyaa bu'aa irratti xiyyeeffachuun akka dhiyatan adda baasuun danda'ameera. .

### 5.3.Yaada Furmaataa

- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessati dhiyaatan martinuu kaayyoo barnoota boqonnaa wajjin walsimuun dhiyaachuu waan qabaniifi qopheessitoonni sirna barnootichaa osoo xiyyeeffannoo itti kennani dandeettii barresssuu barattootaaf gumaacha kenna.
- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessati dhiyaatan hunduu qajeelfamni isaanii bifa iftoomina qabuun osoo dhihaatanii gahumsa dandeettii barreessuu barattootaa cimsa.
- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessati dhiyaatan hunduu, dandeettiilee afaanii hundaa wajjin qindaa'uun dhiyaachuun osoo danda'amee kaayyoo barnoota afaanii galmaan gaha. Kanaaf qopheessitoonni kitaabileefi sirna barnootaa osoo yaada kana irratti xiyyeeffannoo kennanii gariidha.
- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessati dhiyaatan meeshaalee qabatamoo ta'an ykn meeshaalee mul'ataniin akka meeshaa deeggarsaatti deeggaramuun osoo dhihaatni gaariidha.
- Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessati dhiyaatan martinuu, haala dhiyeenyaa barreessuu walsimsiisuun

dhiyeessuun barbaachisaadha. Akka waliigalaatti, qorannoon kun, ‘Haala dhiyaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa’ mata duree jedhurratti gaggeeffameera. Ta’ullee, ‘*Hariiroo gilgaalota dandeettii barreessuufi seenduubee beekumsa barattotaa kutaa 8ffaa’* kan jedhu qaawwa qorannichaa ta’uun dhiyaateera.

## Wabiilee


Abeya Temesgen et al., (2015). *Teachers' Implementation of Writing as a Process in English Classrooms:* The Case of Ghimbi Preparatory School. Sci.Technol. Arts Res. J., July-Sep 2015, 4(3): 273-278

Ashley Risinge (2013). *Teacher Reading Motivation Practices*. North Carolina Agricultural and Technical State University.

Atkins, J.et Al, (1996). *Skills Development Methodology:* Part II. Addis Ababa: Addis Ababa University Printing Press.

Budi Setyono, (2014). *Approaches in Teaching Writing Designed by High School English Teachers in Indonesia*. International Journal of Sciences: Basic and Applied Research (I SBAR) Volume 14, No 1, pp 477-494.

Bamgbose Ayo (1991). *Language and the nation*. The language question in Sub-Saharan Africa. Edinburgh: Edinburgh University Press.

Basturi Hasan, (2017). *Designing a Framework for Writing Tasks*. AKSARA Jurnal Bahasa dan Sastra Vol.18, No.1, Hal. 75 ± 83, April 2017, http://jurnal.fkip.unila.ac.id /index.php/ aksara

Batstone, R.(1994). *Grammar*. Oxford: Oxford University Press.

Bettinger, J. et al. (1993). *Development video: The Art of Teaching ESL. Learners Guide.* Massachuesetts: Addison Wesley Publishing Company.

Brian Paltridge and Sue Starfield, (2007). *Thesis and Dissertation Writing in a Second Language.* A handbook for supervisors. Routledge

Broadman, A. and Frynberg, J. (2008). *Writing to communicate: Paragraph and essay, 3rd ed.* USA. Person Longman press.

Byrene, D. (1988). *Teaching Writing Skills*. Hong Kong: Long Man Group (FE) Ltd.

Creswel. J, (2011). *Educational Research. Planning, Conducting, And Evaluating Research* . 4th edition. Newyork.Sage Publication.

Cunningworth, A. (1984). *Evaluating and Selecting EFL Teaching Materials*. Oxford: Heinemanna.

Dawson, C. (2002). *Practical Research Methods: A User-friendly Guide to Mastering Research Techniques and Projects*. Oxford: How To Books Ltd.

Deane, P. (2018). *The Challenges of Writing in School:* Conceptualizing Writing Development Within a Socio cognitive Framework. Educational Psychologist, 53(4), 280-300. doi: 10.1080/00461520.2018.1513844

Diyah Listiyani, (2009). *An Analysis On Writing Exercises Of Junior High School* Book ”Communicative & Interactive English”For The Year Viii Of Junior High School. Published By Yrama Widya.

Ellis, R., (1997). *The Emprical Evaluation of Language Teaching Materials*.ELT Journal,51 (1),36-42.Hindenburg. University Press.

Ellis, R., (2003). *Input-based approaches to teaching Grammar*: A review of class room oriented Emelie Ahlsén and Nathalie Lundh (2007).*Teaching Writing in Theory and Practice*. A Study of Ways of Working with Writing in the 9th Grade.

Eon-sung Na and Hye-won Lee, (2019). *The Analysis of Writing Tasks in High School English Textbooks: A Process-Genre Based Approach*. *English Teaching,* Vol. 74, No. 4, Winter 2019 DOI: 10.15858/engtea.74.4.201912.105.

Flower Linda and John Hayes (1981). *A cognitive process theory of writing*. College Composition and Communication, Vol. 32, 365- 387. National Council of Teachers of English. *Retrieved August 20, 2011 from* http://kdevries.net/ teaching/ /wpcontent /uploads /2009/ 01/flower-hayes-81.pdf.

Grant, N, (1987). *Making The Most of Your Book*. London: Long man Inc.

Glencoe, (2001). *Writer's choice*: *Grammar and Composition (vol.2). Texas:* Glencoe McGraw Hill Companies Inc.

Harmer, J. (1991). *The practice of English language teaching*. (*New Ed.).* Newyork: Longman Group UK Ltd

Hedge, T. (1988). *Writing.* Oxford: Oxford University Press.

Hinkel (2006). *Current Perispectives on Teaching the Four Skills*. TESOL Quarterly, 40 (1), 109-131

Hinkel, (2004). *Teaching Academic ESL Writing Practical Techniques in Vocabulary and Grammar*. Seattle University

Hyland, K. (2003). *Second language writing.* Cambridge: Cambridge University Press.

Ifaa Milkeessaa, (2020). *Xiinxala Yaadayoo Dalagaalee Barreessuu Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa*. Qorannoo Digirii 2ffaa. Kan hinmaxxanfain. Yuunivarsiitii Haroomaayaa.

Jenny Cole & Jay Feng. (2015). *Effective Strategies for Improving Writing Skills of Elementary English Language Learners*. Chinese American Educational Research and Development Association Annual Conference April 15-16, in Chicago, IL

Jordan, R. (1997). *English for academic purposes*. Cambridge: Cambridge University Press.

Keh, C. (1990). *Feedback in the writing process: Amodel and methods for implemention.* ELT Journal. 44/4, Pp. 294-304.

Knox, J. and Burns, A. (2005). *Realization(s): systemic functional linguistics and the Language classroom in Bartles, N. (ed.) Educational Linguistics,*Vol. 4, Spencer Science Business  Midia Inc.

Kothari, C.R. (2004). *Research Methodology*. Methods and Techniques, (edt), India: New Age International Ltd.

Langan, J. (2010). *Exploring writing; sentences and paragraphs*, 2nd edition: Atlantic Cape Community College

Leki, I.. and Carson, J,G. (1994). *Students' Perceptions of EAP Writing Instruction and Writing Needs Across the Disciplines.* TE SOL Quarterly. (28)1.

Louis. C. Kieth. M. (2007). *Research Methods In Eduation*. Lough borough University. Uk. Tylor And Frances e-Library press.

Mc Donough, J and Shaw, C. (1993). *Materials and Methods in English Language Teaching.* Oxford: Blackwell Publishers Ltd

Mursal, Syahrul R. (2018). *Development Of Writing Learning Model Using Process Approach In Class III Elementary School*. *Advances in Social Science, Education and Humanities Research, volume 263*. International Conference on Language, Literature, and Education (ICLLE 2018.

Nigel Harwood, (2014). *English Language Teaching Textbooks Content, Consumption, Production*. English Language Teaching Materials: Theory and Practice. Department of Language and Linguistics, University of Essex, UK

Nunan D. (1989) *Designing Tasks For The Communicative Class Room*. Cambridge: Cambrige. Oxford University Press.

Pincas, A. (1982a). *Teaching English Writing*. London: Macmillan.

Raimes, A. (1983). *Techniques in teaching writing*. Oxford University Press

Richards, J .C. (2001). *Curriculum Development In Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

R. Johnson, (2012). *Improve Your Writing Skills*. Guidance Note For Students. Clifton Press.

Samia Zerin, (2007). *Teaching Writing to Young Learners*. In Partial Fulfillment of the Requirements for the Degree Of Bachelor of Arts in English . BRAC University.

Sarwat et al. (2021). *Problems and Factors affecting students English writing skills at elementary level.* xIlkogretim Online - Elementary Education Online,2021; Vol 20 (Issue 5): pp.3079-3086 http://ilkogretim-online.orgdoi:10.17051 /ilkonline..05.332.

Scott McLean, (2012). *Successful Writing. V.10*. (http://2012books.lardbucket.org/). You

Sulxaan Qaasim, (2009). *Sakatta`a Dhihaannaafi Ga`umsa Gilgaalota Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Gama Dandeettii Barreessuutiin*. Waraqaa Qorannoo. Yuunivarsiitiifinfinnee.

Stern, H.H. (1983). *Fundamental Concepts of Language Teaching.* Oxford: Oxford University Press

Tariku Mersiehazen, (2013). *An Evaluation of the Writing Tasks and their Implementation: The Case of Grade 11 English Textbook.* MA TEF. A. A. U. Unpublished.

T. Silva, (1990). *Second Language Instruction*: *Developments, Issues and directions in ESL .In B, Kroll (Ed.) Second Language Writing: Research insights for the classroom*. Cambridge: Cambridge University Press,

Ur.P. (1988). *Grammar Practice Activities. A practical Guide for Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.

Victor .D. (2009). *Research design and method for studing cultures*. NewYork;Altamir Press

White, R.V. (1988). *Teaching written English*. London: Heineman Educational Books Ltd

Widdoson, M.G. (1985). *Teaching Language as Communication.* Oxford: Oxford University Press.

W. Akmam Din et al, (2021). *The Process Approach To The Teaching Of Writing: Focus On Process Rather Than Product*. Journal Of Information System And Technology Management (Jism). www.jistm.com.

Yasmine Liong Pui Kwan Abdullah & Melor Md Yunus, (2019). *The Use of Pictures in Improving Students' Writing*. Modern Journal of Language Teaching Methods (MJLTM) ISSN: 2251-6204. www.mjltm.org.

## Dabaleewwan

**Cheekliistii Sakatta’a Gilgaalota Dandeettii Barreessuu Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa Irratti Xiyyeeffachuun Sakatta’ame Agarsiisu**

1. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hammamtu kaayyoo barnoota boqonnaan walsimu?*
2. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hammamtu kaayyoo barnoota boqonnaan walhinsimne?*
3. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hammamtu qajeelfama iftoomina qabu qaban?*
4. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan hammamtu qajeelfama iftoomina hinqabne qabu?*
5. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dandeettilee kamii wajjin qindoomina qabu?*
6. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dandeettilee kamii wajjin qindoomina hinqabne?*
7. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan meeshaalee qabatamoo kamiin deeggaramuun dhiyaatan?*
8. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan meeshaalee qabatamoo kamiin osoo hindeeggaramin dhiyaatan?*
9. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan haala dhiyeenyaa kam irratti baay’inaan xiyyeeffatanii dhiyaatan?*

10. *Gilgaalonni dandeettii barreessuu kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan haala dhiyeenyaa kam irratti osoo baay'inaan hinxiyyeeffatin dhiyaatan?*